Barnoota Afaan Oromoo
Qajeelcha Barsiisaa
Kutaa 7ffaa

Qopheessitoonni :

Asteer Ammanuu Afawarqi (BA)

Darajjee Xaafaa Badhaanee (MA)

Taaddalaa Asaffaa Tulluu(MA)

Gulaaltonnii

Tamasgeen Tuulii Alabee(MA)

Tashoomaa Qanaasaa Tolasaa(MA)

Madaaltuun:

Yewubdaar Ayyaaleew (MA)

Qindeessaa: Roobii Waamii(MA)

Giraafiksii: Kolleejjii Pooliteeknikaa Inxooxoo

BIIROO BARNOOTAA BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEE

2014/2022

Galata

Qophii Kitaaba Barnoota kana jalqaba irra kaasee bifa adda ta'een fi fakkeenyummaa qabuun akka hojjatamu muuxxanoo fi gahumsaa geggessummaa olaanaa qabaniin yaada marii burqisiisuu, yaada fooyyaa'a qophii kana milkeessu dhiyeessuun yeeroo jalqabaatiif akka Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti kitaabni barnoota barsiisotaan akka qophaa'u murteessuu, baajeta eeyyamsiisuu fi naamusa gaariidhan hogganamee akka xummuraaf gahu kan taasisan Hogganaa Biiroo Barnootaa Bulchiisa Magaalaa Finfinnee *Dr. Zalaalam Mulaatuu* galata guddatu isaaniif mala.

Hojiin keenya akka milkaa'uuf Yeeroo hundumaa hoggansa kennuu, rakkoowwan numudatan battalatti furuu, raawwii qophii kitaabaa hordofuu fi gamaaggamuun nu jajjabeessaa kan turan Itti Aanaa Hogganaa Biiroo Barnootaa fi geggeessan Sirna Barnootaa *Obbo Adimaasuu Dachaasaa*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Saamson Mallasee*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Daanyoo Gabruu* I/G/Waajjira Biiroo *Obbo Sisaay Indaalee*, Goristuu waliigalaa Hogganaa Biiroo *Addee Abbabach Nagaash* fi Gorsaa Teekinikaa *Obboo Dasitaa Marishaa* gahee ijoo ta'ee ba'achuun xiyyeefanno hojichaaf kennanii nu bira dhabbachuun nu jajjabeessa fi rakkoof furmaataa kenna waan turaniif galatatu isaaniif mala.

Dhuma irratti qophii kitaaba barataa fi qajeelcha barsisaa jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisuu gochuun hojiin kana caalu hin jiru jechuun milkaa'ina agrame kan tumsan *Hooggantoota mana barumsaa* galata qabdu.

Qopheessitoota Kitaabaa

BAAFATA

BOQONNAA FUULA

BOQONNAA TOKKO: UUMAMA DINQISIIFACHUU.....1

BOQONNAA LAMA: KAROORA MAATII…….....15

BOQONNAA SADII: TOLA OOLTUMMAA …….....30

BOQONNAA AFUR: SEENAA NAMOOTA BEEKAMOO.....44

BOQONNAA SHAN: BISHAANIIFI FAAYIDAA ISAA…….....58

BOQONNAA JA'A: DADDABARSA DHALA NAMAA….....72

BOQONNAA TORBA: HARIIROO HAWAASAA…….....87

BOQONNAASADDEET:ARAADA…….....100

BOQONNAA SAGAL: JAALALA BIYYAA….....116

BOQONNAA KUDHAN: WALALOO….....131

BOQONNAA TOKKO

UUMAMA DINQISIIFACHUU (WAYITII 9)

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni dandeettii dubbisuu gabbifatu. Akkasumas, fakkii ilaaluun dandeettii yaadaafi keeyyata qindeessanii barreessuu nigonfatu. Caasaa bu'uura afaan dhaloota isaanii adda baasu. Hiika jechootaa akkaataa galumsa isaaniitiin kaa'uuf jechootatti fayyadamuu danda'u.

Walumaagalatti, barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu,dubbachuu,dubbisuufi barreessuu faá gonfatu.

1. **Kaayyoo: Xumura Boqonnaa Kanaatti:**

- ► ✧ Yaada namoota biroo miira guutuun dhaggeeffatu.
- ► ✧ Haala wal fakkaatan keessatti afaan fudhatama qabutti gargaaramuun dhimma bahu. .
- ► ✧ Sirrummaan dubbisuu isaanii dabalaa deemuun afee/dubbisa baratamuufi hinbaratamin suuta dubbisu.
- ► ✧ Yaadota walfakkaatan sakattaúun Keeyyata tokko barreessu.
- ► ✧ Hiika jechoota baratamoo kennu.
- ► ✧ Caasaa bu'uura afaan dhalootaa isaanii adda baasu.

2. **Qabiyyee**

- ► Yaada namoota biroo dhaggeeffachuu
- ► Yiika uumamaa ibsu/mari'achuu.
- ► Yfee/dubbisa dheeraa dubbisuu
- ► Yumama dinqisiifachuu.
- ► Yeeyyata barreessuu

- ► Fayyadama jechootaa
- ► F aasaa bu'uura afaan dhalootaa

3.Mala baruu-barsiisuu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa qabiyyee barattoonni barachuuf jiran waan isaan beekan wajjin walqabsiisuufi. Kanaafuu, kanatu sirriidha; kun immoo dogoggora osoo hinjedhin barattoonni waan isaanitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii mamii malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu yaali. Kana gochuun akka ogummaa dubbachuufi ija jabina horatan taasisa. Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf, jechoota hubannoo barattootaa gadi buusuu danda'u jettu hiika isaa itti himi.

Deebii 'B'

1. Ajaa'íbsiifatamu/maalalchiifatamu
2. faayidaa
3. eegumsa gochuu

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Shaakala kana jalatti barattoonni gaaffiiwwan kitaaba barattootaa keessatti Gilgaala 2A jala jiru akka barreeffatan taasisi. Mata-duree akka dhaggeeffataniif qophaa'e kan 'Faayidaa Laga Abbayyaa' jedhu, gabatee irratti barreessi. Barreeffamicha 'Faayidaa Laga Abbayyaa 'jedhu si'a tokko yookiin lama irra deebi'ii dubbisiif. Sana booda barreeffama ati dubbistuuf dhaggeeffachaa bakka duwwaa isaaniif kenname akka guutan godhi. Dhumarratti, deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti agarsiisuun akka isaan of madaalan erga gootee booda dareef haadhiyeessan.

Deebii Gilgaala 2

1. humna ibsaaf,bashannanaaf, qonna jallisiif
2. addunyaalessummaa

3. uumama
4. mukkeen, sulula
5. Abbayyaa

Faayidaa Laga Abbayyaa

Lagni Abbayyaa faayidaa hedduu qaba.Faayidaawwan kanneen keessaa:humna ibsaa maddisiisuuf, qonna jallisiitiif, bashannanaafi geejjibaaf tajaajila guddaa kan kennudha.

Lagni Abbayyaa qabeenya uumamaa Itoophiyaan qabdu keessaa isa tokko. Biyyi tokko ammoo qabeenya uumamaa kanneen akka :biyyee,bishaaniifi albuudota garaagaraa qabdutti fayyadamuudhaan jireenya uummata ishee fooyyessuuf mirga addunyaalessummaa tumame argachuun mirga qabiyyee isheeti.

Lagni Abbayyaa uumama isaatiin kan baay'ee nama hawwatu bishaan tabba irraa gadi fincaa'u, mukkeen uumamaan naannoo isaa marsanii argaman,sulula inni keessa yaa'u fa'aa.

Kanaafuu, uumama dinqisiisaa Itoophiyaan qabdu kun tajaajila muraasa kennaa yoo ture iyyuu, fuulduratti qabeenya uumamaan jiru kana misoomaaf itti fayyadamaa kunuunsuun dirqama ta'a.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gulantaa kun barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu wanta qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an bakka itti taasistudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjechiisi. Gaaffiiwwan gilgaala kana jala jiran deebii tokko qofa hinqaban. Iddoon kun iddoo yaanni dhuunfaan itti calaqqisu waan ta'eef, barattoonni tokko tokkoon gaaffiiwwaniif akka yaada mataa isaanii calaqqisiisan taasisuun xumura irratti yaada waliigalaa ta'e tokko kenniif.

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Kaayyoon guddaan dubbisa kanaa barattoonni muuxannoo isaanii gara

mata-duree dubbisichaatti akka fidan gochuudha. Kana gochuuf immoo kitaaba barattootaa keessatti gilgaalonni gaaffiiwwan gareedhaan mari'atanii akka dareedhaaf gabaasan taasisu kennamee jira. Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-2 dhiyaatan haalaan irratti mari'achiisi. Deebiin barattootaa kan kallattii adda addaa ta'uu mala. Kan eegamus barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha. Yaanni kanaan gaditti ka'es deebii barattoonni kennan keessaa tokko ta'uu

Deebii 'B'

α. Maqaa baasuu
β. Keessa darbuu
χ. Addaa addaa

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Shaakalli gulantaa kanaa kanneen biroorraa yaada dubbisichaa hubachuurratti gahee guddaa qaba. Kaayyoon isaa inni guddaanis, akka barattoonni callisaafi saffisaan dubbisuun ogummaa dubbisuu isaanii gabbifatan taasisuudha. Kanaafuu, gaaffiiwwan ogummaa kana isaan gonfachiisan kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatanii jiru. Dubbisichi yeroo lama geggeeffama. Yeroo jalqabaa gaaffiiwwan yaada dimshaashaa dubbisichaa argachuuf isaan kakaasan, kan keeyyata seensaafi keeyyata goolabaa qofa ijaan butuun deebisantu gilgaala 5(A)

jalatti dhiyaatan. Kanaafuu, akka barattoonni kee keeyyattoota kana dubbisuun yaada dimshaashaa argatan taasisi.

Deebii Gilgaala 5(A)

1. Keeyyata sadii
2. Keeyyata 1ffaa
3. Laga Daabbus, Laga Dhidheessaa, Laga Fincaa'aa, Laga Gudar, Laga Mogor, Laga Jamaa

Deebii (B)

1. Qabeenya uumamaatti seeraan fayyadamuu

2. Laga Abbayyaa
3. Uumama waa'ee laga Abbayyaa dinqisiifachuu

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Deebii Gilgaala 6

Deebii(A)

1. Humna ibsaa maddisiisa, tajaajila qonnaa jallisii, geejjibaaf, bashannanaaf
2. Madda galii biyyattiiti, waliigaltee biyyoota alaa waliin cimsuuf

Deebii(3) jalatti yaanni tokko qofti hinka' u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni ibsan jajjabeessuudha. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

(B)

As jalatti barattoonni dandeettii dubbachuufi barreessuu isaanii cimsachuuf waan ta'eef, mata dureewwan isaanii kenname irratti mari'atanii akka dareef ibsan taasisi.

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala keeyyata Barreessuu

Gilgaala 7ffaaf fakkiilee isaaniif kenname ilaaluun keeyyata akka barreessan godhi. Akkasumas, gilgaalli 7ffaa (2)f mata-dureewwan dhiyaatan irratti hundaa'uun keeyyata gahaa ta'e tokko akka barreessan taasisi.

Yaadannoo

Keeyyata Barreessuu

Keeyyata jechuun gurmuu himootaa irraa kan qindaa'u qaama barreeffamaa isa xiqqaa yaada tokko qofa dabarsudha. Keeyyanni tokko hima ijoo,himoota callaa/gargaartuufi hima goolabaa of keessaa qaba. Keeyyanni tokko hima ijoo tokko kan qabu yoo ta'u ,himni ijoo kunis keeyyata keessatti bakka afuritti argama. Isaanis: jalqaba keeyyataa, jidduu keeyyataa, xumura keeyyataa, jalqabaafi xumura keeyyataa irratti argamuu danda'a.

Keeyyata barreessuun adeemsa hordofamuu qabutu jira. Kunis, mata-duree irratti barreeffamu, hima ijoo murtaawaa ta'e tokko qabaachuu, dabalataanis, qabxiiwwan hima ijoo deeggaran kaawwachuun murteessoodha. Dhumarratti,

yaadolee hima ijoo deeggaraniifi yaada goolabaa kaa'uudhaan barreessuudha.

Fakkeenya:

Uumamni waan nama malaalfachiisu hedduu qaba.Fakkeenyaaf, yoo arba fudhanne akkuma dhala namaatti walitti maramuun nagaa walgaafata.Yeroo lama ta'anii walitti dhufan kumbii isaanii walitti maranii walsimatu ;yoo du'anis akkuma namaa waliif boo'u;walis awwwaalu. Akkuma namni bishaan waraabbatu, isaanis kumbii isaaniitti bishaan waraabbatu.Walumaa galatti, uumamni arbaa uumama dhala namaa wajjin kan walfakkaatudha.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa
Gilgaala 8:

Kaayyoon shaakala kanaa, barattoonni haala fayyadama jechootaa hubannoo akka cimsatan gochuuf waan ta'eef, deebii isaanii akka dhiyeessan gochuun sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Deebii Gilgaala 8

1.G
2. F
3. E
4. D
5. H
6. I
7. J
8. B
9. A
10. C

Deebii Gilgaala 9

1.moggaas
2. seenuun
3. daangaa
4. tajaajila
5. hedduu
6. uummata
7. dinqisiifachuun
8. qunnamtii
9. makamuu
10. tumame

Deebii Gilgaala 10.(A)

1.A
2. B
3. B

4.C

5. D

Deebii Gilgaala 11

1. Nyaachuu,qopheessuu
2. Moggaasuu
3. Uffachuu,miiccuu,bitachuu
4. Dhuguu,dhaabuu
5. Dubbisuu,barreessuu
6. Filachuu,dhahachuu
7. Kaawwachuu,bitachuu,qulqulleessuu
8. Waraabuu,dhuguu
9. Ijaaruu
10. Tolchuu, nyaachuu

Barannoo Shan:Caasluga

Gilgaala 12:

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni waa'ee caasaa bu'uura afaan dhalootaa isaanii irratti hubannoo akka cimsatan gochuuf waan ta'eef, deebii isaanii akka dhiyeessan gochuun sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.

(A)

1. –dd—baddaa,adda
2. –ss-keessa,walakeessa
3. –qq-buqqee,dhoqqee
4. –rr-jaarraa,warra
5. -tt- bittaa,buttaa
6. –bb- tabba, gubbaa
7. –ff- barreeffama,irreeffannaa
8. –nn-amaleeffannaa,hanna
9. -yy-biyya, iyya
10. -gg- waggaa,mogga

Deebii (B)

1. –mn-gamna,humna
2. –lm-silmii,ilma
3. –lb-jilba,talbaa
4. –ms-barumsa,eegumsa
5. –lch-ilaalcha,gingilchaa
6. –rg-marga,irga
7. –bd-abdii,qabdii
8. –rb-durba,gurbaa
9. –bs- cabse,dabse
10. –rq- marqaa, harqaa

(C)

Barattoonni dandeettii barreessuu akka gonfataniif jecha,sagaleewwan gabaabaa, sagalee dheeraa, sagalee laafaafi sagalee jabaa akka shakalaniif jecha jechoota sagaleewwan olitti eeramanii barreessanii akka dhiyeessan taasisi. Sana booda duubdeebii kenniif

Gilgaala 13A)

a. ta'e
b. bu'e
c. mil'ate
d. ka'uu
e. daa'ima
f. bal'inaan

Deebii (B)

1. ka'e
2. saaman
3. bu'aa
4. baay'ee
5. taa'ee
6. taa'u
7. fixe
8. ba'u
9. badaa
10. Madda
11. jiruu
12. Darsa
13. Faallaa
14. Oromoo
15. nyaata

(C)

1. B
2. C
3. A
4. B
5. C
6. B
7. C
8. B
9. A
10. C

Yaadannoo Caaslugaa

Afaan kamiyyuu seera mataa isaa qaba. Haaluma kanaan, Afaan Oromoos, seera mataa isaa qaba. Seerota kana keessaa inni jalqabaa ijaarsa sagaleewwaniiti.

1. Jechootaa Sagalee Dheeraafi Gabaabaa

Jechi tokko sagalee dheeraa yookiin sagalee gabaabaa akka qabaatu kan taasisu dubbachiiftuudha. Dubbachiistuun gosa tokkoo jecha keessatti lama ta'ee walfaana yoo barreeffame jechi sun sagaleen isaa akka dheeratu taasisa. Haaluma kanaan, dubbachiistuun gosa tokkoo tokko ta'ee yoo barraa'e ammo jechi sun sagalee gabaabaa akka qabaatu taasisa.

Jechoota Sagalee Gabaabaa irraa Uumaman

T/L	Sagalee gabaabaa	Sagalee gabaabaa	Jecha uumame
1	La	Fa	Lafa
2	O	Na	Ona
3	I	Ja	Ija
4	La	Ga	Laga
5	La	Ma	Lama
6	Bu	Te	Bute

Jechoota Sagalee Dheeraa irraa Uumaman

T/L	Sagalee dheeraa	Sagalee dheeraa	Jecha uumame
1	Laa	Faa	Laafaa
2	Laa	Gaa	Laagaa
3	Moo	Naa	Moonaa
4	Dhee	Raa	Dheeraa

2. Jechoota Sagalee Jabaafi Laafaa

Jechi tokko sagalee jabaafi sagalee laafaa akka qabaatu kan taasisu dubbifamaadha. Dubbifamaan gosa tokkoo jecha keessatti lama ta'ee yoo barreeffame jechi sun sagalee jabaa kan qabudha. dubbifamaan gosa tokkoo tokko ta'ee jecha keessatti yoo barreeffame jechi sun sagalee laafaa akka qabaatu taasisa.

Sagalee Laafaa

Sagaloonni gosa kanaa jecha barreeffamu tokko keessatti dubbifamaan tokko qofa gidduu jecha barreeffamu sanaatti argamu kanneen uumamanidha.

Fkn: Lafa	laafaa	qofa	Bara
Laga	laagaa	jara	

Sagalee Jabaa

Sagaloonni gosa kanaa wayita jecha barreffamu tokko keessatti dubbifamaan wal-fakkaatu/gosa tokkoo lama ta'ee walitti aanee dhufuun kanneen uumamanidha.

Fkn: adda	aannan
abbaa	jallaa
damma	gowwaa

Irrabutaa

Sagaleen gosa kanaa kan uumamu jecha tokko keessati dubbifamaan gosa adda addaa lama walitti aanee osoo dubbachiiftuun gidduu hinseeniin walakkaa jechaatti wayita argamanidha.

Fkn: abdii (bd)	bulchaa (lch)	birbirsoo
abjuu (bj)	dhorkaa (rk)	birbirsa
dafqa (fq)	balfaa (lf)	
salphina (lph)	dimshaasha (msh)	

» Sagaleen dubbifamaan lama walitti aanee jalqaba jechaarraas ta'u xumura jechaarra galuu

Gaaffilee Keessa Deebii

1. **Jechoota sagalee laafaa qaban gara sagalee jabaatti jijjiiruun barreessi.**
   A. Heduu
   B. Haaduu
   C. Hatuu
   D. Samuu
   E. Sodaa
   F. Dame
   G. Hare
2. Jechoota sagalee gabaabaa qaban gara sagalee dheeraatti jijjiirii barreessi.
   A. Lafa
   B. Bona
   C. Laga
   D. Rafu
   E. Mala
   F. Qore
   G. Ana
3. Jechoota armaan gadii keessaa bakka irra butni jiru baasii barreessi.

A. Galma	F. Marga
B. Ganda	G. Sarde
C. Gaangee	H. Hundee
D. Turtii	I. Birbirsa
E. Warshaa	J. simbira

4. **Sagalee irra butaa armaan gadiitiin jecha lama lama barreessi.**

A. –rk-	F. –rb-
B. –kt-	G. –lg-
C. –lq-	H. –mn-
D. –nf-	I. –mb-
E. Lph-	J. –mb-

6. Madaallii:

Dhaggeeffachuufi dubbachuu

Shaakala Dhaggeeffachuu

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha.

Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan

dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha.

6.1. Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeeffachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fiddudha.

Dhaggeeffachuufi dubbachuun shaakala dhaggeeffachuun duraa keessatti kan madaalamudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fiddudha.

Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

• Barruu qophaa'e si'a lama ykn si'a sadii dubbisiif.

• Sagalee giddugaleessa ta'een barattoonni hundi akka dhaga'anitti dubbisiif.

Barreeffama "Daraartuu Tulluu" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.

Barreeffamicha si'a lamaa sadii irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

Gilgaala 6 jalatti gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni wanta dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa bira deemanii argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hundaa dareef yaa gabaasan.

Dhaggeeffachuun Booda

• Gilgaalota dhiyaatan shaakalchiisi.

• Hordoffii walitti fufiinsa qabu taasisi.

• Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaagabbisan shaakalchiisi.

Afee/dubbisa "faayidaa laga Abbayyaa jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.

Barreeffamicha si'a lamaa sadii irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala 2 jalatti

kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni wanta dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hundaa dareef haa gabaasan.

6.3.. Dubbisuufi Dhubbachuu

Dubbisa dura

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi.

Yeroo Dubbisuu

Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

Dubbisa Booda

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

6.4.Barattoonni jechoota baratamoofi haaraa baratan adda baafachuu isaanii dubbisa keessaa gaafachuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisi.

6.5. Barreessuu.

Barattoonni keeyyata gahaa ta'eefi hima ijoo qabu tokko mata duree isaaniif kenname irratti barreessanii dareef akka dhiyeessan godhi. Yeroo kana akkaataa isaan keeyyata itti ijaaran hordofuun sirreessiif.

6.6. Barattoonni

waa'ee bu'uura caasaa afaan dhaloota isaanii akka irratti mari'atan taasisi.

BOQONNAA LAMA: KAROORA MAATII (WAYITII 9)

Dheerina Wayitii:40'

Seensa

Boqonnaa kana keessatti, barattoonni fakkii dubbisuun dandeettii yaadaafi keeyyata qindeessanii barreessuu nigonfatu. Kunis, dandeettii keeyyata taatee waan tokkoo seenessuufi keeyyata odeeffannoo ibsu berreessuufi himoota ijaaruu nigabbifatu. Caasaa bu'uura afaan dhaloota isaanii adda baasu. Hiika jechootaa akkaataa galumsa isaaniitiin kaa'uuf jechootatti fayyadamuu nigonfatu.

Walumaagalatti, barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu,dubbachuu,dubbisuufi barreessuu fa'a gonfatu.

1. **Kaayyoo: Xumura Boqonnaa kanaatti:**

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaatee sirriitti dhaggeeffatu.
- Tartiibaan ta'ii/taatee salphaa tokkoo seenessu.
- Fakkiilee dubbisuun ibsu.
- Barruu odeeffannoo ibsu tokko keeyyata sadiin ijaaru.
- Caasaa bu'uura afaaniitti gargaaramuudhaan himoota barreessu/ijaaru.

2. **Qabiyyee:**

- Dhaggeeffachuu
- Mari'achuu
- Taatee/ta'ii seenessuu
- Falmii geggeessuu
- Fakkiilee dubbisuu
- Keeyyata ibsaafi hima ijoo
- Hiika jechootaa
- Hennaa ammeennaa

3.Mala baruu-barsiisuu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa kun qabiyyee barattoonni barachuuf jiran wanta isaan beekan wajjin walqabsiisuuf. Kanaafuu, barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu, gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii mamii malee akka ibsan jajjabeessuu yaali. Kana gochuun ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu akka horatan taasisa. Kana booda, qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Deebii (A)

1. Faayidaa
2. hawaasa
3. wabii
4. kunuunsi,xiinsammuu,ijaarsa
5. Qaamaan dadhaboofi sammuun harkifatoo/dadhaboo
6. Daa'immaniifis,fayyaa,jireenya

Barsiisaa/tuu shaakala dhaggeeffachuun duraa jalatti barattoonni kee beekumsa waa'ee karoora maatii qaban irratti kakaasuun gara "Faayidaa Karoora maatii," jedhuutti yaada isaanii qajeelchitee jirta. Akkasumas, barreeffama mata duricha jalatti dhiyaate barattoota keetiif dubbista. Kaayyoon sadarkaa dhaggeeffachuu kun akka barattoonni ogummaa waan dhaggeeffatan irraa odeeffannoo baafachuu, yaadannoo qabachuu gonfatan taasisuudha. Kanaafuu, dhaggeeffachaa akka guutaniif, barreeffama kanaan gaditti dhiyaate si'a sadi dubbisiif. Dursa,ariitiidhaan dubbisuun akka isaan callisaanii dhaggeeffatan taasisi. Si'a lammaffaatti immoo, bakka duwwaa qophaa'e guutaa akka dhaggeeffataniif suuta dubbisiif. Sadaffaarratti waan guutan mirkaneeffachuuf akka dhaggeeffatan taasisi.

Faayidaa Karooraa Maatii

Karoorri maatii faayidaa hedduu qaba. Karoorri kun hawwootaaf, daa'immaniif,maatii waliigalaafi akkasumas, guddina hawaasummaaf bu'aa guddaa

kenna. Bu'aan inni kennus, rakkina garaa garaa hawaasa keessatti mul'atu hambisuuf yookiin xiqqeessuuf karaa baay'ee hubatama. Haaluma kanaan, karoora maatiitti fayyadamuun dahumsa sagantaa maleef furmaata ta'a. Daa'imman sagantaadhaan dhalataniifis wabii guddina isaaniiti. Karaa biraatiin immoo, daa'imman dhalatan kunuunsa barbaadu.

Kunuunsi daa'ima sanaaf godhamu xiinsammuufi ijaarsi qaama daa'ima sanaa madaalamaafi fayyaa guutuu taasisa. Daa'imman kunuunsa haadhaa hinarganne qaama laafoofi sammuun harkifatoo ta'u.

Kana waan ta'eef, karoora maatii haalaan fayyadamuudhaan dahumsa gargar fageessuudhaan guddina daa'immaniitiifis ta'ee, fayyaa fi jireenya isaaniitiif abdii ta'a.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni odeeffannoo barreeffamicharraa argataniifi beekumsa isaanii waliigalaa walitti fiduun hubannoo isaanii akka cimsatan gochuuf waan ta'eef, gilgaala isaanii bal'inaan akka ibsatan jajjabeessi.

Deebii(A)

1. Maatii, biyya
2. Quucaruu qaamaa,gammachuu dhabuu,dhukkubaaf saaxilamuu
3. barumsa ishee addaan kutuu, maatii irratti ba'aa ta'uu rakkoo sammuutiif kan saaxilamuu lubbuu ishee dhabuu fa'adha.

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Kaayyoon guddaan dubbisa kanaa akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata duree dubbisichaatti fidan gochuudha. Kana gochuuf, immoo kitaaba barattootaa keessatti gilgaalotaafi gaaffiiwwan gareedhaan mari'atanii akka dareedhaaf gabaasan taasisu kennamee jira. Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-2 dhiyaatan haalaan irratti mari'achiisi. Deebiin barattootaa kan kallatti adda addaa ta'uu mala. Kan eegamus barattoonni akka kallatti addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha. Yaanni kanaan gaditti ka'es deebii barattoonni kennan keessaa tokko ta'uu danda'a.

(B)

a. geessuu

b. eeguu

c. muruu

d. guduunfuu

e. tarsaasuu

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Deebii(A)

1. Soba
2. Dhugaa
3. Soba
4. Soba
5. Dhugaa
6. Dhugaa
7. Soba
8. Dhugaa
9. Dhugaa
10. Soba

(B)

1. B
2. A
3. C
4. D
5. B
6. C
7. C

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

(A)

1. Osoo hin baay'isin
2. Fayyadamuu
3. Hiruun
4. Malli kun
5. Eegumsa
6. Gahee
7. Yeroo dhiyoo/yeroo murtaa'e
8. Ariifachiisuu
9. Keemikaala,qoricha,lilmoofi baqaqsanii yaaluu
10. Guduunfuu

Deebii(B)

1. Guddina dinagdee,Fayyummaa.
2. Maatii karoora hinqabne ni miidha;biyya miidha;dinagdee miidha.
3. Dafanii dafanii walirratti dahuu.
4. Qabeenya maatii waliin wal madaalu yoo dhabame
5. Maatiin karoora fayyadaman haalli maatiifi qabeenyi isaanii walgituu danda'a. Maatiin isaaniis daa'imman isaanii kunuunsanii guddisuu danda'an yoo ta'u, maatiin karoora hinqabnee immoo faallaa warra karooora maatiitti seeraan fayyadamaniiti.

'C' Gaaffiiwwan kennaman keessaa tokko filatanii seera falmii eeganii akka walfalman taasisi.

Keeyyata Ibsaa 1.

a. Tartiiba armaan gadii yoo hordofte buna danfisuu dandessa. Jalqaba Buna bitta. Itti aansuun, ibidda qabsiista, buna miiccita,ni akoofta,buna sana tumuun bishaan makrajaa/moqorqoraatti ibiddarra keessee danfista.Erga bishaan danfee booda hanga namoota nan waama jettee jabanaa dhiqxee itti naquudhaan buna tumame jabanaatti naqxee danfista. Hammasitti finjaala/siinii dhiqxee qopheessita. Sana booda buna danfetti erga nama waamtee booda irraa baastee sakkansiisuun/tursuun fedhii namaa waan buna ittiin dhugu/soogidda yookiin immoo sukkaaraan ta'uu gaafattee buustee nama sanaaf hirta. Adeemsawwan armaan olii haalaan yoo hordofte, buna cuunqoo/furdaa isaa danfisuu dandeessa.

Keeyyata Ibsaa 2.

b. Barumsa gareen qo'achuun faayidaa garaagaraa qaba. Barattoonni gareen hojjetan yaada wal jijjiiruun hubannoo bal'ifachuufi wal-irraa barachuu danda'u. Kana malees, dandeettii afaanii kanneen akka: dhaggeeffachuu,dubbachuu, dubbisuufi barreessuu isaanii fooyyeeffachuu danda'u. Yeroo barattoonni gareen hojjetan, hojii jiru qooddachuun tokkoon tokkoon isaanii gahee isaanii taphatu. Kun immoo jireenya isaanii keessatti hojiiwwan gareen hojjetaman yemmuu jiraatan akka dandeettii horatan kana itti fayyadamuu danda'u. Yeroo barattoonni gareen hojjetan yaadaafi qooda

miseensota garee kabajuu baratu. Kun jireenya guyyaa guyyaattis faayidaa wal kabajuu barsiisa. Kanaafuu, barattoonni carraa gareen hojjechuu yemmuu argatan, haalaan itti fayyadamuu qabu.

Deebii(B)

Barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu akka gabbifataniif jecha mata-duree kennameef irratti hundaa'uun keeyyata akka barreessan taasisii,duubdeebii kenniif.

Tartiiba Keeyyata Barreessuu

Keeyyata osoo barreessuu hineegaliin dura, gumee qopheessuun barbaachisaadha.

Gumee armaan gaditti mata-duree "Faayidaa Barnootaa" irratti qophaa'ee hubadhu. Itti aansuun, gumicha irratti barreeffama keeyyata sadii qabu barreessi.

Faayidaa Barnootaa

1. Naannoo keenya hubachuu
1.1. Haala jireenya maatiifi hawaasaa
1.1.1. Aadaa hawaasaa
1.1.2. Walitti dhufeenya hawaasaa
1.2. Walitti dhufeenya hawaasaafi uumama naannoo
1.2.1. Hawaasaafi biqiltoota
1.2.2. Hawaasaafi haala qilleensaa
2. Rakkoowwan numudataniif furmaata barbaaduu
2.1. Rakkoowwan dhuunfaa
2.2. Rakkoowwan hawaasaa
2.3. Rakkoowwan biyyaa
3.1. Kallattii qonnaafi dinagdeetiin
3.2. Kallattii saayinsiifi Teeknooloojiitiin
3.3. Kallattii tajaajilaa
3.4. Kallattii fayyaa

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

Jechoonni gilgaala kana jalatti kennaman dubbisa mataduree "Faayidaa karoraa" jedhu keessaa ba'ani. Barattoonnis jechoota roga "A" jalatti keennamaniif hiika sirriidha jedhan roga "B" jalaa filachuun akka barreessan itti himi. Barbaachisaa taanaan dubbisicha al- tokko irra deebi'uun dubbisiif. Kunis, barattoonni hiika jechoota kanaa salphaatti akka tilmaaman fayyada.

Deebii Gilgaala 8(A)

1. E
2. J
3. C
4. F
5. A
6. G
7. D
8. I
9. H
10. B

Deebii:(B)

1. H	6. I
2.F	7. E
3.J	8. B
4. G	9. C
5. A	10. D

Deebii:(C)

1.Qorachuu	6. Guuruu
2. Unachuu	7. Barachuu
3. Taphachuu	8. fiiguu
4.Horsiisuu,bituu	9. waaddii,
5.Haamuu, dhahuu, tuuluu,	10. elmuu,dhuguu, raasuu

Deebii(D)

1.durooma	6. Kunuunsi
2. badhaasa	7. miiccuu
3.waliigalteen	8. Namni
4.balballi	9. qayyabachuu
5.fayyummaa	10. Dhukkubsataan

(E)

1. humna
2. qusannaa maatii
3. ifa baasa

Barannoo Shan: Caasluga

Gilgaala 9: Shaakala Ijaarsa jecha, Gaaleefi himaa

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni akkaataa itti hima ijaaran hubannoo akka cimsatan gochuuf waan ta'eef deebii isaanii akka dhiheessan gochuun sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffadhu(.)

(A)

a. Karoora:jecha
   Karoora maatii:gaalee
   Karoora maatii fayyadamuun bu'aa qaba:hima
b. Addunyaa: jecha
   Jireenya addunyaa:gaalee
   Tolasaan jireenya addunyaa mo'achuuf carraaqa:hima
c. Haadha:jecha
   Haadha buddeenaa:gaalee
   Boontuun haadha buddeenaa biratti guddatte:hima
d. Kunuunsa:jecha
   Kunuunsa naannoo:gaalee
   Uummanni kunuunsa naannoo irratti hirmaate:hima
e. Daa'ima:jecha
   Daa'ima xiqqaa:gaalee
   Tolashiin daa'ima xiqqaa qabdi:hima
f. Bu'aa:jecha

Bu'aa tamboo xuuxuu:gaalee

tamboo xuuxuun bu'aa dhibee sombaan qabamuuti:hima

g. Eegumsa:jecha

Eegumsa fayyaa:gaalee

Qajeelaan eegumsa fayyaarratti hojjeta:hima

h. Sammuu:jecha

Dhukkuba sammuu:gaalee

Tamboo xuuxuun dhukkuba sammuu fida:hima

i. Shoora:jecha

Shoora guddaa:gaalee

Barumsa seeraan hordofuun iddoo guddaa gahuuf shoora olaanaa taphata:hima

j. Lilmoo:jecha

Lilmoo waraannachuu:gaalee

Mucaan lilmoo waraannaan boohe:hima

(B)

1. Adurreen
2. Isheen
3. Firaa'ol
4. Tolaan
5. Biliseen

(C)

1. Kitaaba
2. Uffata
3. Qarshii
4. Biqiltuu
5. Farda

(D)

1. fardaaf
2. obboleessa isheef
3. bulchaaf
4. mucaa isaaf

5. barattootaaf

(E)

1. Nyaatte
2. bite
3. deemte
4. bitatan
5. gaggeesse

(F)

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni akkaataa jechoota qindeessanii hima guutuu ta'e tokko barreessuun dandeettii barreessuu akka cimsatan gochuuf waan ta'eef, deebii isaanii akka dhiheessan gochuun sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Deebii(G)

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni akkaataa itti hima ijaarame tartiiba eeguun keeyyata guutuu ta'e tokko barreessuun dandeettii barreessuu akka cimsatan gochuuf waan ta'eef deebii isaanii akka dhiheessan gochuun sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.

1. 5	6. 9
2. 3	7. 2
3. 7	8. 4
4. 1	9. 10
5. 8	10. 6

Yaadannoo Maalummaa Himaa

Himni qindaa'ina garee jechootaa irraa kan ijaarramu ta'ee,ergaa guutuu dabarsuu kan danda'udha. Kunis, qindeeffama jechoota matimaafi xumura qabaatee, caasaalee kanneen akka: matimaa,antimaafi gochimaan kan ijaarramudha.

Hennaa

Hennaan yeroo itti gochaan tokkoo rawwatame, raawwatamaa jiru akkasumas raawwatamuuf deemu agarsiisuuf kan gargaarudha.

Gooroowwan Hennaa

Hennaan yeroo raawwii gochaa sanaarratti hundaa'uun bakka gurguddaa sadiitti qoodama.

Isaanis: ammeennaa dabrennaafi duranaadha.

1. Hennaa Ammeennaa

Hennaa jechuun yeroo danaa gochimaan ibsamu jechuudha. Ammennaan gocha amma raawwatamaa jiru yookiin yeroo maraa dhugaa ta'e kan agarsiisu, yookiin gara fuula duraa raawwatamuuf jedhu mul'isa.

Fakkeenyaaf,

1. Hennaan ammeennaa gochoota yeroowwan armaan gadiitiin raawwataman ibsa.

a. Gochoota irra deeddeebi'amuun amaleeffaman.

Fkn. Feeneet yeroo hunda ganama ganama shaayii dhugdi.

b. Haala amma jiru ibsuuf.

Fkn. Ishiin gammadduudha.

c. Wanta akka waliigalaatti dhugaa ta'e ibsuuf.

Fkn . Adaamaan Finfinneerraa gara Bahaatti argama.

d. Waan gara fuulduraatti raawwatamuuf murteeffame ibsa.

Fkn. Sa'a booda walgahiitu jira.

Qormaanni boru sa'aa 2:00 tti eegala.

2. Hennaa Amsiiqaa

- Hennaan kun gochaa yeroo ammaa kana keessa itti fufiinsaan yeroo gabaabaafis ta'u yeroo dheeraaf raawwachaa jiru agarsiisuuf kan gargaarudha.

Fkn. a. Mucaan laaqana nyaachaa jira.

b. Inni fiigicha fiigaa jira.

c. Isheen bishaan dhugaa jirti.

d. Tolaan mana barumsaa deemaa jira.

Himoota kanneen keessatti {nyaat-}, {dhug-}fi {deem-} jedhaman kanneen irratti latii /qaamalaa {-aa'n} fufamee jiru gochaaleen kunneen yeroo gabaabaafis ta'u

yeroo dheeraaf itti fufiinsaan raawwachaa jiraachuu yoo agarsiisan, tumsiirratti latiileen fufamanii jiran {-a/-i/-u'n } ammoo ammeennaa ta'uu agarsiisuuf gargaaru.

3. Raawwima Ammeennaa

- Hennaan kun gochaa yeroo darbe keessa eegale ta'ee garuummoo reefu/dhiyoo kan raawwatamee jiru ta'uu agarsiisa. Fkn. a. Sobbooqaan kitaaba barreessee jira.

b. Boontuun buna danfistee jirti.

c. Isaan laaqana nyaataanii jiru.

- Himoota kanneen keessatti xumuroota muummee: {barrees-}, {danfis-} fi {nyaat-} jedhaman irrattii latii{-e/F}fufamtee jirtu gochaaleen kunneen yeroo darbe keessa kan eegalan ta'uu yoo agarsiisan hundee xumura tumsiirratti latiileen fufamanii jiran {-a/i/-u} ammoo ammeennaa ta'uu agarsiisuuf gargaaru.

Deebii gilgaala: **10(A)**

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni beekumsa isaanii waliigalaa walitti fiduun hubannoo waa'ee hennaa irratti akka cimsatan gochuuf waan ta'eef, gilgaala isaanii bal'inaan akka hojjetan jajjabeessi.

(B)

1. Haala ammaa irra jiru agarsiisa.
2. Haala ammaa irra jiru agarsiisa.
3. Wanta akka waliigalaatti dhugaa ta'edha.
4. Wanta akka waliigalaatti dhugaa ta'edha.
5. Irra deddeebii mul'isa
6. Wanta akka waliigalaatti dhugaa ta'edha.

(C)

1. Amsiiqaa
2. Raawwima ammeennaa
3. Raawwima ammeennaa
4. Raawwima ammeennaa
5. Raawwima ammeennaa
6. Amsiiqaa

10(D)

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni odeeffannoo barreeffamicharraa argataniifi beekumsa isaanii waliigalaa walitti fiduun hubannoo isaanii akka cimsatan gochuuf wanta ta'eef, gilgaala isaanii bal'inaan akka hojjetan jajjabeessi.

Gaafilee Keessa Deebii

Himoota armaan gadii keessatti gosa gaalee jala sararamee barreessi.

1.Gammachuun mana ijaaree.

2.Margaan ciree nyaate.

3.Feeneet akkuma haadhaa cimtuu dha.

4.Laliseen haalaan fiigdi.

5.Tufaan booyyee ajjeese.

6.Mana bal'aa haxaawuun nama rakkisa.

7. Gammadeen uffata adii bite.

6. Madaallii:

6.1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu:

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha. Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan dhiyaatanidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha.

Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fiddudha.

Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

• Barruu qophaa'e si'a lama ykn si'a sadii dubbisiif.

• Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

6.2. Afee/dubbisa " Faayidaa Karoora Maatii" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu. Barreeffamicha al-lama irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

Dhaggeeffachuun Booda

• Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.

• Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.

• Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa
gabbisan shaakalsiisi.

Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni waan dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hunda dareef haa gabaasan.

6.3. Dubbisuufi Dhubbachuu:

Dubbisa dura

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa mataduree 'dhiyaateef dubbisanii irraatti akka mari'atan godhi.

Yeroo Dubbisuu

Yeroo dubbisuu ana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka irratti mari'atan taasisi.

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa mataduree 'Karoora Maatiijedhu dubbisanii irraatti akka mari'atan godhi. Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

Dubbisa Booda

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

6.4. Fayyadama Jechootaa:

Barattoonni hiika galumsa jechootaa adda baafachuu isaanii gaafachuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisi.

1.5. **Barreessuu:**

Barattoonni keeyyata taatee seenessuufi keeyyata odeeffannoo ibsu of keessaa qabu barreessisuun mirkaneeffachuun duub deebii kenniif.

6.6. Caasluga:

Barattoonni hima ijaaruu danda'uufi hennaa ammeennaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

BOQONNAA SADII: TOLA OOLTUMMAA (WAYITII 9)
DHEERINA WAYITII 40'

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni fakkii dubbisuun dandeettii dubbisuu ,himoota ijaaruufi keeyyata qindeessanii barreessuu nigonfatu. Caasaa bu'uura afaan dhaloota isaanii adda baasu. Hiika jechootaa akkaataa galumsa isaaniitiin kaa'uuf jechootatti fayyadamuu nidanda'u. Dabalataanis, waliin dubbii gaggeessuun dandeettii dubbachuu isaanii nicimsatu.
Walumaagalatti, barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu,dubbachuu,dubbisuufi barreessuu horatu.

Kaayyoo :Xumura Boqonnaa kanaatti:

- Dhaggeeffachuudhaan calaqqee miira isaanii dhiyeessu.
- Hiriyoota isaanii wajjiin waliin dubbii taasisu.
- Ergaa ijoo afee/dubbisaa dubbisanii yaadatu.
- Dubbisa keessaa jechoota baramoo dubbisanii baasu.
- Barruu amansiisaa tokko keeyyata afur qabu barreessu.
- Jechoota tishoo adda baasuun ibsu.
- Maqaalee qeenxeefi danuu adda baasu.

2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuu
- Dubbachuu
- Haasaa/waliin dubbii
- Dubbisuu
- Keeyyata amansiisaa barreessuu
- Fayyadama jechootaa
- Seerluga
- Jechoota tishoo
- Maqaa qeenxeefi maqaa danuu

3.Mala baruu-barsiisuu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa qabiyyee barattoonni barachuuf jiran wanta isaan beekan wajjin walqabsiisu. Kanaafuu, barattoonni wanta isaanitti fakkaatu, gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuu yaali. Kana gochuun ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu akka horatan taasisa. Kana booda, qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuun barbaachisaadha.

Deebii (B)

α. Fedhiidhaaan waa arjoomuu
β. Namoota humna dhaban
χ. Kanneen qabeenyaa hinqabne/ hiyyeeyyii
δ. Kennuu/hirmaannaa taasisuu

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Deebii(A)

1. Fedhii,humnaafi qabeenya
2. Dr. kabajaa Abbabach Goobanaa, Aadde Haasmii Yaasiin
3. Dhukkubsataafi harka qalleeyyii gargaaruu

(B)

1.Soba
2.soba
3. Soba
4. Dhugaa
5.Soba

ABBABACH GOOBANAA

Addee Abbabach Goobanaa abbaa ishee Obboo Goobanaa Heeyyiifi haadhaa ishee Aaddee Wasanee Birruurraa bara 1936 A.L.A Godina Shawaa kaabaa, Naannawaa fiichee bakka 'shabal' jedhamutti dhalatte.Barri dhaloota ishee kun yeroo xaaliyaaniin Itoophiyaa weerarte waan ta'eef ,haalli jireenya bara sanaa isheef maatii isheetiif hedduu mijataa hinturre. Abbaan ishee waraana xaaliyaaniitiin wal'aansoo walqabuu keessatti lubbuun isaa darbe. Sana booda, Addee Wasaneen nama biraatti heerumuuf Abbabachiin akaakayyuu ishee,Obbo Heeyyii Badhaasaatti laatte. Abbaabach, umrii ijoollummaatti dhiibbaa maatiitiin akka heerumtu taate. Ijoollee waan turteef ,bultii ijaarrattee jiraachuuf fedhii hinqabdu turte.Haalli kun Fifinneetti akka isheen baddu taasise. Namicha obbo Asiraat jedhamutu ofitti qabee jiraachisaa ture.Yeroo kanas,deeggarsa ijoollee isaatiif godhu taasiseef.

Abbabach mana obbo Asiraat yeroo jiraattu, baatii sadiif leenjii ogummaa hojii harkaa fudhatte. Barumsa kanaanis ga'umsa cimaa waan argisiifteef,leenjii biyya alaa deemtee leenjifamuuf kaadhimamte.Haata'u malee,yeroo biyya alaa deemuuf yeroo kaatu waan dhukkubsatteef, carraan sun ishee darbe. Ta'us Abbabach abdii hinkutanne. Barumsa galgalaa eegaluun hanga kutaa afurii baratte. Sanaan booda dhaabbata midhaan dheedhii biyya alaatti ergu tokko keessatti mindeeffamtee hojii eegalte. Bakk hojii kanattis abbaa warraa ishee isa lammaffaa obbo Kabbadaa wajjin walbarate.Isa waliinis bultii ijaarratan.Yeroo sanatti ,obbo Kabbadaan ijoollee shan qaba ture. Aadde Abbabachi dhala dhabdus ijoollee obbo Kabbadaa akka kan ofiitti guddifatte. Haala kanaan, maatii ishee waliin jireenya gaarii jiraachaa turte. Jireenya ishee keessatti hiyyeeyyii gargaaruu, ijoollee kunuunsuufi namoota bayyanachiisuu jaallatti.

Bara 1982,A.L.A yeroo Abbabach gara Gisheen Maaram deemtedha. Bara kanatti uummanni Walloo hedduu beelaan dararamaa turan. Aadde Abbabach osoo Gisheenii deebituu mucaa harma haadha duutee hootu tokko argite.Kana bira darbuu waan dadhabdeef,nifudhatte. Xiqqoo akkuma deemteen ammas kan biraa argite.Isas fudhatte. Sana booda ,daa'imman lama baattee manatti galte. Yeroo mana ishee geessu, abbaan warraa ishee fuula itti guure. Achumaanis, 'Ijoollittiifi bultii kee keessaa tokko filadhu!"jedheen. Isheenis ijoollittii

guddisuu filatte. Kanarraan kan ka'e bultiin ishee diigame; mana ishee dhiistee mana lukkuu itti horsiisanitti galuuf dirqamte. Baruma sana lakkoofsi ijoollee isheen guddiftuu dachaa kudhaniin dabale. Haalli kun dhaabbata jalqaba "Biruuh Tasfaa"jedhamee waamamu akka ijaaramu taasise.Sana booda dhaabbata ,maqaa isheetiin waamamu bara 1984 A.L.A tti akka hundeeffattu ishee taasise. Dhaabbani kunis hiyyeeyyii bayyanachiisuun,ijoollee warri irraa du'an guddisuu,barsiisuu,tajaajila fayyaa haawwaniif laachuun, hawaasatti dhiyoo ta'ee argame.Kana malees, qonnaan bultootaafi jiraattota magaalaa warra harka qalleeyyii ta'an gama uffataafi midhaan nyaataatiin gargaaruu eegale. Ijoollee achi keessatti guddisuu, barumsaafi leenjiiwwan garagaaraa kennuunis itti fufe. Kanaan uummata gara miiliyoona torbaatu fayyadamtoota ta'e.

Abbabach Goobanaa hojiiwwan gargaarsaafi bayyanachiisuu keessatti bu'aafi guddina argisiifteen lubbuu namoota miiliyoonaan lakkaawwamanii baraarte;baraaraas jirti. Kanas beekamtii horachuun badhaasa adda adda aaddunyaarraa argatte maqaa dha'uun ni danda'ama. Bifuma walfakkaatuun, biyyi Ingilziifi dhaabbilee 12 ta'an irraa badhaasa adda addaa argattee jirti. Bu'aa isheen buufte kanatti gammaduun immoo Yuunivarsiitiin Jimmaa badhaasa doktarummaa kabajaa laateefii jira.

Walumaagalatti,Abbabach Goobanaa fakkeenya haawwan gaarii ta'uun "Mother Treza Afriikaa"jedhamtee jirti. Gochi ishee jalqabumayyuu kutannoo kan gaafatu ture.Kanarraa kan ka'e,bultii ishee diigdee ijoollee hiyyeeyyii guddisuutti gorte.Kunis akka isheen dhaabbata addunyaatti maqaan gaarii qabuufi abdii namootaa ta'e hundeessitu taasise.Abbabach yeroo ammaa kana haadha ijoollee kumaatamaan lakkaawamaniiti.

Maddi: Gaazexaa Bariisaa 2013.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

(A)

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni odeeffannoo barreeffamicharraa argataniifi beekumsa isaanii waliigalaa walitti fiduun hubannoo isaanii akka cimsatan gochuuf wanta ta'eef, gilgaala isaanii bal'inaan akka ibsatan jajjabeessi.

A. Kaayyoon guddaan waliin dubbii kanaa barattoonni muuxannoo isaanii akka waljijjiiraniifi dandeettii dubbachuu isaanii akka gonfatan gochuudha. Kana gochuuf, immoo kitaaba barattootaa keessatti waliin dubbii taasisanii akka dareedhaaf gabaasan taasisu kennamee jira. Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kan eegamus barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha.

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 5: Shaakala Dubbisa Duraa

A. Kaayyoon guddaan dubbisa kanaa barattoonni muuxannoo isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidan gochuudha. Kana gochuuf, immoo kitaaba barattootaa keessatti gilgaalonni gaaffiiwwan gareedhaan mari'atanii akka dareedhaaf gabaasan taasisu kennamee jira. Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-3 dhiyaatan haalaan irratti mari'achiisi. Deebiin barattootaa kan kallatti adda addaa ta'uu mala. Kan eegamus barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha.

Deebii (B)

a. Hawwii

b. gadadaman/dararaman

c. bu'uureeffamuu

d. deeggaruu

Gilgaala 6 : Shaakala Yeroo Dubbisuu

Deebii(A)

1. Torba
2. Henerii Duunaa
3. Tola ooltummaa
4. Maalummaa tola ooltummaa
5. Sadii

(B)

1. B
2. B
3. C
4. D
5. B

(C)

1. C
2. A
3. B
4. A
5. A

Gilgaala 7: Shaakala Dubbisa Boodaa

A. Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka' u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni ibsan jajjabeessuudha. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

B. **Deebii (B)**

1. Tola ooltummaa
2. Bara
3. Duudhaalee
4. Gargaaruun
5. Buqqa'an
6. Yeroo
7. Addunyaa
8. Naannoo
9. Hirmaachuu
10. Rakkataaf

Barruu Amansiisaa

Tamboo xuuxuun rakkoowwan adda addaatiif nama saaxila. Kunis, dhibeewwan sonbaa, ilkaaniifi afaan namaa akka ajaahuuf nama saaxila. Gama biraatiin, dhibeewwan kana wal'aanuuf qarshii baayyee baasuuf dirqamu. Haala kanaan jireenya maatii irratti dhiibbaa godha.

Daa'imman haalaan barsiisuu yookiin guddisuu dadhabuttis nama geessa. Guyyaa guyyaatti baasiin waan ba'uuf maatii haalaan bulchuu hindanda'an. Karaa biraan, qunnamtii miseensota hawaasa keessa jiraatan waliin qaba miidhamuu danda'a. Akka muuxannoon namoota tamboo gar malee xuuxan agarsiisutti, hawaasa jiraatan keessatti amantaa yookiin fudhatama jarri qaban xiqqaadha. Namoonni kun of qofaa utuu hinta'iin namoota naannoo isaanii irrattis miidhaa geessisu. Aarri tamboo keessaa ba'u namoota kaan dhibeewwan armaan olitti ibsamaniif saaxiluu danda'a.

Rakkoowwan kana irraa bilisa ta'uuf, namoonni tamboo gar malee xuuxan gocha kana dhiisuu qabu. Warreen hinjalqabnes kana hubachuun murtii isaanii sirreeffachuu qabu.

Gilgaala 8(A)

A. Kaayyoo guddaan dubbisa kanaa barattoonni muuxannoo isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidan gochuudha. Kana gochuuf, immoo kitaaba barattootaa keessatti gilgaalonni gaaffiiwwan dhuunfaan akka dareedhaaf gabaasan taasisu kennamee jira. Kunis, ogummaan barreessuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-2 dhiyaatan haala ajajamaniin akka barreessan taasisi.. Deebiin barattootaa kan kallattii adda addaa ta'uu mala. Kan eegamus, barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha.

B. Gaaf tokko waraabessi sa'a nyaate. Warri sa'i jalaa nyaatames, baay'ee aarani. Kanarraa kan ka'e, isaan keessaa namoonni lama waraabessicha ajjeesuuf duukaa bu'an. Waraabessi osoo baqatuu namicha harree oofee gabaadhaa galaa jiruun, 'maaloo nadhoksi,' jennaan, hareetti fe'ee dhokse. Waraabessi sunis erga namoota lamaan jalaa bahee booda,harree kee nyaadhu malee jennaan,namtichis, 'lubbuu kee baraaree,akkamitti

harree koo nyaattaa?'Dubbii kana jaarsi nuuf haa ilaalu jedhe. Dhumarrattis, bineensonni baay'eenis sodaachuudhaan waraabessaaf murteessan;qamaleen garuu, abshaalummaadhaaf namichaaf murteessite.

Barannoo Shan: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9:

Deebii(A)

1. E
2. D
3. J
4. H
5. B
6. A
7. I
8. G
9. C
10. F

(B)

1. G
2. E
3. C
4. F
5. I
6. A
7. J
8. D
9. H
10. B

Barannoo Jaha:Caasluga

Gilgaala 10: jechoota tishoo/diigalaa

Gilgaala kana jalatti yaanni garaagaraa ka'uu danda'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni ibsan jajjabeessuudha. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

Gilgaala 11:

Deebii(A)

1. Abbaa alangaa
2. Gara laafessa
3. Harkaqalleessa
4. Qonnaan bulaa
6. Jaarsa biyyaa
7. Qofagaleessa
8. Giddugaleessa
9. Mataduree

5. Sablammii

(B)

Gilgaala 11(b) jalatti barattoonni jechoota kennameefitti fayyadamanii hima guutuu ta'e akka ijaaran jajjabeessuudha. Kanaafuu, dandeettii ijaaraarsa barreeffamaa waan horataniif duukaa bu'uun hordofii duubdeebii kenniif.

Yaadannoo

Jechoota Tishoo/Diigala/

Tishoo/diigala jechuun jechoota hiika adda addaa qaban lama walitti ida'uun jecha ijaaruun jechaa haaraa kan duraa'rraa hiika addaa qabuufi danachuu/ baay'achuu danda'u tokko uumuudha.

Jechoonni tishoo karaa lamaan tiishessuun nidanda'ama. Iasaani walitti maxxansuun barreessuufi walirraa siqsuun barreessuufi sarara xiqqaa jidduu galchuun barreessudha.

A. Jechoota tishoo walitti siqsuun barreeffaman

Fakkeenya: caasaa + luga = caasluga

Mana+ duuba =manduuba

seera+lugaa=caasluga

saree +diidaa=sardiidaa

B. Sarara xiqqaa gidduu galchuun barreessuufi walitti butuun barreessuudha.

Fkn. (a) Saba + lammii =sab-lammii

(b).Roga+ sadii= rog-sadee

C. walirraa siqsuun barreessuu

Fakkeenya, (a) Abbaa +Gadaa =Abbaa gadaa

(b).Abbaa +Bokkuu =Abbaa bokkuu

(c) Abbaa +Muudaa= Abbaa muudaa

Adeemsa jechoota kanneen tisheessuu keessatti jechoonni qubee/birsaga ofirraa

gatuun tisheefaman yoo jiraatan kanneen ofirraa osoo hingatiin tisheefamanis nijiraatu. Jechoonni tishoo karaa ittiin jechoonni haaraa ijaaraman keessaa isa tokko yommuu ta'u, kunis gareewwan jechootaafi aadaa/seera dubbii hawaasichaa bu'uureffachuun kan ijaaraman ta'u. kunis: (maqaafi maqaa, maqaafi addeessa, maqaafi durduubee, xumuraafi xumura, maqaafi xumura, kkf fa'i.)

A. Jechoota tishoo maqaafi maqaa irraa uumaman

Fkn. **Maqaa**	**Maqaa**	**Jcha tishoo**
Saba	Lammii	Sablammii
Mana	Kitaaba	Mana kitaabaa

B. Jechoota tishoo maqaafi addeessaarraa uumaman.

Fkn. Maqaa	Addeessa	Jechoota tishoo
Sanbata	guddaa	Sanbata guddaa
Bifa	badii	bifabadii

C. Jechoota tishoo maqaafi durduubee irraa uumaman.

Jecha maqaa	**Jecha durduubee**	**jecha tishoo**
Miila	jala	Miiljalee
Gorroo	duuba	Gorduuba

D. Jechoota tishoo xumuraafi xumurarraa uumaman.

Jecha xumuraa	**jecha xumuraa**	**jecha tishoo**
Bu'e	bahe	bu'aa bahii
1. Dafqe	bule	qonnaan bulaa

Gilgaala 12:

(A)

1. Biqiltoota
6. Ogeeyyii

2. Saawwan
3. Harroota
4. Abbootii
5. Birkiilee
7. Hoolota
8. Rakkattoota
9. Manneen
10. Fardeen

(B)

bineeyyii,-yyii

1. Re'oota-oota
2. Kutaawwan-wwan
3. Meeshaalee-lee
4. Tooftaalee-lee
5. Waraabeyyii-eyyii
6. Laggeen-een
7. Mukkeen-een
8. Kiaabilee/kitaabota-ilee/ota
9. Qubbeen-een
10. Gaangolii/gaangota-olii/ota
11. Dargaggeeyyii-eeyyii
12. Barsiistota-ota

Yaadannoo

Maqaalee Qeenxeefi Danuu

Lakkoofsi baay'inni waan tokkoo hangam akka ta'e mul'isa.wanti sun tokko yoo ta'e qeenxee yoo tokkoo ol ta'e ammoo danuu jedhamu. Haata'u malee, maqaaleen hundumtuu qeenxee yookiin danuu ta'u jechuu miti. Maqaaleen Afaan Oromoo unka isaanii jijjiirrachuudhaan danoomsota maxxanfachuu danda'an maqaalee lakkaawwamanidha.Fakkeenyaaf, nama,biyya,muka,harree,gaara,laga,quba fudhachuun nidanda'ama.Gamabiraatiin, maqaaleen latii danoominaa hinmaxxanfanne maqaalee hinlakkaawwamnedha. Fakkeenya. bishaan, lafa,daakuu,daaraa,kaasuun nidanda'ama.

Jecha qeenxee	Jecha danuu
1. Nama	namoota
2. Saree	saroota
3. Laga	laggeen
4. Saba	saboota

5. Biyya biyyoota

Gaaffilee Keessa Deebii

Jechoota armaan gadii tisheessi.

1. Seenaa+qabeessa:_____
2. Gara+dhabeessa:_____
3. Saree+diidaa:_____
4. Saba+lammii:_____
5. Saba +boonaa:_____
6. Fayyaa +qabeessa:_____
7. Mataa+duree:_____
8. Gara+laafettii:_____
9. Dura+taa'aa:_____
10. Gara+bal'eessa:_____

7. Madaallii:

7.1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu:

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha.

Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan

dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha

Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha.

Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.

Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fiddudha.

Shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.

Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

• Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

Afee/dubbisa " Abbabach Goobanaa" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu. Barreeffamicha si'a lama irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

Waliin Dubbii

Waliin dubbiin kan qophaa'u akka barattoonni ogummaa of ibsuu gabbifatan, ofitti amanamummaa horatan, jechootaafi caasaalee afaanichaa shaakalan gargaara. Xiyyeeffannoon isaa garuu ogummaa dubbachuufi dhaggeefachuu gabbisuurratti ta'a. Akkuma ija jabinaafi ofitti amanamummaa horachaa deemaniin ogummaa do'ii qopheessuufi isa qophaa'e keessatti qooda fudhachuun bashannansiisuu horachaa

deemu.

Faayidaa waliin dubbii ogummaa dubbachuu barsiisuu keessatti

• Barattoota waan giddugaleessa taasifatuuf barattoonni hojii isaaniirraa baratu.
• Ogummaa dhaggeefachuu barattotaa gabbisa.
• Barattoonni waan dhugaafi hiika qabeessa ta'e akka dalagan taasisa.
• Afaanicharratti barattoonni ga'umsa dubbii akka horatan gargaara.
• Ogummaa dubbisuufi barreessuu horachuuf jara qopheessa.
• Ofitti amanamummaa gonfachiisa.
• Barumsicharratti akka barattoonni fedhii horatan taasisa.
• Hiika gaaleewwaniifi cirowwan guutummatti akka argatan godha.
• Hiikni jechoota haaraafi wkf akka barataman karaa saaqa.

Dhaggeeffachuun Booda

• Gilgaalota dhiyaatan shaakalchiisi.

• Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.

• Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa

gabbisan shaakalsiisi.

Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni waan dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hunda dareef haa gabaasan.

7.3. Dubbisuufi Dhubbachuu:

Dubbisa Duraa

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa mataduree 'Looreet Pirofeesar Gabbisaa'' jedhu dubbisanii irraati akka mari'atan godhi. Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

Yeroo Dubbisuu

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

Dubbisa Booda

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

7.4. Fayyadama Jechootaa:

Barattoonni hiika jechootaa adda baafachuu isaanii gaafachuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisi.

7.5. Barreessuu:

Barattoonni keeyyata amansiisaa barreessisuun mirkaneeffachuun duub deebii kenniif.

7.6. Caasluga:

Barattoonni jechoota tishoofi maqaalee qeenxeefi danuu adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

BOQONNAA AFUR
JIREENYA NAMOOTA BEEKAMOO (WAYITTII 9)
DHEERINA WAYITII 40'

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni, boqonnaa kana keessatti kennaman dandeettiiwwan afaanii adda addaa akka cimsatan isaan taasisa. Kutaa caaslugaa boqonnaa kanaa keessatti, gaaleewwan, sababaafi bu'aafi jechamoota hubachuun barreeffama isaanii keessatti akka itti fayyadaman isaan gargaara. Gaalee maqaa adda baafatanii hubachuun akka itti fayyadaman; akkasumas, seenaa jireenyaa nama beekamaa tokkoo barreessanii dandeettii isaanii akka gabbifatan dandeessisa.

1. **Kaayyoo : Xumura Boqonnaa Kanaatti :**

- Yaada afee/dubbisaa dhaggeeffatanii dinqisiifatu.
- Ajaja gareedhaan kennameef irratti mari'atu.
- Jechamoota baramoo addaan baasuun dubbisanii ibsu.
- Jechoota ce'umsaa adda baasu.
- Sababoota garaa garaatiif jechoota walfakkaatanitti gargaaramu.
- Sababaafi bu'aa adda baasu.
- Jechoota ce'umsaa adda baasu.
- Gaaleewwan nihimu.

2. **Qabiyyee:**
   - Dhaggeeffachuu
   - Dubbachuu
   - Dubbisuu
   - Barreessuu
   - Fayyadama jechootaa
   - Seerluga

3 . Mala baruu-barsiisuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa qabiyyee barattoonni barachuuf jiran wanta isaan beekan wajjin walqabsiisuufi. Kanaafuu, barattoonni wanta isaanitti fakkaatu, gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuu yaali. Kana gochuun ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu akka horatan taasisa. Kana booda, qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

Deebii (B)

a. hubamuu

b. injifachuu

c. fudhattee

d. walmorkii

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Shaakala kana jalaatti barattoonni gaaffiiwwan kitaaba barattootaa keessatti gilgaala 2 jalatti kennaman dubbisa barsiisaan/tuun dubbisuuf/ tuuf dhaggeeffachaa guutu. Jalqaba mataduree dubbisichaa "Seenaa Jireenyaa Atileet Daraartuu Tulluu" gabatee gurraacha irratti barreessiif. Mata-durichas si'a lama irra deebi'uun dubbiisiif. Sana booda barreeffama ati dubbistu dhaggeeffatanii bakka duwwaa isaaniif kenname irratti akka guutan itti himi. Dhumarratti, deebii isaanii hiriyoota isaanii wajjin walitti akka agarsiisan erga gootee booda dareef haadhiyeessan.

Deebii (A)

1.Arsii Boqqojjii

2. bara 1995

3. bara 1972

Deebii (B)

1. Soba

2. Soba

3. Dhugaa

4. Soba

5. Dhugaa

(C)

1. G
2. E
3. F
4. D
5. A

Atileetii Daraartuu Tulluu

Daraatuun godina Arsii bakka Boqojjii jedhamutti Bitootessa 21, bara 1972A.L.I dhalatte. Yeroo ijoollummaa ishiis lafa ol ka'aa godina Arsii Boqojjii keessatti loon tiksaa guddatte. Daraartuun medaaliyaa warqee Olompiikii irratti argachuun Afrikaa keessaa dubartii ishii jalqabaati. Medaaliyaan warqee Olompiikii bara 1992 irratti nyaatte seenaa moo'icha ishii kan ittiin jalqabde ture. Bara 1993 fi 1994 miidhama jilbaa ishiirra ga'een kan ka'e dorgommii addaan kuttee turte. Bara 1995 dorgommiitti deebi'udhaan, shampiyoonshiippii qaxxaamura biyyaa kan Addunyaa IAAF qopheesse irratti Warqee fudhattetti.

Bara 1996, Shampiyoonshiippii Qaxxaamura Biyyaa kan Addunyaa IAAF irratti qophaa'een ishii waan irraa baheef duubaa kaatee afraffaa baatee xumurte. Bara 2000tti dorgommii meetira 10,000tiin Olompiikii irratti warqee yeroo lammaffaatiif kan argatte yoo ta'u, kunis seenaa dorgommii kanaa keessatti dubartii jalqabaa ishii taasise. Akkasumas, Shaampiyoonaa qaxxaamura biyyaa kan Addunyaa IAAFn qophaa'e yeroo sadaffaatiif mo'atte. Bara 2001tti dorgommii tiraakii meetira 10,000 Edimentenitti kan mo'atte yoo ta'u, kun immoo warqee sadaffaa ishii kan Olompiikii fi kan Addunyaa ture. Bara 2001tti,maraatoonii Landaniifi Tookiyoo mo'atte

Bara 2005tti Shaampiyoonaa Addunyaa irratti sa'aatii saffisa kan dhuunfaa ishii 2:23:30 galmeessudhaan 4ffaa baate. Bara 2009tti, umurii 37tti, Maraatoonii Magaalaa Niwuu Yoorkitti mo'achuudhaan warqee argatte.

Walumaa galatti, Daraartuu Tulluu atileetii fiigicha dheeraa tiraakirraa, karaarraafi

maraatoonii yoo taatu, medaaliyaa warqee kan Olompiikii fi kan Addunyaa jaha qabdi.

Maddi: Gaazexaa Bariisaa Bara 2013

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Barannoon kun barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu waan qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an bakka itti taasistudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjechiisi. Gaaffiiwwan gilgaala kana jala jiran deebii tokko qofa hinqaban. Iddoon kun iddoo yaanni dhuunfaan itti calaqqisu waan ta'eef barattoonni tokko tokkoon gaaffiiwwaniif akka yaada mataa isaanii calaqqisiisan taasisuun xumura irratti yaada waliigalaa ta'e tokko kenniif.

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Kaayyoon gulantaa kanaa barattoonni muuxannoo isaanii gara mata-duree dubbisichaatti

akka fidatan taasisuudha. Gaaffiiwwan kitaaba barattootaa keessatti gilgaala kana jalatti dhiyaatanis akka barattoonni irratti mariyatan taasisuun kaayyoo kana galmaan ga'uu yaala. Adeemsa dhimmicharratti mari'achuudhaan ogummaa dubbachuu isaanii gabbifachaa waan deemaniif, haalaan irratti mari'achiisuun ga'ee barsiisaati.

Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaataniif barattoonni deebii garagaraa kennuu danda'u. Kan barbaadamus, akka barattoonni karaa garaagaraa ilaalan waan ta'eef, deebii kanatu sirrii, kun immoo sirrii miti ; jechuurraa of eeggadhu. Deebiin isaan kennanis kan kanaan gadii of keessatti haammachuu danda'a.

Deebii(B)

a. Cimaa/tuu/kormee
b. irraa hafuu
c. oomisha
d. guddate/misoome

e. kennu

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Deebii(A)

1. Shawaa lixaa ,Oolankomii
2. .Kolleejjii Qonnaafi Teekiniika Jimmaa
3. Jidduugala Qorannoo Qonnaa
4. Mishingaa
5. Noobeelii

(B)

1. Soba
2. Dhugaa
3 .Dhugaa
4. Soba
5. Dhugaa

(C)

1. B
2. A
3. B
4. C
5. B

(D)

1. yerumasanatti
2. kennaa
3. gogiinsa
4. jalqabe
5. injifatu
6. raawwatu
7. adeemsisuu
8. laatu
9. fudhatame
10. tolfachuu

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan asitti dhiyaatan tarkaanfiifi hubannoo barattootaa gaafatu. Kunimmoo, garaagara ta'uu danda'a. Kanaafuu, deebiin isaa tokko hinta'u. Akka isaan yaada isaanii ragaadhaan deggeraa ibsa bal'aa itti kennan taasisuun ga'ee barsiisaati.

Barannoo Sadii: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7:

Deebii (A)

1.J
2. I
3. E
4. C
5. A
6.K
7.F
8. B
9. H
10. G

(B)

1. fakkeenya
2. mijeeffachuu
3. midhaanii
4. gorsa
5. battaluma
6.filatamaa
7.saayinsaawaa
8. beekumsa
9. hordofteef
10. mootummaan

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 8: Shaakala Seenaa Jireenyaa

A. Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni mata-duree kennameef irratti yaada mataa isaanii haala sirriifi ifa ta'een ibsachuu akka danda'an gargaaruudha. Kanaafuu, osoo isaan barreessuu hineegaliin, tartiiba ittiin seenaa jireenyaa barreessan gabaabbinaan ibsiif. Yemmuu waraqaan isaanii sirraa'us, ciminni yaadota isaanii tartiiba/qindoomina ifa ta'een barreessuun isaanii, sirna tuqaalee adda addaa sirriitti itti fayyadamuun isaanii, jechoota mata-duricha sirriitti

ibsan filachuun isaanii, jechoota sirriitti qubeessuun isaanii, barreeffamni harkaa isaanii kan salphaatti dubbifamu ta'uun, kan ilaalcha keessa galu ta'uu isaa duraan duursuun ibsiif. Kanas, gaaffii tokkoffaa keessatti seenaa jireenya isaaniifi gaaffii lammaffaa keessatti immoo seenaa jireenyaa nama beekamaa tokkoo akka barreessan mirkaneeffadhu.

A. Barattoonni keeyyata seenaa jireenyaa isaaniifi namoota beekamoo taánii akka barreessanii dareef dhiyeessan taasisi.Kana keessa barattoonni dandeettii barreessuu waan gabbifataniif duukaa bu'ii hordofii duubdeebii kenniif.

Yaadannoo:

Seenaan jireenyaa seenaa dhunfaa ofiifi kan nama biroo barreeffamaafi afaaniin kan dabarfamudha.. seenaan jireenya namaa karaa lamaan dhiyaata. Isaanis: Seenaa jireenya dhuunfaafi seenaa jireenya nama birooti.

- **Seenaa jireenya dhuunfaa**:-Seenaan kun namni tokko waa'ee isaa,eenyurraa akka dhalate,eessatti akka dhalate,haala kamiin akka guddateefi yeroo ammaa kanatti maalirra akka jiru namoonni biroo dubbisanii akka hubatan gochuuf kan ofuma isaatiin barreessudha.
- **Seenaa jireenya nama biroo**:-Namni tokko waa'ee seenaa nama biroo ,eenyurraa akka dhalate,eessatti akka dhalate,haala guddina isaa,amma maalirra akka jiru namoonni biro dubbisanii akka hubachuu danda'aniif namni biroo kan barreessuudha.

Barannoo Shan: Caasluga

Gilgaala 9:Shaakala Jechamootaa

Deebii:

(A)

1. waan dafee badu

2. naasise
3. sodaataadha
4. gowwoomse
5. diina waliiti
6. dafee kan hinfayyine
7. umrii quufe

8. dhoksaan
9. maraate
10. jechaan tuqe
11. lola qabbaneessa
12. niqaana'e

Jechama

Jechamni jechoota,gaalewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biroo dabarsuuf fayyaduu danda'aniidha.

Fkn.Garaa nyaatte. (mararte)

Ifa baqata (sodaataadha)

a. Funyaan bira_____dhiyoo
b. Guduruudha_ _____daa'ima
c. Ibiddi baheef_____ heerumte
d. Huuruu dhaabe_____dallane .
e. Harka qalleessa. (hiyyeessa)
f. Bineensa ganamaa_jarjaraa

Barannoo Jaha: Jechoota wal fakkata fayyadamuu.

Gilgaala 10:

Deebii(A)

1. Mataa na dhukkubse
2. Kufe
3. Filatamaa
4. Simboo,kabaja, milkaa'ina, irra nu aansi
5. Cire
6. Dheebuu na baase
7. Burqaa
8. Ka'umsa nyaata madaalamaa
9. Seeqa
10. Qaanii

Gilgaala 11: Shaakala Sababaafi Bu'aa

A. Gaaffiiwwan asitti dhiyaatan tarkaanfiifi hubannoo barattootaa gaafatu. Kun immoo, garaagara ta'uu danda'a. Kanaafuu, deebiin isaa tokko hinta'u. Akka

isaan yaada isaanii ragaadhaan deggeraa ibsa itti kennan taasisuun ga'ee barsiisaati.

Fakkeenyaaf: 11(B)

1. badhaafamte.
2. Roobni cimaan waan roobeef,
3. Rakkoo keessaa bahuu danda'a.
4. Balaan namarra gahuu danda'a.
5. Waan dhukkubsatteef,

Gaaffilee oliitti eeraman keessatti barattoonni deebii garaagaraa waan kennaniif hordofuun sirreessi.

(C)

1.B	4. C
2. A	5.F
3. D	

Yaadannoo

Sababa jechuun ka'umsa waan tokkoo yoo ta'u, bu'aa kan jedhamu immoo firii waan argame sanaati. Firiin kunis,miidhaa yookiin kan faayidaa ibsu ta'uu danda'a.Hima sababaafi bu'aadhaan ijaarame keessatti jechi ce'umsaa jiraachuu danda'a. Hima sababaafi bu'aadhaan ijaarame keessatti jechoonni akka ce'umsaatti tajaajilan kanneen armaan gadiii.

Isaanis: yoo,waan ta'eef, akkasumas, dabalataanis,kanaafuu kan jedhamanidha. Fakkeenyaaf, Yoo miseensi maatii dabale,baay'inni uummataa nidabala.

Jabaatee waan hojjeteef, hiyyummaa keessaa bahe.

Jechoonni himoota armaan olii keessatti jala muraman jechoota ce'umsaati. Jechoonni kunis hima keessaa hafnaan himni guutuu akka hintaane godha. Gama biraatiin, jechoonni ce'umsaa yaanni tokko gara yaada isa biraatti ce'uu kan dandeessisu yoo ta'u, dabalataanis taateen tokko tartiiba eegee gara isa biraatti akka ce'u godha.

Gilgaala 12. Shaakala Gaalee

(A)

1.Gaalee durduubee

2. Gaalee maqaa

3. gaalee maqaa

4. gaalee maqaa

5. Gaalee durduubee

6. Gaalee maqibsii

7. Gaalee gochimaa

8. Gaalee maqaa

9. Gaalee maqaa

10. Gaalee maqaa

(B)

1. amalaan gaarii(Gaalee maqibsii)

2.mana dhagaa ijaare(Gaalee gochimaa)

3. qabeenya namaa(Gaalee maqaa)

4.Gara Finfinneetti(gaalee durduubee)

5. Biqiloota hedduu dhaabani.(Gaalee gochimaa)

(C)

1. B

2. A

3.B

4.A

5.B

6.A

Yaadannoo Gaalee

Gaaleen wal hammannaa jechootaa hojii tokko hojjetan ta'ee ergaa guutuu dabarsu tuuta jechootaa ta'ee kan qofaatti ergaa guutuu hindabarsineefi guuttuu ykn qaama himaa ta'uun kan tajaajiludha.

- Tuuta jechootaa hima tokko keessatti qaama tokko ta'uun unkaa/caasaa hiika-qabeessaaf kan gumaachudha. Gaaleen kan inni hiika mataasaafi ifa

ta'e qabaatu wayita gaalee gochimaa ta'u qofaadha. Sababnisaas, gaaleen gochimaa mathimnisaa dhokatee kan argamu ta'us, hima ta'uu waan danda'uuf.

Gosoota Gaalee

Gosa/maqaa gaalee tokko murteessuuf inni bu'uuraa mataa gaalee sanaa beekuun murteessaadha.

A. **Gaalee maqaa:**Gaaleen maqaa kan mataan isaa maqaa ta'e,yookiin maqaadhaan ogganamudha.

Fakkeenyaaf, Buna Jimmaa
Mana citaa
Sa'a aannanii

Mataan gaalee gaaleewwan kanneenii: ***" buna" "mana " fi "sa'a"*** kanneen jedhamanidha. Gama biraatiin gaaleen maqaa maqaafi maqibsarraa ijaaramuu danda'a.

Fkkeenyaaf, Konkolaataa adii
Hoolaa gurraacha
Mana bal'aa

B. Gaalee maqibsii: Tuuta gaalee sana ijaaran keessaa kan mataan gaalichaa maqibsii ta'edha. agarsiisa.

Fakkeenyaaf, magaala qal'aa
Baay''ee cimtuu
Barnootaan cimtuu

Fkn. (a) Galaaneen ***hojiisheetti baay'ee cimtuu****dha*. Mataan gaalee kanaa jecha **"cimtuu"** jedhudha.

C. Gaalee durduubee

- Tuuta jechoota sana ijaaran keessaa kan mataan gaalee sanaa durduubee ta'e jechuudha.

Fkn. a. Caaltuun ***gara finfinnee*** deemte.

b. Oromoon odaa jalatti seera tuma.

Δ. Gaalee gochimaa : gaaleen gochimaa gaalee mataan isaa gochima ta'edha.

Fakkeenyaaf ,

a. Taliileen **buddeen xaafii tolchite**.

b. Moosisaan **buna <u>danfise</u>.**

Gaafiiwwan Keessa Deebii

1. Gaalee jechuun maal jechuudha?
2. Hima ceelaa jechuun maal jechuudha?
3. Seenaa jireenyaa jechuun maal jechuudha?

Jechamoota armaan gadiif deebii sirrii ta'e kenni.

4. Abbaa malaa_____
5. Ceekuurra taa'e_____
6. Ceekuu madeesse_____
7. Ciimmaa haqate_____
8. Dosee bane_____
9. Deemee dhaabbate_____
10. Dhadhaa ibidda bu'e_____
11. Ijaafi adaamii_____
12. Sabbata hiikkatte_____
13. Dorrobaa qale_____
14. Cuubee qare_____
15. Cirracha lakkaaa'e_____
16. Eeboo qare_____
17. Erbee rarate_____
18. Faana dhahe_____
19. Foxooree yaabbate_____

7.Madaallii:

Dhaggeeffachuufi dubbachuu:

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha.

Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif

mallattoodhaan kan
dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha

7.1. Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

7.1.1. Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.

7.1.2. Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

• Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif. Afee/dubbisa " Daraartuu Tulluu'' jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu. Barreeffamicha si'a lama irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

7.1.3.Dhaggeeffachuun Booda

• Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.
• Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.
• Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa
gabbisan shaakalsiisi.

Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni waan dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hunda dareef haa gabaasan.

7.1.4. Dubbisa Duraa

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi.

Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa mata-duree 'Looreet Piroofeesar Gabbisaa Ejjetaa jedhu dubbisanii irraati akka mari'atan godhi. Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

7.1.5. Yeroo Dubbisuu

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

7.1.6. Dubbisa Booda

Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi

1.2. Caasluga boqonnaa kana keessatti dhiyaatan haala qajeelfama gilgaala dhiyaateen barattoonni sirriitti hubatanii deebisuu isaanii mirkaneeffadhu. Jechoota dhiyaataniif hiika isaan akka galumsatti hubachuu mirkaneeffadhu. Jechamootaa hiika kennuu akka danda'an taasisi.

1.3. Seenaa jireenyaa nama beekamaa tokkoofi seenaa isaanii barreessuu akka danda'an mirkaneeffadhu. Kanuma wajjin himoota sababaafi bu'aa of keessaa qaban akka addaan baafatan godhi.Akkasumas, gaalee maqaa hubachuu isaanii mirkaneeffadhu.

BOQONNAA SHAN: BISHAANIIFI FAAYIDAA ISAA (WAYITTII 9)
DHEERINA WAYITII:40’

Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni faayidaa bishaanii jedhu irratti waliin dubbii gaggeessu. Akkasumas, sababaafi bu’aan maal akka ta’e nihubatu. Himoonni ceelaa akkamitti akka ijaaraman hima qindeessanii barreessu. Caasaa bu’uura afaan dhaloota isaanii adda baasu. Hiika jechootaa akkaataa galumsa isaaniitiin kaa’uuf jechootatti fayyadamu.

Kaayyoo : Xmura Boqonnaa kanaatti :

- Afee/dubbisa dhiyaate sirriitti dhaggeeffachuun hubatu.
- Waa’ee odeeffannoo salphaa gaafatu.
- Afee/dubbisa dhiyaate hubatanii hariiroo/ sababaafi bu’aa adda baasu.
- Barruu seenessaa barreessu.
- Hiika kallattii jechootaa addaan baasanii ibsu.
- Himoota ceelaa adda baasu.

2.Qabiyyee:

- Dhaggeeffachuu
- Dubbachuu
- Waliin dubbii
- Dubbisuu
- Sababaafi bu’aa
- Barreessuu
- Fayyadama jechootaa
- Himoota ceelaa
- Seerluga

3.Mala baruu-barsiisuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa qabiyyee barattoonni barachuuf jiran wanta isaan beekan wajjin walqabsiisuuf. Kanaafuu, barattoonni wanta isaaniitti fakkaatu, gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuu yaali. Kana gochuun ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu akka horatan taasisa. Kana booda, qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

(B)

a. kennuu
b. tokko ta'ee
c. jalqaba
d. biyya ormaa

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

(A)

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa
4. Soba
5. Soba

(B)

1. B
2. A
3. C
4. A
5. C

Laga Hawaas

Lagni Hawaas qabeenya biyyi keenya qabdu keessaa isa tokkodha. Ka'umsi isaas Finfinnee irraa gara lixaatti 90km fagaattee kan argamtu magaalaa Giincii maddiidha.

Lagni kun gara 1200km kan dheeratu yoo ta'u, Dheerina isaas laggeen biyya keenya keessa jiran keessaa sadarkaa lammaffaa isa taasisa. Hawaas adeemsa dheeraa taasisus biyya isaa dhiisee gara biyya ambaa hinseenu. Biyyoo biyya abbaa isaas asumatti uummata biyya isaatiif hira. Kana malees,Hawaas uummata biyya isaatiif faayidaalee adda addaa kennaa jira.

Hawaas misooma biyyaatiif karaalee adda addaa hedduun gumaachaa jira. Kunis,madda elektiriikii maddisiisuu, jallisiitti fayyadamuun kuduraaleefi muduraalee oomishuufi kkf oola. Iddoowwan daawwattoota ofitti harkisan kanneen bishaan isaatiin walqabatanii jiranis baayyeedha.Isaan keessaa kanneen akka Fincaa'aa Malkaa Garbaa,Malkaa Qunxurree,Gootuufii paarkiiwwan bineensotaa ededa isaa irratti argaman nijiru.Iddoowwan kunniin daawwachuuf daawwattoonni yookiin turistoonni bakka adda addaatii dhufu.daawwachuufis qarshii guddaa kaffalu.

Kana malees Hawaas gama oomisha qonnaa guddisuutiin tumsa olaanaa taasisaa jira. Kunis yeroo bonaa oomisha bonee keessatti gahee guddaa taphata.Hawaas hededa gara oliitii fidee qonnaan bultoota ededa isaa jiraatan irratti tuula.Isaanis bishaan isaa fayyadamuudhaan tima sana irratti biqiltoota akka shonkooraa oomishuuf tajaajila kennaa jira.

Gabaabumatti, Hawaas tuu rizimii babal'isuufi humna elektiriikii maddisiisuun biyyi keenya akka irraa fayyadamtu taasisee jira.Akkasumas, oomisha shokooraafi bonee keessattillee gaheen isaa guddaadha.kana waan ta'eef ,nuti lammileen biyya kanaa harka walqabachuun qabeenya uumamaa kanaaf eegumsa haataasifnu ;haadinqisiifannu;itti haafayyadamnu; namoota dhimma kana irratti hubannoo hinqabneefis barumsa haalaannu.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun boodaa

A.Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni odeeffannoo barreeffamicharraa argataniifi beekumsa isaanii waliigalaa walitti fiduun hubannoo isaanii akka cimsatan go-chuuf waan ta'eef, gilgaala isaanii bal'inaan akka ibsatan jajjabeessi.

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka' u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni ibsan jajjabeessuudha. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

(A)

1. Dhugaa
2. Soba
3.Dhugaa
4. Soba
5. Soba
6. Dhugaa
7. Soba
8.Soba

(B)

1. B
2. A
3. C
4. B
5. A
6. A
7. C

8. C
9. A
10. B

(C)

1. Hundi
2. Quubsaa
3. Faayidaa
4. Fayyaalessa
5. Nyaata
6. Guyyaa
7. Fayyada
8. Burqaa
9. Gahee
10. Caalaatti
11. kunuunsinee

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka' u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni ibsan jajjabeessuudha. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

B. Kaayyoon guddaan waliin dubbii kanaa barattoonni muuxannoo isaanii akka waljijjiiraniifi dandeettii dubbachuu isaanii akka gonfatan gochuudha. Kana gochuuf, immoo kitaaba barattootaa keessatti gilgaalonni gaaffiiwwan gareedhaan mari'atanii akka dareedhaaf gabaasan taasisu kennamee jira. Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kan eegamus barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha.

1B. Bishaan kan argamu: rooba, burqaa lafa keessaa yaa'u fa'adha.

2B. Uffata, mana, meeshaalee garaagaraa, qaama namaafi kkf.

3B. dhugaatiif,bashannanaaf, madda elektiriikiitiif, geejjibaaf,qurxummii horsiisuuf.

4B. Laaki. Bishaan lubbu-qabeeyyii mara fayyada.

5B. Qurxummii, Naacha, Roobii, Fattee.

6B.Bidiruu,doonii,yabala tolfachuun.

7B.Haraafi Laggeen gurguddoo irra deemu

8B. Hara Danbal,Xaanaa, Abijaataa fa'adha.

(C)

1.A

2. H

3.B

4. D

5. C

6.E

7. G

8.J

9.F

10.I

(D)

1. sababa:qulqullina qaamaafi naannoo eeggachuu dhabuu

Bu'aa:dhukkubaaf saaxilamuu

2.Sababa:Biyyi keenya bishaan gahaafi qilleensa gahaa qabaachuu

Bu'aa: jireenyaaf mijattuu ta'uu

3. Sababa:Jabaannee hojjechuu yoo baanne

Bu'aa:rakkinni nutty hammaata

4. Sababa:roobni gahaa roobuu

Bu'aa:oomshni toluu

5.Sababa:quufan malee hinutaalan

Bu'aa:utaalan malee hin cabani.

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Barreessuu

Barruu Seenessaa

A. Jireenyi Jireenyaa bu'aa bahiin kan guutame ture. Waggaa afran har'aa,

haati warraa isaafi daa'imman isaa lama Haramaayaa irraa gara Finfinnee deemaa osoo jiranii balaa konkolaataan du'an. Waggaa lama booda immoo, haati isaafi abbaan isaa utuu daandii ce'aa jiranii konkolaataa jala bu'uu isaaniitiin lubbuun abbaa isaa battalatti yoo darbu, haati isaa immoo Hospitaalaa Adaamaatti yaalii irra otoo jirtuu abbaan isaa erga boqotee ji'a lamaan booda boqotte.

Gaddi hundi walitti daddabalamuusaatiin, Jireenyaan dhukkuba sammuutiif saaxila ba'e. Waggaa har'aa, mana yaalaa deemuudhaan wal'aansa argachuu yaalii yoo godhee illee ,milkaa'uu hindandeenye. Ogeessoonni fayyaa hatattamaan biyya alaatti yaalamuu akka qabu itti himan. Haa ta'u malee, kaffaltii wal'aansaa waan kaffaluu hindandeenyeef ji'a sadi dura lubbuun isaa darbeera.

Obboleettiin inni qabu tokkittiin gadda cimaa ishee qaqqabeen, ' Jireenyaa haadhookoo otoo ati naaf jirta jedhuu atis dukkana limixiitti na gattee?" jettee otoo boossuu torban tokko booda magaalaa Finfinneetti badde.

(B)

Gilgaala kana jalatti barattoonni barruu seenessaa keeyyata sadi qabu akka barreessan jajjabeessuudha. Yaanni barattoonni dandeettii barreessuu isaanii waan gabbisuuf hundi isaanii akka barreessan taasisi.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

(A)

1.D

2. F

3.B

4. C

5. A

6. E

(B)

1.F

2. D

3.E

4.B

5.A

6. C

C. Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka' u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni ibsan jajjabeessuudha.

1.dhuguu,waraabuu

2. dhaabuu,kunuunsuu

3.arjoomuu/gumaachuu

4. eeguu

5.qopheessuu,nyaachuu

6.moggaasuu,balleessuu

7.kunuunsuu

8.yaalamuu

9. oolchuu

10. barnootaa,ciisichaa,nyaataa

(D)

1.Bishaan

2.biqiltuu

3.buddeen

4.faayidaa

5.naannoo

6.qopheeffachuu

7. qaama

8.ogeeyyiin

9. humni

10.dhiibbaa

(E) **Gilgaala kana** jalatti barattoonni hima ijaaruu akka danda'an jajjabeessuudha.

Barannoo Shan: Caasluga

Gilgaala 9:Shaakala Hima Ceelaa

(A)

1. Mukti murame
2. Buddeen tolfame
3. Sareen waraanname
4. Barattoonni waamaman
5. Ittoon hojjetame

(B) Gilgaala kana jalatti barattoonni hima ijaaruu akka danda'an jajjabeessuudha

Yaadannoo Hima Ceelaa

Gochi tokko yemmuu matima irratti raawwatamu gochima irratti latii (-am-)maxxansuudhaan gara gochima ceelaatti jijjiirama. Kun ammo himni raawwatamaa irraawwatama /aantima/ irratti xiyyeeffachuu agarsiisa.

Fakkeenya.

1. Jaagamaan lafa qote . Lafti qotame.
2. Fayyisaan saree waraane Sareen waraanamte.
3. Laliseen buddeen tolchite. Buddeen tolfame.

Fkn. Badhaasaan leenca ajjeese.

Himni kun hima ce'eedha.

1. Magartuun lukkuu gurgurte. Himni kun hima ce'aadha.

Gochima himni kun gara hima ceelaatti yemmuu jijjiiramu

Lukkuun magartuudhaan gurguramte .Magartuun matima haatatu malee caasaadhaan garuu irraawwatama hima kanaati. Magartuun hiikaan matima.dhamjechi '**–dhaan'** maqaarratti fufame qaama gocha sana raawwatedha. Gochimni gurgurte jedhu dhamjecha raawwatamaa

(-am-) jedhu fudhachuudhaan gara gochima raawwatamaa gurgur-**am-t-e** jedhuutti jijjirameera.

Fkn. Gochima raawwatamaa 'gurguramte' jedhu yemmuu caasessinu

Gurgur- hundee jechaati

'-am-' Raawwatama uumamtee

'-t-' koorniyaa agarsiifti.

'-e'n henna darbe agarsiifti.

Gaaffiwwan Keessa Deebii

A. Himmota armaan gadii keessatti jechoota jala sararamaniif hiika isaanii kenni.

1. Dubbii qabbaneessi malee hinho'isiin.
2. Qaama keenya keessaa bishaan harka olaanaatu jira**.**
3. Nyaanni madaalawaan nama gabbisa.
4. Bishaan gahaa dhuguun nyaataa dugdaa hir'isa.
5. Lubbu-qabeeyyiin marti jiraachuuf bishaan isaan barbaachisa.

B. Jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararamaniif hiika isaanii kenni.

1. Mana qulqulleessuun fayyaa ofii eeggachuuf gargaara.
2. Dubbii dubbachuun dura madda isaa qulqulleessuun barbaachisaadha.
3. Barumsi madda beekumsaati.
4. Bishaan lafa keessaa madda.
5. Tolaan dhibee koronaa qoratamee bilisa ta'e.
6. Haqni bilisa nama baasa.
7. Sabboontuun qabxii olaanaa galmeessite.
8. Bishaan gahaa dhuguun fayyaa namaaf bakka olaanaa qaba.
9. Daangaa biyya ofii eeguun dirqama lammiiti.
10. Qulqullina ofii eeguun barbaachisaadha.

Gaaffilee shaakalaa Hiibboo

Hiibboowwan armaan gadii deebisi.

1. Lafee hinqabu; ija hindhabu._____
2. Haati lafa dhiitti; ilmoon haadha dhiitti._____
3. Ilmoon nideemna nideemna jetti; haati niteenya jetti._____
4. Gabaa hindhaqxu; dhadhaa hindhabdu._____
5. Ganama iyyeessa galgala sooressa._____
6. Ani lafan sikaa'e; maaltu Waaqa irra sibaase?_____

7. Asuma taa'ee walitti qaba._____
8. Aakka ayyana keenyaa allayyaarra teenya._____
9. Yoo ergan nifagaatti; yoo waaman nidhiyaatti._____
10. Adii dhala gurraacha hoosisa,diimaa guddifata._____
11. Abbaa gabaabaan lafa jala daldala._____
12. Afur taatee boolla tokkotti fincoofti. _____
13. Abbaan garbee iyyaa darbe._____
14. Isuma tumu; isumaan qabu._____
15. Akaayii ishee hin nyaatan gaaddidduu ishee jala hin taa'an._____
16. Bifaan walfakkaatti; hojiin walii adda._____
17. Abbaas hin fakkaatu; haadhas hinfakkaatu._____
18. Fuuldura mootii teessee fincoofti._____
19. Ulee abbaan koo naaf kenne hincabus,hindabus_____
20. Luka afur qaba; laga hince'u._____
21. Tokko ganama jibba;tokko galgala jibba;tokko ganna jibba_____
22. Fayyaa du'aa dhalu;du'aa fayyaa dhalu._____
23. Bishaan buutu xubulluq hinjettu;daggala seentu shokok hinjettu._____
24. Haayyoo burxeen karaatti duute_____
25. Soba dhugaa fakkaatu._____
26. Ani anuma; hin nyaadhu hindhugu._____

6. Madaallii:

6.1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu:

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha. Qajeelfamoonni kunneen immoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha

6.1.1.Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

6.1.1.1. Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.

6.1.1.2. Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

• Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif. Afee/dubbisa " Laga Hawaas" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.

Barreeffamicha si'a lama irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

6.1.1.3. Dhaggeeffachuun Booda

• Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.

• Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.

• Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa
gabbisan shaakalsiisi.

Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni waan dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hunda dareef haa gabaasan.

6.2. Dubbisuufi Dhubbachuu:

6.2.1. Dubbisa Duraa

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa

mataduree ‘Faayidaa Bishaanii’ jedhu dubbisanii irratti akka mari’atan godhi. Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

6.2.2. Yeroo Dubbisuu

Yaanni ka’u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta’uuf, akka mari’atan taasisi.

6.2.3. Dubbisa Booda

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka’u waan ta’eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu.

Yaanni ka’u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta’uuf, akka mari’atan taasisi.

Waliin Dubbii

Waliin dubbiin kan qophaa’u akka barattoonni ogummaa of ibsuu gabbifatan, ofitti amanamummaa horatan, jechootaafi caasaalee afaanichaa shaakalan gargaara.

Xiyyeeffannoon isaa garuu ogummaa dubbachuufi dhaggeefachuu gabbisuurratti ta’a. Akkuma ija jabinaafi ofitti amanamummaa horachaa deemaniin ogummaa do’ii qopheessuufi isa qophaa’e keessatti qooda fudhachuun bashannansiisuu horachaa deemu.

Faayidaa waliin dubbii ogummaa dubbachuu barsiisuu keessatti:

- Barattoota waan giddugaleessa taasifatuuf barattoonni hojii isaaniirraa baratu.
- Ogummaa dhaggeefachuu barattotaa gabbisa.
- Barattoonni waan dhugaafi hiika qabeessa ta’e akka dalagan taasisa.
- Afaanicharratti akka barattoonni ga’umsa dubbii horatan gargaara.
- Ogummaa dubbisuufi barreessuu horachuuf jara qopheessa.
- Ofitti amanamummaa gonfachiisa.
- Barumsicharratti akka barattoonni fedhii horatan taasisa.
- Hiika gaaleewwaniifi cirowwan guutummatti akka argatan godha.
- Hiikni jechoota haaraafi wkf akka barataman karaa saaqa.

6.3. Fayyadama Jechootaa:

Barattoonni hiika jechootaa adda baafachuu isaanii gaafachuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisi.

6.4. Barreessuu:

Barattoonni barruu seenessaa keeyyata sadii of keessaa qabu barreessisuun mirkaneeffachuun duub deebii kenniif.

Fakkii

Fakkiin odeeffannoo fudhachuufis ta'ee dabarsuuf ga'ee guddaa qaba. Akka barattoonni
ogummaa fakkii dubbisuu horatan taasisuuf barsiisaan gilgaalota qopheessuun keessatti hirmaachisuu qaba.
Gilgaalonni qophaa'an kun immoo, fakkii dhiyeessuun akka barattoonni barreeffamatti
jijjiiran ykn barreeffama gara fakkiitti jijjiiramu tokko dhiyeessuun akka isaan yaada
barreeffamicha fakkiitti jijiiruu danda'an taasisuu qabu. Kun ammoo, ogummaa waan
ilaalan tokko ibsuufi.

6.5. Caasluga:

Barattoonni himaa ceelaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

BOQONNAA JAHA
DADDABARSA DHALA NAMAA (WAYITII 9)

DHEERINA WAYITII 40'

Seensa

Boqonnaan kun barattoonni ogummaa dhaggeeffachuu ogummaawwan kaaniin walsimsiisuun gabbifatan taasisuurratti xiyyeefata. Kana gochuufis, hiika galumsa jechootaa dhiyeesuun waa'ee waan dhaggeeffachuuf deeman dursanii akka itti yaadan taasifamee jira. Kana malees, ogumaamawwan akka dubbachuu, dubbisuu, fayyadama jechootaa keessatti jechoota hiika dhokataa qaban akka hubatan gochuufi caasluga keessatti immoo akkaataa barruu addeessaa iiti barreessan of keessatti haammata. Kanaafuu, barattoonnis akka hubatan haala mijeessi.

1. **Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti:**

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun dhiyaate xiinxalu.
- Mata duree kennamerratti ofitti amanamummaan hiriyoota isaanii waliin haasa'u.
- Afee/dubbisa dhiyaatee gahumsaan dubbisu.
- Waa'ee caasaa barruu addeessaa barreessanii xiinxalu
- Hiika dhokataa jechootaa adda baasuun ibsu.
- Gosoota himootaa tajaajila isaanii irratti hundaa'uun adda baasu.

2. **Qabiyyee:**

- Dhaggeeffachuu
- Dubbachuu
- Dubbisuu
- Barreessuu
- Fayyadama jechoota
- Caasluga
- Gosoota himaa tajaajilaan

1. Mala Baruu-barsiisuu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa qabiyyee barattoonni barachuuf jiran waan isaan beekan wajjin walqabsiisu. Kanaafuu, kanatu sirriidha; kun immoo dogoggora osoo hinjedhiin barattoonni waan isaanitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu yaali. Kana gochuun akka ogummaa dubbachuufi ija jabina akka horatan taasisa. Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuun barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf, jechoota hubannoo barattootaa gadi buusuu danda'u jettu hiika isaa itti himi.

Deebii 'B'

α. Hawwii

b. Humnaan

c. Afaan qabuu/akka hindubbanne/ akka hiniyyine

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Deebii (A)

1.Soba

2. Dhugaa

3. Soba

4. Soba

5.Dhugaa

Waliin dubbii barsiistuu Biliseefi barattuu Taliilee gidduutti adeemsifame.

Barsiistuu: Taliilee, nagaa bultee?

Taliilee: Nagaa galata Waaqayyoo!barsiistu.

Barsiistuu: Si iyyaafachaan ture.Maal taatee mana barumsaa hafte?

Taliilee: Dhimma wayii jalqabeen ;xumurachuuf asiif achi fiigaa jira.

Barsiistuu: Dhimma maali?

Taliilee: Biyya alaan deema jedheeni.

Barsiistuu: Barumsa kee addaan kuttee moo?

Taliilee : Maalan godha? nama nagargaarun dhabe.

Barsiistuu: Maatii hinqabduu?

Taliilee : Maatiin koo harka qal'eeyyiidha.

Barsiistuu:Eenyutu sigargaaraa jiraree?

Taliilee: Mana namaa taa'een barachaa jira.

Barsiistuu: Umurii kanatti moo?

Taliilee: Maalan godharee?Kanaafan biyya alaa deemuu fedhe.

Barsiistuu: Isa niqaqqabda; dura barumsa kee baradhu.

Taliilee :Lakki,deemee ofiifi warra kiyyaaf dabarsuun barbaada.

Barsiistuu:Biyyaa alaatii waan addaa maal argatta?

Taliilee: Achitti qarshiin Doolaaraan argama jedhan.

Barsiistuu: Eenyutu akkas siin jedhe Taliilee?

Taliilee:Namoota hojjataafi hojii walquunnamsiisani.

Barsiistuu: Kanumaa ta'ee karaa kam deemta?

Taliilee: Karaa seera qabeessati naan jedhani.

Barsiistuu :Isaan waliin haasoftee beektaa?

Taliilee :Bilbilaan malee qaamaan miti.

Barsiistuu :Waan kun hammam amanamaadha?

Taliilee:Boru koottu naan jedhan dhaqeen ilaala.

Barsiistuu: Lakkii, karaa seeraaan alaa ta'uu danda'aa?

Taliilee :Eeyyeen;anuu shakkeera.Ta'us karuma sanan deema?

Barsiistuu:Maaliif?

Taliilee: Karaa seera qabeessaa deemuuf qarshii hin qabu.

Barsiistuu:Namoota karaa seeraan alaa deemanii rakkoon irra ga'eefi lubbuu isaanii dhaban hindhageenyee?

Taliilee : Maal naaf wayyaa?

Barsiistuu: Asumatti haala siif mijeessina malee si ukkaamsuuyyuu danda'u.

Taliilee: Tole barsiistuu ,galatoomaa!

Barsiistuu:Gorsa koo waan dhageesseef galatoomi!.

(B)

1. Nagaa galata Waaqayyoo!barsiistu
3. Dhimma maali?
5. Maatii hinqabdumoo?
6. Mana namaa taa'een barachaa jira.
9. Achii qarshiin akka salphaatti argama jedhani.
11. Karaa seera qabeessati naan jedhani.
13. Waan kun hammam amanamaadha?
14. Eeyyeen;anuu shakkeera.Ta'us karuma sanan deema?
17. Tole barsiistuu ,galatooma!

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gulantaa kun barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu waan qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an bakka itti taasistudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjechiisi. Gaaffiiwwan gilgaala kana jala jiran deebii tokko qofa hinqaban. Iddoon kun iddoo yaanni dhuunfaan itti calaqqisu waan ta'eef, barattoonni tokko tokkoon gaaffiiwwaniif akka yaada mataa isaanii calaqqisiisan taasisuun xumura irratti yaada waliigalaa ta'e tokko kenniif.

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Kaayyoon guddaan dubbisa kanaa akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata-duree dubbisichaatti fidan gochuudha. Kana gochuuf immoo barattoonni gaaffiiwwan gareedhaan mari'atanii akka dareedhaaf gabaasan taasisi jira. Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-4 dhiyaatan haalaan irratti mari'achiisi. Deebiin barattootaa kan kallattii adda addaa ta'uu mala. Kan eegamus barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha. Yaanni kanaan gaditti ka'es deebii barattoonni kennan keessaa tokko ta'uu danda'a.

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Deebii

(A)

1. Soba
2. Dhugaa
3. Soba
4. Dhugaa
5. Soba

(B)

1. C
2. D
3.B
4. A
5. C

(C)

a. Sooromuu
b. Baay'inaan
c. laayyootti
d. iddoo
e. galmaan gahachuu
f. hojjetamu
g. afaan qabuu/akka hindubbanne/ akka hiniyyine

Deebii(D)

1. K
2. I
3. H
4. J
5.G
6. D
7. A
8.F
9.C
10. B

(E)

1. E
2. H
3. A
4. I
5. J
6. F
7. D
8. B
9. G
10. C

(F)

1.hojjetan
2. sadarkaa
3. Baasii
4. Guuttachuuf
5. Bal'inaan
6. Humnaan
7. Daddabarsi
8. Qabeenya
9. Gaafatamaa
10. xumuramu

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni ibsan jajjabeessuudha. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Barruu Addeessaa

Deebii(A)

1. Miidhagina Mooneet
2. Waa'ee Moonet
3. Afur

(B)

1. funyaan bareedaa
2. kan morma bareeddu
3. kan baay'ee ifu
4. gateettii
5. bareedee,faayamee
6. rifeensa luuccaa
7. Kan hawwisiisu/gojomaasisu
8. naatoo

C. Barattoonni mata duree kennameef keessaa filachuun barruu addeessaa keeyyata sadii qabu akka barreessan jajjabeessi. Barreessuu isaanii mirkaneeffachuun duubdeebii kenniif.

Gilgaala 7(C) barruu isaaniif kenname ilaaluun barruu addeessaa keeyyata sadii qabu akka barreessan godhi.

Qabxiilee bu'uuraa	Gaaffii	Deebii
Maqaa	Maqaan kee eenyu?	Boontuu
Umrii	Umriin kee meeqa?	15
Kutaa	Kutaa meeqa baratta?	7
Bakka dhalootaa	Eessatti dhalatte?	Finfinnee
Bara dhalootaa	Bara meeqa dhalatte?	1998
Maqaa Maatii: Abbaa Haadha	Maqaan abbaa kee eenyu? Maqaan haadha kee eenyu?	Irranaa Buusii Magartuu Tolaa
Haala hojii maatii: Abbaa Haadha	Abbaan kee maal hojjeta? Haati kee hoo?	Hojjettoota moo-tummaa

Hojii yeroo boqonnaa	Yeroo boqonnaa kee maal hojjetta?	Asoosman dub-bisa
Karoora gara fuulduraa	Gara fuulduraatti maal ta'uu hawwita?	Doktara

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

Deebii Gilgaala 8(A)

1. maqaa gaarii, beekamaa
2. kan mala beeku/kan irratti hin beekamne
3. qabee kan hingadhiisne
4. bareedduu
5. sagalee miidhagaa
6. jibbamaa
7. falfalaa
8. dawoo
9. dadhabaa
10. dafee kan hinfayyine
11. goota,kan hinsodaanne
12. barii, subii
13. baa'ee ulfaataa
14. sanyii,qomoo
15. nyaatee kan hinquufne

(B)

Kaayyoon shaakala kanaa, barattoonni haala fayyadama jechootaa hubannoo akka cimsatan gochuuf waan ta'eef, hiika dhokataa jechootaa akka barreessanii dhiyeessan gochuun sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Yaadannoo

Hiika Jechootaa Dhokataa

Hiikni dhokataan jechootaa namoonni muxannoofi beekumsa dhuunfaa isaaniirratti hundaa'uun kan kennan ta'ee, namaa namatti, hawaasaa hawaasatti garaa garummaa niqabaata. Haala dubbataa hordofuudhaan kan hubatamu ta'ee, hiika jechamootaafi dubbii qolaa kan haammatudha.

Fakkeenya:

α) Rirma -kan malaan deemu
β) Haxxee - abshaala
χ) Ija - baay'ee barbaachisaa
δ) Gurra -basaastuu
ε) Ilbiisa-yartuu

Barannoo Shan:Caasluga

Gilgaala: 9, Shaakala himootaa tajaajila isaaniitiin

Deebii(A)

1. Hima himamsaa
2. Hima gaaffii
3. Hima ajajaa
4. Hima ajajaa
5. Hima raajeffannoo
6. Hima ajajaa
7. Hima gaaffii
8. Hima himamsaa
9. Hima gaaffii
10. Hima himamsaa
11. Hima raajeffannoo

(B) 1.

a. Ka'ii bahi!
b. Uffata kee miicci.
c. Bishaan waraabi!

d. Buna danfisi!
e. Mana qulqulleessi!

2.

a. Maal dubbiin akkasii!
b. Ishoo!Baga dhufte!
c. Yaa rabbi nabaasi!
d. Uggum!Akkam bareeddi!
e. Kaarruun ishee akkam miidhaga!

3a. umriin kee meeqa?
b. Eessa jiraatta?
c. Maqaan kee eenyu?
d. Maal hojjetta?

4a. Inni boru deema.
b. Taliileen barsiistuudha.
c. Tolasaan konkolaataa bite.
d. Boonsaan buna danfisa.
e. Hojii hojjechaa jira.

(C)

Waliin dubbii Dureessaafi Leensaa gidduutti taasifame.

1A. Gaaffii
1B. Himamsa, gaaffii
2A. Himamsa, gaaffii
2B. Himamsa
3A. Gaaffii, gaaffii
3B. Himamsa
4A. Gaaffii
4B. Himamsa
5A. Gaaffii
5B. Himamsa
6A. raajeffannoo
6B. Raajeffannoo, himamsa
7A. Himamsa

7B. Himamsa

Yaadannoo

Gosoota Himaa(Tajaajilaan)

Afaan Oromoo keessatti gosoota himoota adda addaatu jiru. Kanneen keessaa: hima himaamsa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajjeffannoo caqasuun nidanda'ama.

1. **Hima Himamsaa**

Himoonni kun waan dhugaa ta'e tokko ibsuuf gargaaru. Isaanis karaa lamaan ilaalamuu danda'u. Inni jalqabaa eeyyentaa yammuu ta'u, inni lammaaffaa immoo hi'eentaadha.'

Fkn: Eeyyentaa

a. Abeebeen laga bu'e.
b. Tufaan jabbii bite.
c. Isheen kophee bitatte.
d. Barattoonni daree jiru.

Fkn: Hi'eentaa

a. Ani hin dhufu.
b. Waan ati jettu kana hindhagahu.
c. Hojii manaa hinhojjedhu.

2. Hima Iyyaaffannoo/Gaafii

Gosni himaa kun gaafii gaaffachuun deebii barbaachisaa ta'e argachuuf gargaara.

Fkn:

a.Maaliif dhufte?
b. Kitaaba sana bittee?
c. Tolaan eessa jira?

3. Hima Ajajaa

Himni ajajaa ergaa ajajaa dabarsuurratti kan bu'uureeffatudha. Hima ajajaa haala

lamaan ilaaluu dandeenya. Gareen tokko gorsa kennu; warri kaan immoo yaada dirqama hojiirra oolu agarsiisu.

Kanneen yaada dirqamaa of keessaa qaban:

Fkn:

a. Tapha kana dhaabi!
b. Gara mana barumsaa deemi!
c. Balbala cufi!
d. Laga bu'i!
e. Bishaan waraabi!

Gorsaaf:

a. Qoricha kana liqimsi.
b. Ogeessa fayyaa haasofsiisi.
c. Bishaan dhugi.

4. Hima Raajeffannoo

Himni akkasii dinqisiiffannaa yookiin raajeeffannaa arginee, dhageenye yookiin nu qaqqabe ittiin ibsinuudha.

Fkn:

a.Kun ajaa'iba !
b. Maal waan akkasii !
c. Nan bade!
d. Akkam bareeddi!

Gaaffiiwwan Keessa Deebii

Hiika Jechootaafi gaaleewwanii gaditti kennamanii barbaadi.

1. Waliin jiraachuu
2. Loogummaa
3. Gammachiisuu
4. Waldhabdee
5. Murteessaa
6. Hawaasummaa
7. Hariiroo

8. Hirmaachisuu
9. Jijjiiruu
10. Fooyyessuu

B. **Hibboowwan armaan gadii deebii isaanii barreessi.**

1.Kan shantamni dhaabe,shantamni hinbuqqisu.
2. Yoo ergan nifagaata;yoo waaman nidhiyaata.
3. Haati nama ilaaltii ilmoon nama nyaatti.
4. Raanni gurraattiin qabee arraabdi.
5. Yoo nyaatu nijiraata; yoo dhugu nidu'a.
6. Horii hinqabdu ni elmatti.
7. Lafee hinqabuu ijjisaa dhibba.
8. Abbaan ijoollee shan qabaa,shananuu wal cinaa oolu.
9. Akka ayyaana keenyaa allayyaarra teenya.
10. Wajjin nyaannaa maaf huqqattaa?

6. Madaallii:

6.1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu:

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha.

Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan

dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha

6.2. Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

6.2.1. Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.

6.1.2.Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

• Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

Afee/dubbisa " Laga Hawaas" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.

Barreeffamicha si'a lama irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

Afee/dubbisa "waliin dubbii Barsiistuufi Taliilee" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.

Barreeffamicha si'a sadii irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi. Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni waan dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hunda dareef haa gabaasan.

6.1.3. Dhaggeeffachuun Booda

- Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.
- Hordoffii walitti fufiinsa qabu taasisi
- Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa

  gabbisan shaakalsiisi.

Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni waan dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hunda dareef haa gabaasan.

Waliin Dubbii

Waliin dubbiin kan qophaa'u akka barattoonni ogummaa of ibsuu gabbifatan, ofitti amanamummaa horatan, jechootaafi caasaalee afaanichaa shaakalan gargaara.

Xiyyeeffannoon isaa garuu ogummaa dubbachuufi dhaggeefachuu gabbisuurratti ta'a. Akkuma ija jabinaafi ofitti amanamummaa horachaa

deemaniin ogummaa do'ii qopheessuufi isa qophaa'e keessatti qooda fudhachuun bashannansiisuu horachaa deemu.

Faayidaa waliin dubbii ogummaa dubbachuu barsiisuu keessatti

- Barattoota waan giddugaleessa taasifatuuf barattoonni hojii isaaniirraa baratu.
- Ogummaa dhaggeefachuu barattotaa gabbisa.
- Barattoonni waan dhugaafi hiika qabeessa ta'e akka dalagan taasisa.
- Afaanicharratti akka barattoonni ga'umsa dubbii horatan gargaara.
- Ogummaa dubbisuufi barreessuu horachuuf jara qopheessa.
- Ofitti amanamummaa gonfachiisa.
- Barumsicharratti akka barattoonni fedhii horatan taasisa.
- Hiika gaaleewwaniifi cirowwan guutummatti akka argatan godha.
- Hiikni jechoota haaraafi wkf akka barataman karaa saaqa.

6.2. Dubbisuufi Dhubbachuu:

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa mataduree 'Daddabarsa dhala namaa' jedhu dubbisanii irraati akka mari'atan godhi. Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

6.3. Fayyadama Jechootaa:

Barattoonni hiika dhokataa jechootaa haaraa baratan adda baafachuu isaanii gaafachuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisi.

6.4. Barreessuu:

Barattoonni barruu addeessaa keeyyata sadii of keessaa qabu barreessisuun mirkaneeffachuun duub deebii kenniif.

6.5. Caasluga:

Barattoonni gosoota himaa tajaajila isaan kennaniin adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

BOQONNAA TORBA

HARIIROO HAWAASAA (WAYITII 12)

DHEERINA WAYITII 40’

Seensa

Boqonnaan kun barattoonni ogummaa dhaggeeffachuu ogummaawwan kaaniin walsimsiisuun gabbifatan taasisuurratti xiyyeefata. Kana gochuufis, hiika galumsa jechootaa dhiyeesuun waa’ee wanta dhaggeeffachuuf deemanii dursanii akka itti yaadan taasifamee jira. Kana malees, ogumaamawwan akka dubbachuu, dubbisuu, fayyadama jechootaa keessatti jechoota hiika dhokataa qaban akka hubatan gochuuf caasluga keessatti immoo akkaataa barruu addeessaa iiti barreessan of keessatti haammata. Kanaafuu, barattoonnis akka hubatan haala mijeessi.

1. Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti:

- Waa’ee afee/dubbisaa odeeffannoo kennu tokko sirritti dhaggeeffatu.
- Dhimmoota murataa’an irratti hirooyota isaaniitiin walii galu.
- Ibsoota jechamoota waliin deeman dubbisuun fayyadamu.
- Dubbisa mata duree garaa garaa of keessaa qabu uumu/barreessu.
- Jechoota hiika walfakkii isaanii waliin walitti firoomsu.
- Himoota tajaajila barreessu.

2. Qabiyyee:

- Dhaggeeffachuu
- Dubbachuu
- Dubbisuu
- Barreessuu
- Jechamoota
- Caasluga
- Himoota tajaajila isaaniitiin ijaaruu

3. Mala Baruu-barsiisuu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa qabiyyee barattoonni barachuuf jiran waan isaan beekan wajjin walqabsiisu. Kanaafuu, kanatu sirriidha; kun immoo dogoggora osoo hinjedhiin barattoonni waan isaanitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu yaali. Kana gochuun akka ogummaa dubbachuufi ija jabina akka horatan taasisa. Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf, jechoota hubannoo barattootaa cimsuu danda'u jettu hiika isaa itti himi.

Deebii 'B'

1. Amaleeffachuu
2. Haqa
3. Yaaluu

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Deebii (A)

1. Hariiroo
2. naamusa,kabajaafi ulfina
3. dhuunfaas, gamtaan
4. Jiruufi jireenya
5. kophaa
6. hariiroo uumuu
7. Gumaachu
8. furmaata barbaaduu
9. Walgargaaruu,wal utubuufi wal tumsuu
10. qoricha

(B)

1. tokkummaa
2. deeggaruu

3. uummata/jamaa
4. dawoo
5. hammaachuu/diduu
6. amala gaarii qabaachuu
7. walitti dhufeenya
8. ka'umsa
9. walitti fiduu
10. haala

Hawaasummaa

Hawaasummaan hariiroo waliin jireenya uummata tokkoti. Akkaataa waliin jireenyafi ooltee bultee hawaasa tokkoo jechuudha. Kunis, hawaasni tokko waldanda'ee, wal to'atee,walkabajee, walgargaaree,wal bira dhaabbachuun waliin jiraatu ibsa. Ilmi namaa hawaasummaa yookiin jireenya hawaasummaa keessatti dhugaa, jaalala namummaa,naamusa, kabajaafi ulfina akkasumas, gaarummaa aadeffachuu qaba.

Namni dhuunfaas ta'ee, hawaasni tokko hanga waliin jiraatutti wal sobuu hinqabu;dhugaa walii wal jalaa dhoksuu hinqabu;jaalala malee hammeenya walii yaaduu hinqabu; kabaja walii kennuutu barbaachisa jechuudha. Gama biraatiin, naamusa gaariin bakka walii kennee ulfinaan waliin jiraachuun barbaachisaadha. Waan ofii hawwan kan birootiif hawwaa,waan ofii jibban kan birootiifis otoo hin hawwiiin, waan gaariifi tolaa waliif yaadaa waliin jiraachuun waan filatamaa ta'edha.

Jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti ,inni tokko isa biraatiif dagaleedha. Tokko isa tokkotti waan hirkatuuf kophaa jiraachuun hindanda'amu. Kanaaf, namni tokko kophaa bahee jiraachuu waan hindandeenyeef gamtaa horachuun jireenya hawaasa tokkoof baay'ee barbaachisaadha. Namni tokko akka dhuunfaatti hawaasa keessa jiraachuuf waan gumaachu qaba. Rakkoo hawaasa isaa akka rakkoo isaatti fudhachuun furmaata barbaaduufi waan gaarii hawaasa isaa fayyadu hojjechuun irraa eegama. Hawaasni waliin jiraatu tokko

walgargaargaaruun,wal utubaniifi kan kufe kaasuun waltumsuus qabu. Namni tokko sababa garaagaraatiin yoo jireenyi itti cime utubee dhaabuudhaan kadhaa irraa isa oolchuu qaba. Namni namaaf qoricha waan ta'eef, ilmi namaa garaa walitti jabaachuu hinqabu.

Walumaagalatti, namni hariiroo uumee walgargaaruu,dhukkubsannaan walgaafachuu, wal wal'aanuufi kan walitti mufate walitti araarsuun gamtoomee jiraachuutu irraa eegama.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Deebii(A)

Barannoo 2: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gulantaa kun barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu waan qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an bakka itti taasistudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjechiisi. Gaaffiiwwan gilgaala kana jala jiran deebii tokko qofa hinqaban. Iddoon kun iddoo yaanni dhuunfaan itti calaqqisu waan ta'eef, barattoonni tokko tokkoon gaaffiiwwaniif akka yaada mataa isaanii calaqqisiisan taasisuun xumura irratti yaada waliigalaa ta'e tokko kenniif.

A. Kaayyoon guddaan dubbisa kanaa akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata-duree dubbisichaatti fidan gochuudha. Kana gochuuf immoo barattoonni gaaffiiwwan gareedhaan mari'atanii akka dareedhaaf gabaasan taasisi . Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-4 dhiyaatan haalaan irratti mari'achiisi. Deebiin barattootaa kan kallattii adda addaa ta'uu mala. Kan eegamus barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha. Yaanni kanaan gaditti ka'es deebii barattoonni kennan keessaa tokko ta'uu danda'a.

(B)

a. Adda qoodanii ilaaluu
b. Tokkummaa
c. Hariiroo

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Deebii(A)

1. Dhugaa

2. Dhugaa
3. Soba
4. Soba
5. Dhugaa
6. Soba
7. Soba
8. Dhugaa
9. Dhugaa
10. Soba

(B)

1.B
2. A
3. C
4. D
5. B
6. B
7. C
8. A
9.A
10.C

Gilgaala6: Shaakala Dubbisa Boodaa

(A)

1. G
2. I
3. D
4. H
5. A
6.B
7.C

8. F
9. K
10. E

(B)

1.yaada
2.Yeroo
3.Nageenyi
4. amanamummaa
5. walqixxummaa
6.waliin
7.hawaasummaa
8. jalalaan
9. bulmaata
10.gamtaa

(C)

1.Dhala namaa
2. Nama
3. Hariiroo hawaasaa
4.Qoodiinsa hariiroo hawaasaa
5. haqumaa, amanamummaa, walqixxummaa, nageenya fa'a.

(D)

1. Abbaafi haadha
   - ► maatiifi ijoollee
   - ► barataafi barsiisaa
   - ► hojjetaafi hojjechiisaa
2. Iftoomina qabaachuu
   - ► Waliigaltee
   - ► waldhabdee hiikuu
3. Walqixxummaa
   - ► haqummaa

- amanamummaa
- seeraafi heeraan buluu
- walkabajuu

4. kan boqote/du'e awwaaluu
   - sirna fuudhaafi heerumaa waliin gaggeessuu

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Keeyyata Barreessuu

Deebii(A)

Mata- duree garaa garaa isaaniif kenname ilaaluun barruu keeyyata sadii qabu akka barreessan godhi.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika jechootaa

Deebii Gilgaala 8 (A)

1. J
2. N
3. A
4. K
5. L
6. O
7. B
8. M
9. C
10. G
11. D
12.H
13.E
14. I
15.F

(B)

1. Dubbii qabsiise
2. Bayyanatte/wayyoofte
3. Fokkistuudha

4. Hojii hiike
5. Soorome
6. Boone
7. Of tuffachiise/ karaa qabsiise
8. Keessummaa
9. Gowwoomse
10. Dhiyoo
11. Hanqise
12. Huuqqataa
13. Waljaallatu
14. Hiyyeessa
15. Ni heerumte
16. Komii baafannoo

(C)

1. Killee duwwaa
2. Lafee cabse
3. Huccuu gate
4. Dhadhaa abidda bu'e
5. Gara laafeetti
6. Huuruu dhiibee
7. Qeeransa madaaye
8. Madaa mogolee
9. Bineensa ganamaa
10. Gurra namurte

Deebii (D)

1.C
2.D
3.A
4.A
5.B
6.B
7.A

8. B
9. C
10.A

Deebii(E)

1. gabaa hindaldaalani.
2. Hinarraabani
3.Waa cabsan
4. Fira keetti
5. Miilli ganamfata
6. Wal biratti fannisu
7. Saree ija hindhiqan
8. Waraabessa
9. Gabaabaan hulluuqa
10. Dhama raasu

Deebii(F)

1. Erga yeroon darbee waa hojjechuun bu'aa hinqabu
2. Waa ifaajan, waa argatan
3. Waan yeroo tokko nama mudate deebisuun rakkisaadha.
4. Kan boruuf hin yaanne waan argate battalatti fixa.
5. Akka baran malee akka baraatti hinbulani
6. Jaalalli jiraannaan waan xiqqootu nama gaha.
7. Kan gargaaru osoo hindadhabiin kan gargaaramu wal dadhaba.
8. Gowwaaf homtuu hinhilu
9. Gorsa namaa fudhachuu dhiisuun rakkoof nama saaxila.
10. Dhugaan qallattuyyuu hincittu.

Barannoo Shan:Caasluga

Gilgaala 9:Shaakala Himootaa

Deebii(A)

1.Hima himamsaa

a. hima gaaffii Boonsaan kitaaba dubbisaa?

b. hima ajajaa Boonsaa kitaaba dubbisi!

2. Hima himamsaa

a. hima gaaffii Roobsan barumsaan cimtuudhaa?

b. hima ajajaa Roobsan barumsaan cimi!

3. Hima raajeffannoo

a. hima gaaffii Qoricha kee hinliqimsinee?

b. hima ajajaa Qoricha kee liqimsi!

c.hima himamsaa Qoricha kee liqimsiteetta.

Gaaffiiwwan keessa Deebii

A. Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi. Gaaffiiwwan armaan gadiif deebii gaggabaabaa kennisiisi.

1. Jireenya hawaasummaa jechuun maal jechuudha?
2. Faayidaa hariiroon hawaasaa qabu maal fa'a?
3. Hariiroo hawaasaa beekamoo ta'an dareef ibsi.
4. Garaagarummaa jechoota(gamtaa, tokkummaa hariiroo,hawaasummaa) gidduu jiru barreessi.
5. Gosoota himaa tajaajila isaaniirratti hundaa'uun sadi sadi barreessi.

B. Jechamoota armaan gaditti kennamaan ibsuu kan danda'u filadhu.

1. Afaan ishee damma
   - A. Hamtuudha
   - B. Nama hinquqxu
   - C. Jaalatamtuudha
   - D. Obsituudha.
2. Funyaan bira.
   - A. Handaaraa
   - B. goodaa
   - C. Qarree
   - D. dhiyoo
3. Guduruudha
   - A. Beekaadha
   - B. Gurraacha
   - C. Daa'ima
   - D. hunduu sirriidha.
4. Ibiddi baayeef
   - A. Carraa argatte

B. Mirga argatte
C. Deessee
D. Heerumte

5. Madaa jaldeessaa ta'e
A. Dafee fayyuu dide
B. dafee fayyee
C. Baay'ee diimate
D. Olole

C. Gaaleefi jechoota himoota gadii keessaatti jala sararamaniif hiika galumsaa kenni.

1. Toltuun abbaa warraa isheef buqurii bakka hojiitti geessite.
2. Sabboonaan sirna irreechaa kabajuuf jala bultii Bishooftuutti gale.
3. Aadde Boontuun bososna qarree gamaatii muka guurti.
4. Wayyeessaan namoota waa'ee hiriryaasaa haasa'aniitti gurra kenne.
5. Dabalaan nisirba;hiriryoonni isaa immoo jalaa cooku.

D. Himoota armaan akkaataa tajaajila kennaniin barreessi.

1. Yoom dhalatte
2. Laliseen kaleessa dhufte
3. Kitaabni kun kan eenyuuti
4. Ka'ii meeshaa dhiqi
5. Feeneet gabaa deemte
6. Bariisaan eessa jiraata
7. Nama gaarii akkamii seete
8. Barumsa barachuun gaariidha.
9. Hojii manaa hojjedhu
10. Nan bade
11. Guyyaan har'aa maali
12. Deemii kophee bitadhu

7. Madaallii:

7.1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu:

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha. Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha

7.1.1. Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

7.1.1.1. Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.

7.1.1.2.Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

• Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

Afee/dubbisa " Laga Hawaas" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.

Barreeffamicha si'a lama irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

Afee/dubbisa " Hawaasummaa" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu. Barreeffamicha si'a lama irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

7.1.1.3.Dhaggeeffachuun Booda

• Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.

• Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.

• Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa gabbisan shaakalsiisi.

Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni waan dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hunda dareef haa gabaasan.

7.2. Dubbisuufi Dhubbachuu:

7.2.1. Dubbisa Duraa

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa mataduree 'Faayidaa Bishaanii' jedhu dubbisanii irraati akka mari'atan godhi. Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

7.2.2.Yeroo Dubbisuu

Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

7.2.3.Dubbisa Booda

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu.

Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

7.3. Fayyadama Jechootaa:

Barattoonni hiika jechoota walfakkaatanii walitti firoomsuu danda'uu isaanii gaafachuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisi.

7.4. Barreessuu:

Barattoonni barruu waa'ee barbaachisummaa hariiroo hawaasaa keeyyata sadii barreessisuun mirkaneeffachuun duub deebii kenniif.

7.5. Caasluga:

Barattoonni gosoota himaa tajaajila isaan kennan irratti hundaa'uun hima ijaaruu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

BOQONNAA SADDEET

ARAADA (WAYITII 12)

DHEERINA WAYITII 40’

Seensa

Boqonnaan kun barattoonni ogummaa dhaggeeffachuu ogummaawwan kaaniin walsimsiisuun gabbifatan taasisuurratti xiyyeefata. Kana gochuufis, hiika galumsa jechootaa dhiyeesuun waa’ee wanta dhaggeeffachuuf deemanii dursanii akka itti yaadan taasifamee jira. Kana malees, ogumaamawwan akka dubbachuu, dubbisuu, fayyadama jechootaa keessatti hiika jechoota walfakkaatanii akka hubatan gochuufi caasluga keessatti immoo akkaataa sirna tuqaalee iiti fayyadaman, hima dachaa itti ijaaran of keessatti haammata. Kanaafuu, barattoonnis akka hubatan haala mijeessi.

1. Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti:
   - ► ✧ Afee/dubbisa ‘Tamboo Xuuxuu’ jedhu dhaggeeffachuun barreeffama walfakkaatu qopheessu.
   - ► ✧ Dhaggeeffataa yaada haasawa isaanii qajeelfatu.
   - ► ✧ Yaada ijoo afee/dubbisaa ‘ Araada’ jedhu dubbisuun afaaniin gabaasu.
   - ► ✧ Barreeffama keessatti sirna tuqaaleetti gargaaramu.
   - ► ✧ Hiika galumsa jechoota walfakkaatanii ibsu.
   - ► ✧ Himoota dachaa ijaaru.
2. Qabiyyee:
   - ► Dhaggeeffachuu
   - ► Dubbachuu
   - ► Dubbisuu
   - ► Darreessuu
   - ► Dayyadama jechootaa
   - ► Daasluga
   - ► Dimoota dachaa ijaaruu

3. Mala Baruu-barsiisuu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa qabiyyee barattoonni barachuuf jiran waan isaan beekan wajjin walqabsiisu. Kanaafuu, kanatu sirriidha; kun immoo dogoggora osoo hinjedhiin barattoonni waan isaanitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu yaali. Kana gochuun akka ogummaa dubbachuufi ija jabina akka horatan taasisa. Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

Deebii 'B'

a. Bilchaachuu
b. Utaalloo
c. dammaksee
d. xireessuu
e. nafa/qaama
f. safuu/ajaa'iba
g. gomjii/sunsuma
h. fedhuu/hawwuu

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Deebii (A)

1. Soba
2. Soba
3. Soba
4. Dhugaa
5. Soba

(B)

1. maafan tamboo xuuxaa?
2. xuuxuu hidhiisuu?
3. gowwoomaa?
4. anaaf homaa hintaanee,
5. nakaasaa
6. dhiiga koo
7. midhaan
8. na jaamsuuf
9. naqaanessaa
10. tokko isa kanaa

Maafan Tamboo Xuuxaa?

Horiikoo manaa baasaa horiikoo maafan fixaa?
Anayyuu nadhibaa maafan tamboo xuuxaa?
Ammman tamboo xuuxee fooliikoo ajeessu
Baranaa eegalee maafan tamboo xuuxuu hindhiisu?
Maaf horiin koo dhumaa?
Maaliifan gowwoomaa?
Yoon tamboo itti dhiise maalan ta'a anii?
Tamboon tamboo dhumaa midhaani moo bishaanumaa?
Garaakoo guutee.
Dheebuu narraa kutee
Horiikoo maan baasaa,horiikoo maan fixaa?
Anaaf homaa hintaanee maafan tamboo xuuxaa?
Uggum!yaa qufaa isaa
Hirriibaa nama kaasaa
Karboon monooksaayidii qilleensa jedhamee
Dhagna keessatti uumee
Sombakoo balleessee
Dhiigakoo xureessee
Boqqoolloo waadamaa ilkaan koo fakkeessee
Midhaan na hinnyaachisuu

Qufaan na hinteesisuu
Fiigee hinqaqqabuu
Ari'ee hinqabuu
Uggum! Lama dhabuu
Erga kana ta'ee horiikoo maan baasaa, Horiikoo maan fixaa?
Dhibee natti fidaa maafan tamboo xuuxaa?
Hidhiikoo nagubee hidhiikoo nagubee foon waaddii fakkeessee
Ija na ciimmessee
Najaamsuuf adeemee
Waan akka fiigichaa,waan akka utaaluu
Anis hinkajeeluu
Tamboonis naa hinhiluu
Yemmuu tamboo xuuxuu maaltu na jaallataa?
Kaan nyaara guduunfee, kaan funyaan qabataa?
Horii koo maan baasaa, horii koo maan fixaa?
Kan nama ajjeesu maafan tamboo xuuxaa?
Geemmoo addaan saaqee ibidda barbaachuu
Cilaattii dibachaa, tamboo qabsiifachuu
Waan hundumaa keessaa
Kanatu na qaanessaa.
Gubachuu uffataa, ciinca'uu kafanaa
Bu'aan tamboo xuuxuu kunoo isa kanaa!
Horiin tamboof baase
Yemmuun taa'ee kaase
Safuu! Yaa gaabbii isaa
Otoo amma argamee rakkoodhaa nabaasaa.
Otoon kana beekuu maan fixaa?
Qaama koo balleessuuf maafan tamboo xuuxaa?

Maddi: Kitaaba Barattootaa Kutaa 8, Bara 2011 fooyya'ee maxxanfame irraa.

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gulantaa kun barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu waan qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu

danda'an bakka itti taasistudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjechiisi. Gaaaffiiwwan gilgaala kana jala jiran deebii tokko qofa hinqaban. Iddoon kun iddoo yaanni dhuunfaan itti calaqqisu waan ta'eef, barattoonni tokko tokkoon gaaffiiwwaniif akka yaada mataa isaanii calaqqisiisan taasisuun xumura irratti yaada waliigalaa ta'e tokko kenniif.

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Kaayyoon guddaan dubbisa kanaa akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata-duree dubbisichaatti fidan gochuudha. Kana gochuuf immoo barattoonni gaaffiiwwan gareedhaan mari'atanii akka dareedhaaf gabaasan taasisi Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-3 dhiyaatan haalaan irratti mari'achiisi. Deebiin barattootaa kan kallattii adda addaa ta'uu mala. Kan eegamus barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha. Yaanni kanaan gaditti ka'es deebii barattoonni kennan keessaa tokko ta'uu danda'a.

(B)

a. Amaleeffannaa
b. Irraan gaha
c. Dhugaatii nama macheessu
d. Caalaatti/humnaa ol

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Deebii

(A)

1. Soba
2. Dhugaa
3. Soba
4. Dhugaa
5. Soba
6. Dhugaa

7. Dhugaa
8. Soba

(B)

1. B
2. C
3. D
4. E
5. F
6. H
7. J
8. L
9. K
10. M

(C)

1.Dukkuba
2. Akkaataa
3. Tilmaamama
4. karaa/haala
5. shaakaluu
6. yaadu

(D)

1.E
2. D
3.C
4.B
5. A
6. F

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Deebii(A)

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni ibsan jajjabeessuudha. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Sirna Tuqaalee

Deebii(A)

1. F
2. A
3. B
4. G
5. C
6. D
7. E

(B)

1. Biiroon Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee eessatti argamaa?
2. Maaltu akkas isaan godhaa?
3. Loon, re'ee, hoolaafi fardeen bineeldota biyya keenya keessatti baay'inaan argamanidha.
4. Jechi 'saamunaa' jedhu jecha afaan Giriik 'Sabun' jedhurraa dhufe.
5. "Kitaabni asoosamaa ani sirriitti dubbise, 'Godaannisa,' " jedhe Qajeelaan.
6. Fiilmii "Eelaa" ilaaltee ajaa'ibsiifatte.
7. Taliilaafi Taliileen qarshii digdamii- sadii lafaa argatan.
8. "Ani bade!" Jettee, mataa qabate Roobsan.
9. Barsiisaan keenya , "Seenaa uummata Oromoo" nu barsiise jedhe, Firoomsaan.
10. Leenci lagaa aada.
11. Uggum! Yaa Rabbii nu baasi!

(C)

Gilgaala kana jalatti durdurii kenname dubbisaa sirna tuqaalee bakka barbaachisutti

galchuu waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni ibsan jajjabeessuudha. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka hojjetan taasisi.

Leencaafi Jaldeessa

Dur, haadha warraa leencaa abbaan warraa irraa du'eefi kootama jaldeessaa tokkotu naannoo tokko waliin jiraachaa ture jedhama.

Utuma waliin jiraachaa jiranii kootamni Jaldeessaa waa'ee du'a abbaa warraa isheetiif deddeebi'ee yeroo dheeraatiif erga jajjabeessaa ture. Gaaf tokko, "Atis qophaa taatee, abbaan warraa keetis deebi'ee hingalu; aniifi ati walfuunee yoo waliin jiraanne maal ta'a?" jedhee gaaffii dhiyeesse. Leencis, salgiin jaldeessaa dabbasaa abbaa warraa ishee waliin waan walfakkaatuuf gaaffii inni dhiyeesseef tole ittiin jette.

Gaaf tokko leenci foon dharraatee jaldeessaan, "Dallaa saawwanii cabsii sa'a /sangaa ajjeesii fidii foon na nyaachisi," jettee abboomte. Kanaan booda gaaffii haadha warraa isaa hojiitti hiikuuf galgaleeffatee gara dallaa loonii deemee utuu karra dallaa sanaa banaa jiruu, cufaan mooraa jalaa jiguun yommuu walirratti lafa dhahu, abbaa moonaa saniitu natti dhufe jedhee naasuu guddaadhaan fiigee baqate.

Dhuma irratti, dargaggeessi leenci dhalte immoo, ka'ee gara moonaa Sanaa dhaquudhaan dallaa cabsee jibicha tokko ajjeesee harkisee fiduudhaan haadha isaa biraan yoo baasu, jaldeessimmoo, "Akkamiin seentee fidde?" jedhee gaafate. Yeroo kana leencichi "Sanyiin kan facaasan marga," jedhee deebiseef. Kana jechuun sanyiin gootaa goota, sanyiin dabeessaammoo dabeessa jechuusaati. Haati warraa jaldeessaas, "Jalduu bifaan koorii dhugumaanuu 'Sanyiin kan facaasan marga,' gita kee barbaaddadhuu waliin jiraadhu, kan nafaanaa kanumaaan haaraawwatu," jettee ofirraa gaggeessite jedhama.

Yaadannoo Sirna Tuqaalee

Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffama keessa galuun hiika/ergaa barreeffama sanaa ifa tasisanidha. Osoo sirna tuqaaleetti fayyadamuu baannee, walumatti fufnee barreessinee, yaadni tokko eessaa ka'ee eessatti akka xumuramu ykn yaadonni kam akka waliin deemaniifi kkf beekuun rakkisaa ta'a.

Barannoo kana keessatti tajaajila sirna tuqaaleetu ilaalama.

1. Tuqaa(.)

A. Hima xumura hima himamsaa booda gala.

Fkn. a. Isaan qo'achaa jiru.

B. Gabaajee barreessuuf gargaara.

Fkn. Biiroon Barnootaa Oromiyaa Finfinnee keessatti argama (B.B.O.)

C. Jechoota kottoonfachiisuuf.

Fkn. Hubachiisa(Hub.)

D. Lakoofsa deesimaalii barreessuuf.

Fkn. 3.6

E. Mata duree xiqqaa isa guddaa irraa adda baasuuf.

Fkn.1. Lubbu-qabeeyyii

1.1.Bineeldota

1.2.Biqiloota

1.3. Bineensota

2. Tuq-lamee(:)

A. Wantoota walfaana tarreefaman dura gala.

Fkn. Fedhiin ishii waa sadii:mana,konkolaataa,abbaa manaati.

B. Sa'aatiif daqiiqaa adda baasa.

Fkn. Sa'aatii 4:30tti koottu.

C. Reeshoo lakkoofsaa agarsiisuuf.

Fkn.a. Kitaabni barattootaa 1:1 ta'e.

3. Qoodduu (,)

A. Jechoota,gaaleewwaniifi ciroowwan walfaana hiriiran addaan baasa.

Fkn. Gullallee, Eekkaa,Booleefi Kolfeen kutaa bulchiinsa magaalaa Finfinneeti.

B.Guyyaafi bara addaan qooda.

Fkn. Sabboontuun Amajjii 1,bara 1980 dhalatte.

C.Ibsa seensa mallattoo waraabbii duraa yookiin dhuma waraabbii keessa gala.

Fkn. ''Gowwaan waan ofii jedhe malee kan namaa hinfudhatu," jette Biqileen.

D.Ciroo hirkataafi ciroo ofdanda'aa addaan baasa.

Fkn. Yoo sirriitti qo'atte, qabxii gaarii galmeessita.

4. Qoodduu jabaa(;)

A. Hima guutuu lama gidduu galee bakka tuqaa bu'a.

Fkn. Barsiisaan nibarsiisa;barataan nibarata.

B.Maqaa magaalaafi biyyaa godinaafi aanaarraa adda baasa.

Fkn. Magaalotan hedduu jaalladhu keessaa:Wallaggaa; Naqamte,Shawaa lixaa;Amboo fa'a.

5. Gaaffii (?)

A. Mallattoon gaaffii dhuma hima gaaffii gala.

Fkn. Kaleessa maaliif hafte?

B. Yaada dhugummaa isaa itti hinamanne tokko agarsiisa.

Fkn. Jeneraal Taaddasaa Birruun(1913?) dhalate.

6. Mallattoo raajeffannoo (!)

Mallattoon raajeffaannoo dhuma hima raajeffannoofi jechoota yeroo dubbatan: gadda,naasuuu,tuffii,dinqisiifannaa,ajaja,diniina agarsiisuuf gala.

Fkn. Maali intalli akkana bareeddu! Dinqisiifannaa

Ka'i deemi!(ajaja)

Gadi badii wayii!(tuffii)

7. Mallattoon Waraabbii Qeenxee (‘ ’)

Mallattoon waraabbii qeenxee faayidaalee armaan gadii qaba.

A. Barreeffama keessatti jechi afaan ittiin barreeffamaa jiruun ala ta'e, mallattoo waraabbii qeenxee keessa gala.

Fkn.Barsiisaan Baayooloojii 'baakteeriyaan' faayidaas miidhaas qabaachuun nu barsiise.

B.Waraabbiin waraabbii keessaa, mallattoo waraabbii qeenxee keessa gala.

Fkn.1 "Waa'ee sirna Gadaa sirritti yoo beekuu barbadde,kitaaba'Ilaalcha Oromoo' jedhu dubbisi,"jedhe barsiisaan.

2."Fiilmiin ani baayyee dinqisiifadhu 'Eelaa'dha." jette Marartuun.

8. Mallattoo Waraabbii Dachaa (“ ”)

Mallattoo waraabbii dachaa (“ ”) Mallaattoon waraabbii dachaa? faayidoota armaan gadii qaba.

A.Waan namni tokko kallattumaan dubbate, akkuma jirutti waraabuuf.

Fkn,"Har'a qorumsa Afaan Oromoon qaba."jedhe Olbaanaan .

B. Mata dureewwan kitaabaa, asoosama gabaabaa, walaloo,diraamaa, barruufi kkf agarsiisa.

Fkn: a. Diraamaa “Hiree” jedhu ilaaltee?

b)“Eelaan”filmii haala gaariin qophaa’e.

C. Kitaabni,“Seenaa Uummata Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaatti,”jedhu Afaan sadiin qophaa’e. D. Jechi waa’een isaa dubbatamaa jiru, mallattoo warabbii dacha keessa gala.

Fkn: Barsiisaan Lammummaafi Amala Gaarii waa’ee“Malaammaltummaa” nubarsiise.

E. Yaada itti hinamanne, mallattoo kana keessa galchina.

Fkn.Namoonni tokko tokko,“Araqeen\ dhibee garaachaa namarraa ittisa” jedhanii amanu.

9. Sarara Xiqqaa (-)

Sararri xiqqaan barreeffama keessatti faayidaalee armaan gadii qaba.

α. Jechoota lama ykn lamaa ol akka qaama tokkootti dhaabbachuun maqaa ta’an walitti hidhuuf.

Fkn. wantoota lubbu-qabeeyyii

mata-duree walgahii

β. Yeroo barreessinu, dhuma sararaarratti jecha tokko adda hiruuf. Jechi tokko kan adda bahuu/hiramuu qabu birsagarratti. Fkf jechi ‘tokko’ jedhu birsaga lama qaba (tok-fi ko).

χ. Lakkoofsa qubeen barreeffame kan jecha tokkoo ol qabu adda baasuuf.

Fkn. Shantamii-lama, torbaatamii-torba

10. Sarara dheeraa (_)

Sararri dheeraan callisa/boqonnaa qoodduurra dheeratu, garuu tuqaarra gabaabbatu bakka bu’a. Yaada walitti fufiinsa qabu keessaa yaada biraa yoo galchinu, yaadicha addaa san adda baasuuf fayyada.

Fkn: Obboleessi Burqaa, Sanbatoon _amma lubbuun hinjiru_goota beekkamaa ture.

11. Tuttuqaa/Fuftuu (…) Tuttuqaan, jalqaba himaarratti, hima gidduutti ykn dhuma himaarratti yaadni hafuu agarsiisa.

Fkn. “Kunoo hari’a Rabbi ….” Yaadni hafe dhuma himaarratti yoo ta’e, tuqaan afur ta’a. Inni dhumaa tuqaa dhuma himaa agarsiisu.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Deebii Gilgaala 8: Shaakala hiika jechootaa

(A)

1. Irraanfachuu
2. Kufe
3. Dhahe/ayide
4. Baase
5. Fure/gad-dhiise
6. Jijjiire
7. Fakkaatti
8. dursite/sadarkaa argatte
9. hanga
10. jireenya mijataa

(B)

1. faayidaa
2. isaa
3. gahu
4. irratti
5. gaafa
6. saaxilamuu
7. olla
8. Namaan
9. qabeenya
10. rakkina

Deebii(A)

Kaayyoon shaakala kanaa, barattoonni haala hima dachaa ijaaraniifi hubannoo akka cimsatan gochuuf waan ta'eef, akka hima dachaa barreessanii dhiyeessan gochuun sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.

(B)

1. gahuuf jira, qabna
2. deeman,jirti
3. dhalate,dhalatte

6. Madaallii:

6.1 Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha. Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha

6.1.1. Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

6.1.1.1.Dhaggeeffachuun Duraa

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.

6.1.1.2.Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

• Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

Afee/dubbisa " Maafan Tamboo Xuuxaa?" yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu. Barreeffamicha si'a lama irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

6.1.1.3. Dhaggeeffachuun Booda

• Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.
• Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.
• Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa gabbisan shaakalsiisi.

Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni waan dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hunda dareef haa gabaasan.

6.2.Dubbisuufi Dhubbachuu:

6.2.1.Dubbisa Duraa

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo barattootaa danqu jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa mataduree 'Faayidaa Bishaanii' jedhu dubbisanii irraati akka mari'atan godhi. Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

6.2.2.Yeroo Dubbisuu

Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka irratti mari'atan taasisi.

6.2.3. Dubbisa Booda

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessi.

Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

6.3.Fayyadama Jechootaa:

Barattoonni hiika jechoota waliin deemanii adda baafachuu isaanii gaafachuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisi.

6.4.Barreessuu:

Barattoonni sirna tuqaalee himoota,keeyyattootaafi barruu keessaatti fayyadamuu akka danda'aniifi bakka dogoggorri sirni tuqaalee jiru akka galchuu danda'an mirkaneeffachuun duub deebii kenniif.

6.5. Caasluga:

Barattoonni hima dachaa adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

BOQONNAA SAGAL

JAALALA BIYYAA (WAYITII 12)

DHEERINA WAYITII 40'

Seensa

Boqonnaan kun barattoonni ogummaa dhaggeeffachuu ogummaawwan kaaniin walsimsiisuun gabbifatan taasisuurratti xiyyeeffata. Kana gochuufis, dubbisa dhiyeessuun waa'ee waan dhaggeeffachuuf deemanii dursanii akka itti yaadan taasifamee jira. Kana malees, ogummaawwan akka dubbachuu, dubbisuu, fayyadama jechootaa keessatti jechoota baramoo hintaane akka hubatan gochuufi caasluga keessatti immoo akkaataa himoota xaxamoo itti barreessan of keessatti haammata. Kanaafuu, barattoonnis akka hubatan haala mijeessi.

1. **Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti:**

- Afee/dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun haala qabatama isaaniitiin walitti fidu.
- Kanneen biro wajjiin qabiyyee kenname tokkorratti waliif galu.
- Yaada murtaa'aa ta'e argachuun mul'isu.
- Ergaa fakkiiwwanii barreessu.
- Jechoota baramoo hintaaneef hiika galumsaa kennu.
- Himoota xaxamoo barreessu.

2. **Qabiyyee:**

Dhaggeeffachuu
Dubbachuu
Dubbisuu
Darreessuu
Dayyadama jechootaa
Daasluga
Dosoota xaxamoo

3. Mala Baruu-barsiisuu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa qabiyyee barattoonni barachuuf jiran waan isaan beekan wajjin walqabsiisu. Kanaafuu, kanatu sirriidha; kun immoo dogoggora osoo hinjedhiin barattoonni waan isaanitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti 1-4 tti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu yaali. Kana gochuun akka ogummaa dubbachuufi ija jabina akka horatan taasisa. Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

Deebii 'B'

α. Gabrummaa
β. Lafa
χ. Mo'icha
δ. Tattaaffii/ifaajee
ε. Ijoo
ϕ. Walabummaa
γ. Dararama/hacuuccaa/cunqursaa

Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Deebii (A)

1. Biyya
2. Birmadummaa
3. Itoophiyaa
4. Gootota
5. Gabroomfataa
6. Addunyaa
7. abbootii

INJIFANNOO ADWAA

Itoophiyaan biyya argama sabootaa,sablammootaa fi ummattoota hedduuti. Biyyi keenya ulfina bilisummaa ishee eeggattee kan jiraatte wareegama olaanaa saboonni, sablammoonniifi ummattoonni ishee kanfalaniidha. Seenaan sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa kabaja argate taanaan, miirri jaalala biyya tokkoo lammii keessatti haala gaariin dagaaga jechuudha. Seenaafi aadaawwan sabootaa, sablammootaa fi ummattootaa haala gaariin beekuufi qo'achuun guutummaatti miira jaalala biyyaa jabeessa. Dhaloonni miira jaalala biyyaatiin gonfame immoo birmadummaa biyyaa eegsisa. Miira jaalala biyyaa karaa ittiin ibsamu keessaa tokko diina biyya weeraruuf kaate qolachuun injifannoo argamsiisuudha. Kana keessaa immoo injifannoon Adawaa isa tokko. Bara 1896 ALA humni xaaliyaanii Itoophiyaa weeraree koloneeffachuun gabroomfachuuf lola bane. Adawaa irratti Xaaliyaaniin goototota biyya keenyaatiin haala keessa deebii hinqabneen injifatameera.

Injifannoon kunis fedhii kolonii babal'ifannaa xaaliyaanii dhaabuu bira darbee akkuma seenaa adunyaattuu taatee seenaa isa murteessaa ta'eefi haala adunyaa guutuu jijjiire jechuun ni danda'ama. Sababnisaas, taateen kun seenaa adunyaa isa ammayyaa keessatti injifannoo warri gurraachi warra adii irratti yeroo jalqabaatiif galmeessan ta'uun adda isa godha. Injifannoon kun yeroodhaaf malee weerara koloneefannaa biyyasii dhaabsisuu hindandeenye ture. Injifannoon Adawaa injifanno humni gabroomfataan warra adii guutumaan guuttutti itti cabeefi barbadaa'edha.

Gama biraatiin, injifannoon Adawaa taatee haala adunyaa jijjiiredha. Injifannoo kanaan Itoophiyaan birmadummaa ishee kabachiifattee, Afriikaa keessatti biyya sirna kolonii warra adii Awuroppaa jalatti osoo hinkufiin hafte ishii tokkittii ta'uu dandeesse jirti. Adwaan lammii biyya keenyaa hundaaf miira biyyoomaafi walooma uumuu keessatti gahee guddaa qaba. Itoophiyaan karaa kamiinuu boca amma qabduun ijaaramtus, Itoophiyummaa kan hunda keenya dhaalchise injifannoo abbootiin keenya Adawaa irratti galmeessanidha. Wayita bu'uuraaleen misooma hinjirretti, uummanni Itoophiyaa sabaafi amantiin otoo walhiqoodiin

tokko ta'ee diina meeshaa ammayyaa hidhate ofirraa cabsuun bilisummaa nu dhaalchisee jira.

Kanaaf, Dhaloonni biyyaa bilisummaan kun kan wareegamni abbootii keenyaa itti bahe ta'uu hubatanii miira obbolummaatiifi biyyoomaatiin biyya lammii hundaaf taatu ijaaruu irratti xiyyeefachuu qabu.

Maddi: Gaazexaa Bariisaa Amajjii 22 bara 2013 maxxanfame.

(B)

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Dhugaa
4. Soba
5. Dhugaa

(C)

1. E
2. F
3. G
4. J
5. A
6. H
7. I
8. C
9. D
10. B

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gulantaa kun barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu waan qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an bakka itti taasistudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjechiisi. Gaaaffiiwwan gilgaala kana jala jiran deebii tokko qofa hinqaban. Fakkii injifannoo adawaa ilaalchisii injifannoon akkamitti

akka raawwate akka gabaasan taasisi. Iddoon kun iddoo yaanni dhuunfaan itti calaqqisu waan ta'eef, barattoonni tokko tokkoon gaaffiiwwaniif akka yaada mataa isaanii calaqqisiisan taasisuun xumura irratti yaada waliigalaa ta'e tokko kenniif.)

Deebii Gilgaala 3A

1. Jiituufi Kumaa
2. Waa'ee gootota Oromoo
3. Galma aadaa Oromoo
4. Koloneel Abdiisaa Aagaa, Jeneraal Taaddasaa Birruu,Jeneraal Waaqoo Guutuu,Koloneel Aliyyii Cirrii,Gabayyoo Gurmuu fa'a.
5. Jiituu
6. Kumaa
7. Bara dhufu
8. Laga Harree

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Kaayyoon guddaan dubbisa kanaa akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata-duree dubbisichaatti fidan gochuudha. Kana gochuuf immoo barattoonni gaaffiiwwan gareedhaan mari'atanii akka dareedhaaf gabaasan taasisi jira. Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-5 dhiyaatan haalaan irratti mari'achiisi. Kunis, gootota biyya keenyaa keessaa seenaa nama beekanii akka barreessan taasisi. Deebiin barattootaa kan kallattii adda addaa ta'uu mala. Kan eegamus barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha. Yaanni kanaan gaditti ka'es deebii barattoonni kennan keessaa tokko ta'uu danda'a.

Deebii(B)

a. Jalaa bahuu
b. qindeessuu
c. lubbuu

d. ifaajuu/tattaafachuu

e. mo'achuu

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Osoo gara dubbisuutti hinseenin dura qajeelfama kennuun barbaachisaadha. Kunis dubbisa dhiyaate osoo dubbisuu hineegaliin gaaffiiwwan yeroo dubbisaa akka dubbisanii qalbiitti qabatan itti himi.

Kana booda saffisaafi cal'isaan daqiiqaa 5-7 yeroo ta'u keessatti akka xumuraniifi yeroo qabuufiin barbaachisaadha. Sana booda gaaffiiwwan kennaman sanas hojjechaa deemuu qabu. Gaaffiwwan hojjatan akka irratti mari'atanii dareef dhiyeessan gochuutu sirraa eegama.

Deebii(A)

1. Wallaggaa, Najjootti
2. Hoolataa Gannatii, bara 19125A.L.H.
3. Kaappiteen Juuliyoo
4. Bara 1970
5. Lammii biyya Biriitish
6. Xaaliyaaniitu Itoophiyaa weerarte.
7. 18
8. Waraana Itoophiyaafi Xaaliyaanii gidduutti adeemsifame irratti.

(B)

1. Soba
2. Soba
3. Dhugaa
4. Dhugaa
5. Soba

(C)

1. G
2. D
3. F
4. A

5.B
6.C
7. E

(D)

1. I
2. F
3. D
4. A
5. C
6. H
7. J
8. B
9. G
10. E

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan asitti dhiyaatan tarkaanfiifi hubannoo barattootaa gaafatu. Kunimmoo, garaagara ta'uu danda'a. Kanaafuu, deebiin isaa tokko hinta'u. Akka isaan yaada isaanii ragaadhaan deggeraa ibsa bal'aa itti kennan taasisuun ga'ee barsiisaati.

Deebii (A)

1. B
2. A
3. C
4. D
5. A

(B)

1. F

2. J
3. E
4. L
5. A
6.B
7.G
8. C
9. D
10. H

(C)

1. bosona
2.gurmeessuu
3. meeshaa
4. qooda
5. Seenaa
6. saamuun
7. buufata
8. seeraa
9. jaalala
10. filatee

(D)

1. D
2. A
3. D
4. A
5. C

(E)

1. hinfuudhani
2. ilma afaan hinurgaahu.
3. halkan beekkachiise.

4. huubaa wajjin jette sareen
5. kan barana jedhe hinoolu
6. kan waraabessaati.
7. qacceen iyyite
8. ijoolleen waareen baati.
9. saree ija hindhiqan
10. ollaan birmata
11. 'bishaan ol hinyaa'u,' jette harreen.
12. suummoon irbaata hintaatu.

(F)

1. nicaraana
2. ni aada
3. niyuusa
4. niharqa
5.nibukumsa
6. nikorrisa
7. niqasaati/kofalti
8. niwacci
9. Ni iyya
10. nikaakkisti

(G)

1. ciibsata
2. gaana
3. goromtii
4. maseena/dhabduu
5. daa'ima
6. qubeellaa
7.Amartii
8. lootii

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 8: Shaakala Seenaa jireenyaa Barreessuu

A. Gilgaala 8ffaaf fakkiilee isaaniif laatame ilaaluun keeyyata akka barreessan godhi.Akkasumas, barreeffama keessatti sirna tuqaaleefi qub-guddeessa isaan fayyadaman hordofi.

B. Akkasumas, gilgaalli 8ffaa (B)f mata-dureewwan dhiyaatan keessaa tokko filatanii akka keeyyata gahaa ta'e tokko barreessan taasisi.

Barannoo Shan: Caasluga

Gilgaala 9: Shaakala Hima Xaxamaa

Deebii(A)

1. Yoo seeraan nama dhaggeeffachuu baatte,
2. Ganamaafi galgala yoo hojjette,
3. Maalummaa kee waan hinbeekneef,
4. Yoo sooromtes, yoo hiyyoomtes,
5. Amma feete baratte, hamma feete daldaaltes,dabarraa of hinqusanne taanaan,

(B)

1. namaan walii hingaltu.
2. rakkina injifatta.
3. amantaa sirraa hinqabu
4. gorsa maatii kee hindagatiin,
5. gatii hinqabdu.

(C)

Gilgaala kana jalatti barattoonni himoota xaxamaa olitti eeraman irratti hundaa'uun hima isaaniif kenname keessaa ciroo hirkataafi ciroo of danda'aa baasanii barreessuu isaanii hordofi. Dhuma irratti deebii sirrii kennuu isaaniis hubadhuutii duub deebii kenniif.

1. Namni yoo wal kabaje, jaalalaan waliin jiraata.
2. Yaaxxinni 'Afaan Waaqtu uume,' jedhu jalqaba amantii qaba.
3. Osoo afaan kennaa Waaqaa ta'ee aadaadhaan hindhiibamu ture.
4. Yoo firri kee si jibbe Waaqni si hingatu.
5. Yoo jabaattee hojjette,hiyyummaa injifatta.
6. Namni bishaan malee sa'aatii dheeraa yoo ture, qaamni isaa ni laafa.
7. Osoo loon hingaliin hattuun mooraa guutte.
8. Bariisaan waaan dhukkubsateef, mana yaalaa deemee qoricha fudhate.

Yaadannoo Ciroo

Himni tokko hima xaxamaa kan taasisu jiraachuu ciroo hirkataati.Himoonni ciroo ofdanda'aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol irraa ijaarramuu danda'a.

Fakkenya kanaa gadii ilaali.

α. Yommuu mana barumsaa dhaqxu na waami.
β. Akka argirte hindubbatiin.
χ. Yoo hiyyoomtes,yoo sooromtes gorsa abbaa kee hindagatiin.

Himoonni kunniin sadan ciroo of danda'aafi ciroo hirkataa of keessaa qabu. Baay'inni ciroo isaan ofkeessaa qaban garuu, garaagara. Himoonni (a,fi b) n ciroo hirkataafi ciroo of danda'aa tokko irraa ijaarramani. Himni(C)irra jiru garuu, ciroo hirkataa lamaafi of danda'aa tokko irraa ijaarrame. Kanaafuu, himni ciroo ofdanda'aa tokkoofi hirkataa tokkoofi isaa ol of keessaa qabu hima xaxamaa jedhama.

Gaaffiiwwan Keessa Deebii

Barattoonni barnoota boqonnaa kana keessatti baratan akka sirriitti hubatan gaaffiiwwan waliigalaa keessa deebii armaan gadii hojjechiisi.

1. Gootummaan maaliini?
2. Namoota goota jedhamaniifi hojii isaan ittiin beekaman lama fudhachuun dorgomsiisuufi morkisiisuun ibsaa.
3. Ogummaa jechootaa gabbifachuuf tooftaaleen ittiin shaakaluu qaban maal fa'i?
4. Hima xaxamaa 10 barreessaa.

5. Himni xaxamaan maali?

6. Seenaa Koloneel Abdiisaa Aagaa gabaabsii dareetti himi.

7. Wantoota koloneelichi Jireenya isaa keessatti raawwate maal faa dinqisiifatta?

8. Seenaa Koloneel Abdiisaa Aagaa Birruurraa maal baratte?

C. Jechoota himoota armaan gadii keessatti gurraacha'anii barreeffaman hiika galumsaa barreessi.

a) Maaloo dhiitee bariitee maaliif **naqaaqsita**?

b) Ushee yoo jedhan harreen **gurra dhaabdi**.

c) Goromsi abbaa Tufaa **ankaakte**; jabbii tokkollee hindhalle.

d) Miidhaginni Kuulanii dargaggeessa baay'ee **booji'e.**

e**.** Namoonni baay'een **diddaa** sirna dargii bifa garaagaraan agarsiisaa turan.

f. Koloneel Abdiisaa Aagaa, **nama laayyoo** hinturre.

g. Xaaliyaaniin tumsa uummattoota biyya kanaatiin **injifatamte.**

h. "Tiruun **oolee bulu** lafee ta'a," jedha Oromoon.

i. Guddataan waan Caalaadhaan hindandeessu jedheeniif **xiiqii qabatee** hojjeta.

j. Hojiin Beekaan hojjete **mudoo** tokko hinqabu.

k. Tolaan Tumsee marartee malee **dhahe.**

l. Filmii daawwachuun **bu'aa** guddaa qaba.

m.Qubeen Afaan Oromoo hirmaannaa **hayyoota** hedduutiin hojiirra oole.

n. Boontuun **naatoo** waan qabduuf, nama hawwatti.

o. Lalisaan **dardara** waggaa digdamaati.

p.Caalaan balaa isa **qunname** waan dandamate fakkaata.

6. Madaallii:

6.1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu

6.1.1. Shaakala Dhaggeeffachuu

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha. Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan

dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha.

6.1.1.1.Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

6.1.1.1.2.Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.

6.1.1.1.3Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

• Barruu qophaa'e si'a lama ykn si'a sadii dubbisiif.

• Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

Barreeffama "Daraartuu Tulluu" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.

Barreeffamicha si'a lamaa sadii irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

Gilgaala 6 jalatti gaaffii iwwan jiran muuxannoo barattoonni wanta dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa bira deemanii argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hundaa dareef yaa gabaasan.

Waliin Dubbii

Waliin dubbiin kan qophaa'u akka barattoonni ogummaa of ibsuu gabbifatan, ofitti amanamummaa horatan, jechootaafi caasaalee afaanichaa shaakalan gargaara. Xiyyeeffannoon isaa garuu ogummaa dubbachuufi dhaggeefachuu gabbisuurratti ta'a. Akkuma ija jabinaafi ofitti amanamummaa horachaa deemaniin ogummaa do'ii qopheessuufi isa qophaa'e keessatti qooda fudhachuun bashannansiisuu horachaa deemu.

Faayidaa waliin dubbii ogummaa dubbachuu barsiisuu keessatti:

• Barattoota waan giddugaleessa taasifatuuf barattoonni hojii isaaniirraa baratu.
• Ogummaa dhaggeefachuu barattotaa gabbisa.
• Barattoonni waan dhugaafi hiika qabeessa ta'e akka dalagan taasisa.
• Afaanicharratti akka barattoonni ga'umsa dubbii horatan gargaara.
• Ogummaa dubbisuufi barreessuu horachuuf isaan qopheessa.
• Ofitti amanamummaa gonfachiisa.
• Barumsicharratti akka barattoonni fedhii horatan taasisa.
• Hiika gaaleewwaniifi cirowwan guutummatti akka argatan godha.
• Hiikni jechoota haaraafi kkf akka barataman karaa saaqa.

6.1.1.4.Dhaggeeffachuun Booda

• Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.
• Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.
• Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa gabbisan shaakalsiisi.

6.2. Dubbisuufi Dubbachuu

6.2.1.Dubbisa dura

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi. Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa mata-duree 'dhiyaateef dubbisanii irraati akka mari'atan godhi.

6.2.2. Yeroo Dubbisuu

Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

6.2.3.Dubbisa Booda

Gilgaala kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

6.3. Fayyadama Jechootaa:

Barattoonni Hiika jechootaa galumsa isaaniitiin adda baafachuu isaanii gaafachuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisi.

6.4. Barreessuu:

Barattoonni fakkii ilaaluun mata-duree isaaniif kenname irratti bu'uureeffachuun keeyyata barreeffama sadii of keessaa qabu barreessisuun fayyadama sirna tuqaaleefi qub-guddeessaa bakka barbaachisaa ta'etti galchuu isaanii mirkaneeffachuun duub deebii kenniif.

Fakkii Ilaalanii waa Barreessuu

Fakkiin odeeffannoo fudhachuufis ta'ee dabarsuuf ga'ee guddaa qaba. Akka barattoonni ogummaa fakkii kaasuus ta'ee dubbisuu horatan taasisuuf barsiisaan gilgaalota qopheessuun keessatti hirmaachisuu qaba.

Gilgaalonni qophaa'an kun immoo, fakkii dhiyeessuun akka barattoonni barreeffamatti jijjiiran ykn barreeffama gara fakkiitti jijjiiramu tokko dhiyeessuun akka isaan yaada barreeffamichaa fakkiitti jijiiruu danda'an taasisuu qabu. Kun immoo, ogummaa waan ilaalan tokko ibsuufi.

6.4. Caasluga:

Barattoonni hima xaxamoo adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

BOQONNAA KUDHAN

AFWALALOO (WAYITII 12)

DHEERINA WAYITII 40'

Seensa

Boqonnaan kun barattoonni ogummaa dhaggeeffachuu ogummaawwan kaaniin walsimsiisuun gabbifatan taasisuurratti xiyyeefata. Kana gochuufis, afwalaloofi walaloo dhiyeesuun waa'ee waan dhaggeeffachuuf deemanii dursanii akka itti yaadan taasifamee jira. Kana malees, ogumaamawwan akka dubbachuu, dubbisuu, fayyadama jechootaa keessatti jechoota malleen dubbii qaban akka hubatan gochuufi caasluga keessatti immoo akkaataa walqabsiistonni barreeffama keessatti itti gargaaraman of keessatti hammata. Kanaafuu, barattoonnis akka hubatan haala mijeessi.

Kaayyoo: Xumura boqonnaa kanaatti:

- Afee/dubbisa dhiyaate dahggeeffachuun ergaa isaa hiiku.
- Af walaloo walfakkaatu himu.
- Walaloo ibsa sirriidhaan dubbisu.
- Af walaloo walfakkaatu barreessu.
- Jechoota malleen dubbii ibsu.
- Walqabsiistota barreeffama keessatti gargaaramu.

2. Qabiyyee:

- Dhaggeeffachuu
- Dubbachuu
- Dubbisuu
- Barreessuu
- Fayyadama jechootaa
- Caasluga
- Gosoota malleen dubbii

3. Mala Baruu-barsiisuu

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Kaayyoon shaakala dhaggeeffachuun duraa qabiyyee barattoonni barachuuf jiran waan isaan beekan wajjin walqabsiisu. Kanaafuu, kanatu sirriidha; kun immoo dogoggora osoo hinjedhiin barattoonni waan isaanitti fakkaatu gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuu duraa kana jalatti ka'an irratti yaada isaanii sodaa malee akka ibsan jajjabeessuufi gargaaruu yaali. Kana gochuun akka ogummaa dubbachuufi ija jabina akka horatan taasisa. Kana booda qajeelfama ifa ta'e afaaniifi barreeffamaan barattootaa kennuufiin barbaachisaadha.

Fakkeenyaaf, jechoota hubannoo barattootaa gadi buusuu danda'u jettu hiika isaa itti himi.

Deebii 'B'

a. Miilla
b. Adda booqaa ta'ee gaanfa guddaa qabu
c. Galmi gahuu
d. Bifa lama kan qabu

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Deebii (A)

1. Soba
2. Dhugaa
3. Soba
4. Dhugaa
5. Soba

(B)

1. uffata /kafana/wayyaa
2. dhiisuu
3. fiixee gaanfaa
4. qonnaan bulaa

Walaloo Farruu Qotiyyoo

1. Ushururuu! Yaa daalee
   Ushururuu ! yaa burree
   Abbaan kee daara bahee
   Dirriba uffatee gaabii boraafatee
   Mooraan daaraa ta'ee
   Jawwee boraafatee
   Ushururuu … Ushururuu …[2]
2. Ushururuu yaa bareedduu (2)
   Waan sangaa maal kooruree
   Waan loonii maal gatuuree
   Yoo quummoo gaafaa malee
   Gaafni kee waancaa ta'aa
   Kan farsoon dhuganii
   Gogaan kee itillee ta'aa
   Kan irra rafanii
   Kotteen kee shiinii ta'aa
   Kan bunaan dhuganii
   Qottuun maqaan gabaree
   Bulloon gaanaan galee
3. Hoo gaarreen gaaran goree
   Gaariin nama si horee
   Hoo kalaalaan horii malee
   Darabaan galuun gahee
   Hoo maalee maala dirribaa
   Gootee maaltu si dhibaa
   Burree akka gafarsaa
   Sumatu namaa dabarsaa
   Yaa loonishee barakata quubsaa
   Sifa'uu gabbisaa sumatu nu dabarsaa
   Ushururuu---ushururuu-----(2)

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gulantaa kun barattoonni shaakala dhaggeeffachuun duraafi yeroo dhaggeeffachuu waan qayyabataniin muuxannoo isaanii akka gabbifachuu danda'an bakka itti taasistudha. Kanaaf, gilgaala qayyabannaaf dhiyaate kana akkuma ajaja isaatti hojjechiisi. Gaaaffiiwwan gilgaala kana jala jiran deebii tokko qofa hinqaban. Iddoon kun iddoo yaanni dhuunfaan itti calaqqisu waan ta'eef, barattoonni tokko tokkoon gaaffiiwwaniif akka yaada mataa isaanii calaqqisiisan taasisuun xumura irratti yaada waliigalaa ta'e tokko kenniif.

Barannoo Lama: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Kaayyoon guddaan dubbisa kanaa akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata-duree dubbisichaatti fidan gochuudha. Kana gochuuf immoo barattoonni gaaffiiwwan gareedhaan mari'atanii akka dareedhaaf gabaasan taasisi jira. Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-4 dhiyaatan haalaan irratti mari'achiisi. Deebiin barattootaa kan kallattii adda addaa ta'uu mala. Kan eegamus barattoonni akka kallattii addaa addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha. Yaanni kanaan gaditti ka'es deebii barattoonni kennan keessaa tokko ta'uu danda'a.

(B)

1. Dawoo
2. Muka/cufaa
3. Hidhaa/wadaroo/funyoo/tushaa
4. Qaabachuu

Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Deebii

(A)

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Dhugaa
4. Soba

5. Soba
6. Dhugaa

(B)

1. mucayyoo nama beekamaa
2. ilkaan bareedaa
3. tapha
4. sibiraa akkan deemu taasisanii

(C)

1. Afur
2. Yoon, koo
3. Eeyyee, birsaga saddeet

Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Deebii(A)

1. umrii ijoollummaatti yaanni dafee namaa hingalu
2. na ittisan/na dhorkan
3. maal dhageessee narraa hafte?

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala walaloofi malleen dubbii Barreessuu

Deebii(A)

Gilgaala kana jalatti barattoonni mata-duree kennameef iratti hundaa'anii malleen dubbii fayyadamuun walaloo akka bareessanii dhiyeessan taasisi.Sana booda walaloo isaanii ilaaluun duubdeebii kenniif.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Jechoota Hiika Walfakaatan qaban

(A)

1. weedduu
2. sakaaluu/takaaluu
3. gorora
4. gosa
5. danqaraa
6. gatii

7. kaarruu
8. gufuun
9. magaala
10. maraachaa

(**B**)

1. J
2. E
3. G
4. F
5. B
6. C
7. D
8. H
9. I
10. A

(C)

1. C
2. E
3. D
4. B
5. F
6. A

(D)

1. Habalaka
2. Arbessuu
3. Akkasaa
4. Akkasaa
5. Nameessa
6. Nameessa
7. Nameessa
8. Arbessuu /kineessuu

9. Bak-buusa/iddeessaa
10. Bak-buusa/iddeessaa

Barannoo Shan:Caasluga

Gilgaala: 9. Shaakala Shaakala Walqabsiistotaa

Deebii(A)

Gilgaala kana jalatti barattoonni mata-duree kennameef iratti hundaa'anii maalummaa walqabsiistotaafi faayidaa isaanii iratti akka mari'atanii dareef gabaasan taasisi .Sana booda w akka waliigalaatti duubdeebii kenniif.

(B)

1. Moo
2. Haata'u malee
3. Yookiin
4. Akkasumas
5. Malee
6. Akkuma
7. Kanaa achi
8. Kanaaf
9. Yoo
10. Moo

(C)

Gilgaala kana jalatti barattoonni mata-duree kennameef iratti hundaa'anii walqabsiistotatti fayyadamanii himoota akka gabaasan taasisi .Sana booda akka waliigalaatti duubdeebii kenniif.

Yaadannoo

Afwalaloon walaloo afaaniin dhiyaatudha. Afwalaloon damee afoolaa ta'ee kan hawaasni tokko jiruufi jireenya'saa keessatti gadda, gammachuu, jaalala, jibba, hawwii, fedhiifi kkf biroo jechoota baay'ee filatamaafi muraasa ta'anitti fayyadamuun ittiin ibsatudha. Kunis,amaloota addaddaa qaba.

Amaloota Afwalaloo

Af-walaloon dhaamsawwan afaaniin darban kanneen biroo'rraa kan adda isa taasisu amaloota adda addaa of keessaa qaba.

α. **Qusannaa Jechootaa**

Walaloon jechoota muraasatti fayyadamuudhaan ergaa bal'aa dabarsuu kan danda'u ta'uu agarsiisa.

β. **Filannoo Jechootaa**

Jechoonni walaloo, jechoota hiika kallattiifi alkallattii qabaniin kan faayame/ijaarame ta'uu kan agarsiisudha. Jechootni kunnenen warreen yaada/miira dhaggeeffataa ofitti harkisuuf humna guddaa qabaniifi dhaamsi isaanis hubatamuudhaaf dandeettii guddaa barbaadanidha.

χ. **Walqixxummaa :** Baay'inni birsagoota bo'oo/sarara walaloo keessa jiranii walqixa ta'uu kan agarsiisudha. Midhagina yeedaloof iddoo guddaa qaba.

δ. **Rukuttaa Manaa:** Sagalootni xumura bo'oo walaloo'rra jiran kan walfakkaachuu qaban ta'uu kan agarsiisudha.

ε. **Yeedaloo:** Miira dhaggeeffattotaa ofitti harkisuudhaaf amala muuziqaa qabaachuu walalichaa kan agarsiisu yoo ta'u, kana qabaachuuf ammoo rukuttaan manaafi walqixxummaan birsagoota bo'oo walaloo keessa jiranii murteessaadha.

ϕ. **Suur-sammuu Uumuu:** Dhugaan walalootiin ibsamu sun bakka bu'aa sirrii qabaachuutiin kan sammuu dhaggeeffattotaa keessatti suuraa kaasuu danda'u ta'uu akka qabu kan agarsiisudha. Kana gochuuf ammoo filannoo jechootaatti sirnaan fayyadamuun murteessaadha.

Fkn. Gammadaa gindoo galaani

Arba ajjeese bosonuun kee

Kan fooliin shittoo sabaarii

Na ajjeese gojomuun kee

- Buufata walaloo kanaa keessatti bo'oon inni 3ffaa ***"kan fooliin shittoo sabaarii"*** jedhu intalli urgooftuu ta'uushee mul'isuuf bakka itti waloon suursammuu kaasuuf yaaledha.

- Suursammuu uumuudhaaf ammoo malleewwan dubbii kanneen akka: (bakka buusaa, akkasaa, arbeessuu fi kkf birootti) fayyadamuun murteessaadha.

a. Unkaa qabaachuu walaloo: walaloon unkaa mataasaa holooloo'rraa adda isa taasisu qabaachuu kan agarsiisuudha. Kun ammoo bo'oofi buufata mataasaa qabaachuun adda taha.

1. **Toora/bo'oofi buufata mataasaa qabaachuu (line and stanza):**

- Walaloon bifa birsagoonni isaa walmadaalaa ta'een bo'oo bo'oodhaan dhiyaata. Bo'oo bo'oon dhiyachuun isaa'mmoo ***yeedaloo fi safaramummaasaa*** eeguuf gargaara. Bo'oon walaloo akkuma hima kamiiyyuu qubee guddaan eegala. Kun ta'ee garuu, bo'oon walaaloo tokko hima guutuu ta'uu dhiisuu nidanda'a. Fedha barreessaa sanaarratti hundaa'uun sararootni bo'oowwan irratti dhiyaatan yeroo baay'ee seerluga kan hineegne ta'uu nidanda'a.

Fkn. Ayyoo ayyaantittii

Kofli cichii

Bo'ii ililchii

- Kun kan agarsiisu walaloon seerluga cabsuu, jecha ergifachuufi haaraa uumuuf sababa quubsaa bu'uureffachuu mirga guutuu kan qabu ta'uusaati.

- Walaloon tokko bo'oorraa gara bo'ootti kan tarkaanfataa deemu sagaleewwan dhuma bo'oorra jiran bu'uureeffachuuni.

2. **Dhiyeenya mul'inaa**

Kun miidhagina walaloo sanaa agarsiisuuf kan gargaarudha.

b. Dubbiilee Qoolaan Dhiyaachuu

- Dubbiin qoolaa gosa afoolaa damee himoota gaggabaaboo/witticism/keessaa isa tokko ta'ee karaa ittiin hawaasni tokko jiruufi jireenya'saa keessatti

dhaamsawwan hiika dhaanquu qaban ittiin dabarfatu keessa isa tokkodha.

► Dubbiiwwan qoolaa kunneen afoolaa keessatti qofa osoo hintaane ogbarruuwwan sadan ***asoosama, barwalaloofi diraamaa*** keessattis mul'achuu nidanda'u.

1. **Iddeessa:** Jechoota ***iddoofi isaa*** jedhaman irraa walitti tisheeffamuun tokkummaa wantoota lamaa fudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun keessatti waldorgomsiisuuf kan gargaarudha.

   Fkn. Oromoon kaannisa.

   Mudhiin ishee sonsa.

   Ilkaan ishee baddeessaadha.

► Malli dubbii kun jechoota kanneen akka: amma, fakkaata, caala, gahaafi akka jedhanitti hinfayyadamu malee dorgomsiisaa wantoota lamaati.

2. **Akkasaa:** Jechoota akka, amma, fakkaata, caala, gaha jedhanitti fayyadamuun wantoota lama kan waldorgomsiisuuf gargaarudha.

   Fkn. ***Akka*** garaa harki surree hinmuru.

   Gurraachinnisaa cilee ***fakkaata.***

   Abbaa isaa ***caalaa*** qaxaleedha.

   Amma fardaa ***gaha***.

3. **Nameessa:** mala dubbii amala namaa lubbu-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kanneen biroo gonfachiisuun dhiyeessanidha.

Fkn. "Kan garaa keenyaa malee kan maqaa keenyaa yoom nu dhibe," jedhe, waraabessi.

"Isa haati keee si gorsite, haati koos na gorsiteetti," jette jedhan ilmoon hantuutaa ilmoo adurreetiin

"Dhibbi elmamus, kumni elmamus keenya gileetti," jette jedhan adurreen.

"Ani duunaan saardoon hinmargiin," jette jedhan harreen.

4. **Arbeessa:** Mala dubbii waan tokko arbeessuun /kineessuun ittiin dhiyeessanidha.

   Arbeessuun tooftaa wanti tokko uumamaan qaburraa **olguddisuun** dhiyeessuu yoo ta'u, kineessuun ammoo, hanga wanti sun uumamaan qabuurraa gadi **xiqqeessuun** mala dubbii ittiin yaada keenya dhiyeessinudha.

   Fkn. Tafkii amma arbaa gahun ajjeese. (arbeessuu)

   Mucayyoo qal'oo hanxaxii tokko fuudhe. (kineessuu)

   Nama dheeraa waaqa ga'u tokkotu dhufe. (arbeessuu)

5. **Habalaka:** Dhaamsa tokko faalla isaatti gargaaramuudhaan kan dhiyaatudha. Malli dubbii kun namatti qoosuudhaaf kan dhiyaatudha.

   Fkn. Gurbaa faranjii kana (nama gurraachaan)

   Dubartii kaameettii (boosettii kan taateen)

   Si jaalladhee du'uufani jedha (kan jibbaniin)

6. **Eemitii/Fuggisoo:** Wantoota waliif faallaa ta'an walfaana dhiyeessuun yaada keenya kan ittiin ibsannudha.

   Fkn. Inni qoota deega.

   Isheen kolfaa boossi.

   Tolaan nyaataa beela'a.

   Utuu dhuguu dheebota.

   Utuu beekuu wallaala.

7. **Fakkoomii:** Mala dubbii kan bifiyyee waan tokko'rraa dhaabbachuun qabiyyee kan biroo ittin ibsannudha. Kan dhamsi/wanti tokko **mallattoodhaan**

bakka bu'aa biroo qabu ta'uu agarsiisa.

Fkn.- Odaa = mallattoo eenyummaa Oromooti.

-Gugee = mallattoo nagaati.

-Bofa = mallattoo haxxummaati**.**

-Madaallii = mallattoo haqaati.

-H/diimaa = mallattoo qabsooti.

8. **Hinjirree Dubbisuu**: Malli dubbii kun wantoota deebii nuuf deebisuu hin-dandeenyeef akka waan deebii nuuf kennuu danda'aniitti waliin haasa'uudha.

Fkn. Yaa dukkana nana ati faradi.

Yaa dachee nana maaliif Haaceekoo nyaatte?

Bosonni kun dhaga'i, dhaggeeffadu.

Gosoota Af-walaloo

Afwalaloon gosoota adda addaa ofkeessaa qaba. Isaanis: weedduu, sirba, eebba, geerarsa, faaruufi w.k.f.yoo ta'an, kunniin illee birkiilee adda addaa ofjalaa qa-baachuu danda'u. Isaanis, geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, guungummiifi tabaallidha.

A. Afwalaloo Weedduu: Weedduun walaloo aariin guutame ta'ee, namni tokko jaalatee dhabuu yookiin waan barbaade guuttachuufis gufuun adda addaa itti baay'achuu kan danda'u yommuu ta'u, yeroo kana immoo aariidhaan guuta-mee weeddisuun rakkoo xiinsammuu isaa ibsata.

B. Afwalaloo Sirbaa: Walaloon sirba aadaa Oromoo afwalaloo haala sirbaatiin dhihaatu adda addaa ofjalatti hammata.

C. Afwalaloo Eebbaa: Aadaa Uummata Oromoo keessatti eebbiifi abaarsi beekamaadha. Hawaasni Oromoo aadaafi duudhaa qabu kabachiisuufi ama-namummaa waliif qabu ittiin cimsuuf, kan balleessaa raawwate illee ittiin ifachuu akkasumas, kan gaarii hojjate ittiin jajjabeessuuf eebbafi abaarsatti

dhimma baha.

D. **Afwalaloo Geerarsaa:** Afwalaloon geerarsaa hawaasa Oromoo biratti baay'ee jaallatamaafi beekkamaadha. Keessattuu dur yeroo abbootiin gootota ittiin kakaasuuf, faarsuuf, cimsuuf, lugna ittiin qeequufi gootummaa hawaasichaa ittiin eeganii tursiisuuf fayyadamaa turanii jiru.

E. **Afwalaloo Gumgummii:** Gumgummiin rakkoowwan karaa adda addaatiin nama mudatan jalaa miliquufi ilaalcha dhimmicha irratti qaban calaqqisiisuuf bifa ogafaanitiin kan darbu ta'ee, altokko tokko garuu, walaloofi yeedaloodhaan kandhiyaatudha.

F. **Afwalaloo Faaruu Gootaa:**Hayyoonni adda addaa faaruu aadaatiif hiika garaagaraa kennu. Faaruun aadaa kan muuziqaafi haasawaa of keessaa qabuudha. Kana jechuun immoo faaruun aadaa dameewwan afwalaloo kan yeroo dheeraaf jiraatu ta'ee, kan argamu, kan baratamu, kan maatiifi garee hawaasaa murtaa'aa biratti bal'inaan argamuufi beekamudha.

G.Afwalaloo Hurursa Daa'immanii: Adeemsa daa'imman guddisuu keessatti hawaasni afwalaloo ittiin daa'imman sossobanii guddisanitti yeroon dhimma ba'an nimul'ata. Kunis, yeroo daa'imman boo'an yookaan yommuu daa'imman kunniin akka bohaaran barbaadame afwalaloo faaruu kanatti fayyadamanii akka isaan sossobamaniifi bohaaran taasisu.

Malleen Dubbii

Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko ittin nama hubachiisaniidha.

Akaakuu malleen dubbii:Malleen dubbii akaakuu adda addaa qaba.Isaanis:

1.**Akkasaa**:Akkasaan gaalee" akka isaa",jedhurraa ijaarame.Faayidaan isaa ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walcinaa qabuun dhiyeessuun akka salphaatti hubatamu gochuudha.Jechoonni akkasaa keessatti gargaaramnu,**akka,hanga,fakkaata** kan jedhuudha

Fkn.1. Mucaan leenca **fakkaata**

2. Sangaan **akka** fardaa fiiga.

3.Gurbichi **hanga** araba ga'a.

Himoota armaan olii keesatti bifa mucichaa kan leencaatiin,amala sangaa kan fardaatiin, akkasumas guddina gurbaa kan arbaatiin walcinaa qabee jira.Kanaafuu haalaafi amaloota jarreen kanaa haala salphaatti hubachuun nidanda'ama jechuudha

2.**Iddeessaa**:Malli dubbii kun gaalee "**iddoo isaa**" jedhuurraa ijaaramee amala waan tokkoo guutummaan guututti amala waan biraa goonfachiisuun dhiyeessa. Malli dubbii kun **karaa dhokataa** ta'een wantoota dorgomsiisa. Tokkummaan inni akkasaa waliin qabu wantoota dorgomsiisuu yoo ta'u garagarummaan isaanii immoo akkasaan jechoota akka: akka,fakkaataafi hanga jedhu fayyadamuun kan wakdorgomsiisu yoo ta'u iddeessaan garuu dhoksaan dorgomsiisa.

Fkn. 1. Inni leenca.

3.Nameessaa:Akkuma maqaa isaarraa hubannetti nameessaan lubbu qabeeyyii ykn lubbu dhabeeyyii biroo amala namaa goonfachiisuudha.

Fkn.Shanis elmamu shantamnis elmamu koo qiraacitti jette adurreen.

Kan garaa keenyaa malee kan maqaa keenyaa yoom nu dhibe jedhe waraabessi.

Naman ganna baase maaltu addaan baase jette raafuun.

Duuti ija baaftee na laalte.

Dukkanni na liqimsuuf afaan bane.

4.Eemitii: Jechi kun 'eeyyeefi miti' jechoota jedhurraa ijaarame.Kunis faallaa waliiti.Amaluma jechoonni kun dhuunfaan qaban faanaa bu'uun akka wantoonni faallaan lama walfaanaa dubbataman taasisuun itti fayyadamuudha.

Fkn. Firaa'ol kolfaa boo'a.

2.Tulluun qotaa deega.

5. **Habalaka**:Habalakni mala ittiin waan tokko faallaa isaatiin ibsaniidha.

Fkn. 1. Nama gabaabaan ‘birbirsoo’

2. Nama gurraachaan ‘faranjii’.

6**. Arbeessuu**:-Arbeessuun wanta tokko garmalee guddisanii ykn xiqqeessanii dhiyeessuudha.
Fkn. Qallattee lilmoo taate.
2.Awaas guutee sinbirri irra qaxxaamuruu dadhabde

Walqabsiisota

Barreeffama tokko keessatti walqabsiistonni , jechaafi jecha,gaaleefi gaalee,-ciroofi ciroo,himaafi hima walqabsiisuuf tajaajilu.

Gosoota walqabsiisotaa:

Walqabsiistonni bakka gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis:

1.walqabsiistuu **qofgaleessaa(ofdanda’aa)**fi

2. Walqabsiistuu hirkatoodha.

Walqabsiistuu qofgaleessa:warra walqabsiisota muraasa ta’an keessaa muraasni:

Akkasuma	immoo
Moo	ta’llee/illee
yookaan	kanaaf
fi	garuu
malee	kanamalees

Walqbsiisonni qofagaleessa ta’an hima keessatti jechoota ,gaalewwan,himoota sadarkaan isaanii tokko ta’e walqabsiisuuf tajaajilu.
Fkn.Caaltuun hamtuudha.Boontuun **immoo** garalaafettiidha.
Caalaan qormaata darbeera. G**aruu** ,hinqo’atu.
Akaakuu walqabsiisota qofgaleessaa: Walqabsiisota qofgaleessa ta’an tajaajila

isaanirratti hunda'uun bakka afuritti qoonna.

1.walqabsiisota **gichisiistuu**

2.walqabsiisota **filachiistuu**

3. Walqabsiisota **faallessituu**fi

4. walqabsiisota **sababaa**ti.

A.**Walqabsiisota Gichisiistuu**(yaada dabalataa): Qaamota himaa ykn himootaa humnaan walgitan kan walqabsiisanidha.

Fkn. Abbaan Boonaa goota. Ilmi isaanii Tulluunis goota.

Tulluun **akkuma** abbaa isaa goota.

Haluma Kanaan walqabsiisonni akka: dabalees,akkasumas,fi,kanamaleesfi kkf walqabsiisota gichisiistuu ykn yaada dabalataati.

B.**Walqabsiisota Faallessituu**: Walqabsiisonni akkanaa kun yaada dhiyaateen mormii qabatee dhiyaata.

Fkn. Fuulli isaa hinifu**;garuu** garaan isaa bishaani.

Dubbichi na amansiisa;**haata'u malee** dafee mallatteessuu hindanda'u.

Barataan kun ni qo'ata;**ta'us** qabxii gaarii hinarganne.

Akkuma fakkeenya armaan oliitti ilaalle walqabsiistuu faallessituu kan jedhaman: garuu,haa ta'u malee,ta'usfi kkf faa'i.

C.Walqabsiistuu filachiistuu: Walqabsiistuun kun yaada lama ta'ee barreeffam keessatti dhiyaate tokko kan filachiisuudha.Walqabsiistuu filachiistuu jedhamuun kan beekaman: yookiin,kanaa achi,moo, kanas ta'ee sana,har'as ta'e borus, hamaas ta'ee gaarii,firas ta'ee alagaa kkf.

Fkn. 1. Ishee **yookin** isa waami .

2.**Kanas ta'ee sana** mariin gaariidha.

D. **Walqabsiistuu sababaa**:Walqabsiistuun gosa kanaa sababaafi bu'aatti dhiyaatan walitti hidhuuntajaajila. Isaanis:

malee kanaaf kanarraan kan ka'e

erga akkas ta'ee kanaaf jecha, kanaaf malee fi kkf

Fkn. A. **Waan** cimaa ta'eef namni hundi isa jaalata.

B. **Yoo akkas ta'ee** maaliif dhufteree?

2. Walqabsiistuu Hirkattuu

Walqbsiisonni hirkattuu ta'an:

akkuma erga

egaa

otoo yoo

osoo otuu

yemmuu

yammuu

Otoo----- dura/-iyyuu

erga----- booddee/booda

yoo---- malee/illee

hanga – tti waan --- tti

akka – tti fi kkf.

Walqabsiisonni hirkattuu ta'an caaseffama hima xaxamaa keessatti ciroo hirkataafi ciroo of danda'a walqabsiisuuf gargaara.

(B) Kaayyoon shaakala kanaa, barattoonni haala gosoota himaa tajaajila

isaanii irratti hundaa'uun addaan baasaniifi hubannoo akka cimsatan gochuuf waan ta'eef, akka himoota gosa isaaniitiin barreessanii dhiyeessan gochuun sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.

6. Madaallii:

6.1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu:

6.1.1. Shaakala Dhaggeeffachuu

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeeffatamanidha.

Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan

dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha.

6.1.1.1.Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

6.1.1.1.2. Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu ogummaan dhaggeeffachuufi dubbachuu kun shaakala dhaggeefachuun duraa keessatti kan madaalamuudha. Iddoo kanatti barattoonni gareen ta'uun muuxannoo isaanii karaa ittiin gara dhaggeeffachuutti fidduudha.

6.1.1.1.3.Yeroo Dhaggeeffachuu

• Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.

Barreeffama "Faaruu Qotiyyoo" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu.

Barreeffamicha si'a lamaa sadii irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi.

Gilgaala 6 jalatti gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni wanta dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa bira deemanii argatan waliin waan walitti hidhatuuf,

yaada fidan hundaa dareef yaa gabaasan.

Afee/dubbisa "waliin dubbii Barsiistuufi Taliilee" jedhu, yeroo dubbistuuf barattoonni gilgaala kennameef hojjechaa deemuu isaanii mirkaneeffadhu. Barreeffamicha si'a sadii irra deebi'ii dubbisiif. Yeroo kana, baratoonni gilgaala kennameef hojjechuu isaanii to'achuuf akka deebii isaanii dareef dhiyeessan godhi. Gaaffiiwwan jiran muuxannoo barattoonni waan dhaggeeffataniifi muuxannoo hawaasa biraa argatan waliin waan walitti hidhatuuf, yaada fidan hunda dareef haa gabaasan.

6.1.1.1.4.Dhaggeeffachuun Booda

• Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.

• Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.

• Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa

gabbisan shaakalsiisi.

6.2. Dubbisuufi Dhubbachuu:

6.2.1.Dubbisa duraa

Akkuma yeroo dhaggeeffachuun duraa, shaakala dubbisa duraa keessatti barattoonni sodaa tokko malee yaada isaanii akka afaaniin ibsatan jajjabeessi.

Jechoota hubannoo danqan jedhamaniif hiika isaanii tilmaamsisi. Dubbisa mata-duree 'dhiyaateef dubbisanii irraati akka mari'atan godhi.

6.2.2.Yeroo Dubbisuu

Kana keessa barattoonni dandeettii dubbisuu akka horatan waan gochaa jirtuuf seeraan dubbisuu isanii hordofi.

6.2.3.Dubbisa Booda:

Kana jalatti yaanni tokko qofti hinka'u waan ta'eef, yaadolee jiran akka barattoonni calaqqisiisan jajjabeessuu. Yaanni ka'u kun afaaniifi barreeffamaan waan ta'uuf, akka mari'atan taasisi.

6.3. Fayyadama Jechootaa:

Barattoonni hiika dhokataa jechootaa haaraa baratan adda baafachuu isaanii gaafachuun yaada isaanii akka waliif qoodan taasisi.

Silabasii Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Simisteera 1ffaa

Boqonnaa Tokko: Uumama Dinqisiifachuu (wayitii 9)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Yaada namoota biroo dhaggeeffatu.
- Hiikkaa uummamaa ibsu/mari'atu.
- Afee/dubbisa dheeraa dubbisu.
- Haala uumama uumaa gara garaa dinqisiifatu.
- Keeyyata barreessu.

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Yaada namoota biroo miira guutuudhaan dhaggeeffatu • Haalota walfakkaatan keessatti afaan fudhatama qabuufi sirriitti gargaaramu/ dhimma bahu • Sirrummaa dubbisuu isaanii dabalaa adeemuun afee/dubbisa baratamoofi hinbaratamin (haaraa ta'e) babaldhaa suuta suuta dubbisu • Yaadota walfakkaatan sakatta'uun keeyyata tokko barreessu • Hiika jechoota baratamoo kennu • Caasaa bu'uuraa afaan dhalootaa isaanii adda baasu	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Hubannoo/ beekkumsa barattootaa duraan qaban madaaluuf gaaffiilee gaaffachuu. Fkn- waa'ee lagaa maal beektu? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni afee/dubbisa gabaabaa dubbisuun barattoonni afee/dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun yaadannoo qabatu. Fkn- laga abbayyaa **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan dalagu. Afaan madaalawaa/sirrii ta'etti gargaaramuun waa'ee uummama lageenii dinqisiifatu. Waa'ee lagaa hiriyoota isaanii waliin mari'atu Waa'ee mata duree gaaffiilee gara garaa **Dubbisuu duraa:** Hubannoo/ beekkumsa barattootaa duraan qaban madaaluuf gaaffiilee gaaffachuu. Fkn- waa'ee uumamaa maal beektu? **Yeroo Dubbisuu:** barattoonni callisaafi sirrummaan dubbisuu. Barsiisaan fuuldura dhaabbatee gaaffii dhiyeessaaf **Dubbisuu Boodaa:** barattoonni dubbisa hordofuun gaaffiilee hojjatu. (faakkiirratti hundaa'uun) Fakkii waa'ee uumamaa ilaalchisuun/fayyadamuun keeyyata gabaabaa barreessuufi keeyyata barreessan hiriyoota waliin sirreeffatu Jechoota baratamoo adda baasu Barattoonni waa'ee caasaa bu'uura afaan isaanii hiriyoota waliin mari'atu	Afee/dubbisa dhaggeeffachuu ilaalchisuun gaaffii .fkn- abbayyaan eessatti argamaa? Waa'ee uumamaa wanta beekan akka himan gaafachuu. Fkn- Faayidaan laga Abbayyaa maali? Barattoonni jechoota baratamoofi haaraa akka addaan baasanifi dubbisa keessaa gaafachuun yaada isaanii akka walii qoodan taasisi Hima ijoo keeyyataa akka barreessan taasisi Hiika jechoota baratamoo akka kennan gaafadhu Waa'ee bu'uura caasaa afaan isaanii irratti akka mari'atan gaafadhu.

Boqonnaa Lama: Karoora Maatii (wayitii 9)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Miiraan sirritti dhaggeeffatu.
- Hiikkaa karoora maatii irratti mari’atu
- Taatee/ta’ii salphaa tokko seenessu.
- Waa’ee karoora maatii ilaalchisee falmii dhiyeessu.
- Fakkiilee dubbisu.

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaatee sirritti dhaggeeffatu • Tartiibaan ta'ii/taatee salphaa tokkoo seenessu • Fakkiilee dubbisuun ibsu • Barruu odeeffannoo ibsu tokko keeyyata sadiin ijaaru • Caasaa bu'uura afaaniitti gargaaramuudhaan himoota barreessu/ijaaru	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Waa'ee karoora maatii beektu/beektaa? **Yeroo dhaggeeffachuu:** barsiisaan/barattoonni afee/dubbisa dhiyaate ni dubbisu. Barattoonni afee/dubbisa dhiyaate dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu.fkn- maatii **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan dalagu. Tartiiba gochaalee salphaa tokkoo seenessu. Waa'ee karoora maatii/mata duree hiriyoota isaanii waliin mari'atu Waa'ee mata duree gaaffiilee gara garaa **Dubbisuu duraa:** Hubannoo/ beekkumsa barattootaa duraan qaban madaaluuf gaaffiilee gaaffachuu. Fkn- waa'ee karoora maatii maal beekta? **Yeroo Dubbisuu:** Barattoonni fakicha ilaaluun waa'ee fakkichaa ibsu.Barsiisaan gaaffiilee gaaffata. **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni dubbisa hordofuun gaaffiilee hubannoo hojjatu. (faakkiirratti hundaa'uun) Keeyyata odeeffannoo ibsu barreessuuf raga walitti qabatu Mata duree keenname tokkorratti barruu odeeffannoo ibsu keeyyata sadi barreessu. Barruu barreessan hiriyoota waliin sirreeffatu. Jechoota haaraa dubbisa keessaa bahaniif hiikuufi sirreessuu Caasaa afaanii bu'uuraa gargaaramuun himoota sirrii barreessu.	Barsiisaan afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaaterraa gaaffii gaaffachuu. Fkn- karoora maatii jechuun maal jechu? Faayidaan karoora maatii maal akka ta'e barattoota gaafadhu. Ergaa ijoo dubbisaa akka cuunfan barattoota kee gaafadhu. Tokkoo tokkoo keeyyattootaa hima ijoo akka barreessan barsiisaan ni gaafata. Jechoota haaraa muraasa barattoonni akka hiikan barsiisaan ni gaafata Caasaa bu'uuraa afaanii akka ibsanbarsiisaan ni gaafata.

Boqonnaa Sadii: Tola Ooltummaa (wayitii 9)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Dhaggeeffachuun calaqqee dhiyeessu.
- Yaad rime tola ooltummaa ibsu.
- Yaada ijoo afee/dubbisa dhiyaatee xiinxalu.
- Iddoo itti tola ooltummaan barbaachisu adda baasu.
- Afee/dubbisa dhiyaate jechoota baramoo baasu.

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Dhaggeeffachuudhaan calaqqee miira isaanii dhiyeessu. • Hiriyoota isaanii wajjiin waliin dubbii taasisu. • Ergaa ijoo afee/dubbisaa dubbisanii yaadatu. • Dubbisa keessaa jechoota baramoo dubbisanii baasu. • Barruu amansiisaa tokko keeyyata afur qabu barreessu. • Jechoota tishoo adda baasuun ibsu. • Maqaalee qeenxeefi danuu adda baasu.	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Fkn- Tola ooltummaan maali? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni dubbii/haasaa gabaabaa dhiyeessuun barattoonni dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu. **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan dalagu. Walgargaaruun maal akka ta'e ibsu. Dubbii/haasawa waa'ee walgargaarsaa hiriyoota isaanii waliin gaggeessu. **Dubbisuu duraa:** Barattoonni jechoota furtuu akka baasan gaaffachuu. Fkn- Tola ooltummaa. **Yeroo Dubbisuu:** Barattoonni ergaa ijoo dubbisa keessaa ni yaadatu. Barsiisaan gaaffii gaafata. **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni dubbisa hordofuun gaaffiilee hubannoo hojjatu. (Kaartaa addunyaa) Barruu amansiisan keeyyata afur qabu mata duree kenname **'tola ooltummaa'** barreessu. Hiriyoota waliin sirreeffatu. Jechoota tishoo ibsu. Uunka jechoota qeenxeefi danuu adda baasu.	Gaaffilee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan gaafachuu Fkn. Faayidaan walgargaarsaa maali? Faayidaalee walgargaarsaa barattoota gaafachuu Waa'ee dubbisa tola ooltummaa qabxii ijoo isaa barattoonni akka qaaccessan gaafachuu. Hiika jechoota furtuu/afee akka kennan gaafachuu. Tokko tokkoo keeyyattootaa keessaa himoota ijoo adda baasanii akka barreessan gaafachuu. Jechoota tishoo muraasa addaan baasanii akka ibsan gaafachuu. Uunka jechoota maqaa qeenxee ta'aniifi danuu adda baasuu.

Boqonnaa Afur: Seenaa Nama Beekamaa Tokkoo (wayittii 9)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Ibsuudhaaf Dhaggeeffatu.
- Waa’ee/hiika seenaa jireenyaa ibsu.
- Dubbisa/afee kenname keessaa hariiroo sababaafii bu’aa addaan baasu.
- Seenaa jireenyaa nama beekamaa tokkoo barreessu.

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Yaada afee/dubbisaa dhaggeeffatanii dinqisiifatu. • Ajaja gareedhaan kennameef irratti mari'atu. • Jechamoota baramoo addaan baasuun dubbisanii ibsu. • Jechoota ce'umsaa adda baasu. • Sababoota gara garaatiif jechoota walfakkaatanitti gargaaramu. • Gaaleewwan addan baasu.	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Fkn- waa'ee seenaa jireenyaa maali beekta? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni dubbii/haasaa gabaabaa dhiyeessuun barattoonni dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu. Fkn- Nama beekamaa tokko. **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan dalagu. Seenaa jireenyaa barreessuu shaakalu. Qajeelfama kenname irratti gareen mari'atu. Seenaa jireenyaa irratti mari'atu. **Dubbisuu duraa:** Barattoonni jechamoota akka baasan gaaffachuu. Fkn- Afaan ummataa. **Yeroo Dubbisuu:** Barattoonni ergaa ijoo dubbisa keessaa ni yaadatu. Barsiisaan gaaffii gaafata. **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni dubbisa hordofuun gaaffiilee hubannoo hojjatu. Jechamoota baratamoo adda baasuun ibsu. Jechoota ce'umsaa barreessu. Jechoota waliin deeman gargaaramuun yaada isaanii ibsa. Gaaleewwan hima keessaa adda baasu.	Afee/dubbisa dhaggeeffachuun keessaa gaaffii gaaffachuu. Barattoonni waa'ee nama beekamaa tokkoo akka himan/dubbatan taasisuu Tartiiba seenaa jireenyaa barreessuu barattoota gaafachuu. Barattoonni gaaleewwan maqaa akka barreessan barattoota gaaffachuu. Barattoonni jechoota baramaabaratamaa garaagarummaa yaada mataa ufii akka calaqqee dhiyeessan gaafachuu. Waa'ee gaaleewwan maqaa barattoota gaafachu.

Boqonnaa Shan: Bishaaniifi Faayidaa Isaa (wayittii 9)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuu keessaa yaadannoo fudhatu.
- Faayidaa bishaanii ibsu.
- Fedhii isaanii ilaalchisee sirritti of ibsu.
- Dandeettii fayyadama jechootaa ballifatu.
- Gosoota bishaanii tarreessu.

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Afee/dubbisa dhiyaate sirritti dhaggeeffachuun hubatu. • Waa'ee odeeffannoo salphaa gaafatu. • Afee/dubbisa dhiyaate hubataniihariiroo/ sababaafi bu'aa adda baasu. • Barruu seenessaa barreessu. • Hiika kallattii jechootaa addaan baasanii ibsu. • Himoota ceelaa adda baasu.	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Fkn- Faayidaan bishaanii maali? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni dubbisa/afee gabaabaa barattoonni dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu. Fkn- kunuun/fayyadama bishaanii **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan dalagu. Barattoonni faayidaa kunuunsa bishaaniifi odeeffannoo waa'ee gosoota bishaanii(bishaan dhugaatiifi dhugaatii hin taane) argachuuf mari'achuufi gaafachuu.S **Dubbisuu duraa:** waa'ee mata duree hariiroo/walitti dhufeenya sabaafi bu'aa ilaallatu gaafachuu. **Yeroo Dubbisuu:** Barattoonni afee/dubbisa dubbisa dhiyaate dubbisuun hariiroo sababaafi bu'aa adda baafatu.Barsiisaan gaaffii gaafata. **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni gaaffiilee hubannoo dalagu. Hojjachuufi hariiroo sababaafi bu'aa adda baafatu. Mata duree kenname irratti barruu seenessaa barreessu. Hiriyoota isaaniin waliin walii sirreessu. Hiika kallattii jechootaa ibsu. Himoota ceelaa adda baasu	Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaate keessaa barattoota gaaffii gaafachuu. Fkn- Gosootni bishaanii maal fa'a? Odeeffannoo salphaa waa'ee kunuunsa bishaanii ilaalchisee. Afee/dubbisa dhiyaate keessaa waa'ee tarsiimoo bishaan kunuunsuu barattoota gaafachuu. Barattootni barruu seenessaa akka barreessan gaafachuu. Hiika kallattii jechoota muraasaa akka kennaniif/ibsaniif barattoota gaafata. Garaagarummaa himoota ceelaa gaafatuu

Silabasii Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Semisteera 2ffaa

Boqonnaa Jaha: Daddabarsa Dhala Namaa (wayittii 9)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Yaada ijoo Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaatee adda baasu.
- Yaad-rimee daddabarsa dhala namaa ibsu.
- Hiriyoota isaanii wajjiin ofitti amanamummaan dubbatu.
- Gahumsaan dubbisu.
- Dhiibbaa daddabarsa dhala namaa xiinxallu.

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Afee/dubbisaa dhaggeeffachuu yaaduun xiinxalu • Mata duree kennamerratti ofitti amanamummaan hiriyoota isaanii waliin haasa'u • Afee/dubbisa dhiyaate gahumsaan dubbisu • Waa'ee caasaa barruu addeessaa xiinxalu • Hiika dhokataa jechootaa adda baasuun ibsu. • Gosoota himootaa tajaajila isaanii irratti hundaa'uun adda baasu.	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Fkn- Daddabarsa dhala namaa jechuun maal jechu? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni dubbisa/afee gabaabaa barattoonni dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu. Fkn- Miidhaa daddabarsa dhala namaa **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan dalagu. Hiriyoota isaanii waliin ofitti amanamummaan waa'ee miidhaafi faayidaa daddabarsa dhala namaa irratti mariyatu. **Dubbisuu duraa:** waa'ee mata duree gaafachuu. Fkn- waa'ee daddabarsa dhala namaa maal beekta? **Yeroo Dubbisuu:** Barattoonni afee/dubbisa dhiyaatee gahumsaan dubbisu. Barsiisaan gaaffii gaafata. **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni gaaffiilee hubannoo dalagu. Hojjachuu(fakkiin barbaachisa). Waa'ee caasaa barruu addeessaa ilaalchisuun hiriyoota isaanii waliin mariyatuun xiinxallu. Hiika addaa jechootaa ibsu. Gosoota himootaa tajaajila isaanii irratti hundaa'uun adda baasuu.	Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaate keessaa barattoota gaaffii gaafachuu. Fkn- Dhiibbaan dadabarsa dhala namaa irratti fidu maal? Waa'ee dhiibbaa daddabarsa dhala namaa ilaalchisee barattoota gaafachuu. Kutaa dubbisichaa muraasa barattoonni gahumsaan akka dubbisan gaafachuu. Waa'ee daddabarsa dhala namaa ilaalchisee barattoonni barruu addeessaa tokko akka qopheessan gaafachuu. Jechoota hiika addaa qaban akka ibsan barattoota gaafachu. Gosoota himootaa tajaajila irratti hundaa'uun akka addaan baasan barattoota gaafachuu

Boqonnaa Torba: Hariiroo Hawaasaa (wayitii 12)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Sirriitti dhaggeeffatu.
- Faayidaa hariiroo/walitti dhufeenya haawaasaa ibsu.
- Afee/dubbisa mata duree gara garaa uumu.
- Himoota dacha ijaaru.

Gahumsawwan/ogum-maawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Waa'ee afee/dubbisaa odeeffannoo kennu tokko sirritti dhaggeeffatu. • Dhimmoota murataa'an irratti hirooyota isaaniitiin walii galu. • Ibsoota jechamoota waliin deeman dubbisuun fayyadamu. • Dubbisa mata duree gara garaa of keessaa qabu uumu/barreessu. • Jechoota hiika walfakkii isaanii waliin walitti firoomsu. • Himoota tajaajila barreessu.	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Fkn- Hariiroo hawaasaa jechuun maal jechuudha? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni dubbisa/afee gabaabaa barattoonni dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu. Fkn- Hawaasummaa **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan dalagu. Hiriyoota isaanii waliin waa'ee dhimma murtaa'aa tokkoo irratti walii galu.(fkn- barbaachisummaa hariiroo hawaasaa) **Dubbisuu duraa:** waa'ee mata duree fayyadama jechamootaa waliin deemanii ibsu. **Yeroo Dubbisuu:** Barattoonni dubbisa/afee jechamootawalfakkaattanii/waliin deemanii dubbisu. **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni gaaffiilee hubannoo dalagu. Hojjachuu(fakkiin barbaachisa) Waa'ee barbaachisummaa hawaasummaa ilaalchisuu afee/dubbisa mata-duree garaagaraa qabu barreessu. Hiika jechootaa walfakkatanii walitti firoomsu Gosoota himootaa tajaajila isaanii irratti hundaa'uun ijaaru.	Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaate keessaa barattoota gaaffii gaafachuu. Fkn- Barbaachisummaan hawaasummaa maali? Barbaachisummaa hawaasummaa ilaalchisuun barattoonni akka waliigalteerra gahan gaafachuu, Afee/dubbisa irratti hundaa'uun cuunfaa barbaachisummaa hariiroo hawaasummaa jechamoota waliin deemanitti fayyadamuun barattoonni akka ibsan taasisuu Barbaachisummaa hariiroo hawaasummaa ilaalchisee barreeffama akka qopheessan barattoota gaafachuu Jechoota hiika isaanii waliin akka walitti firoomsan barattoota gaafachuu Kutaa himoota tajaajilaa gaafachuu.

Boqonnaa Saddeet: Araada (wayitii 12)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun barreeffama walfakkaatan qopheessu.
- Dhiibbaa araadinni qabu ibsu.
- Yaada ijoo afee/dubbisa dhiyaatee gabaasu.
- Dhaggeeffataa gargaaruuf yaada dubbii dubbataa jiranii qajeelfatu.

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Afee/dubbisa dhaggeeffachuun barreeffama walfakkaatu qopheessu. • Dhaggeeffataa gargaaruuf yaada haasawa isaanii qajeelfatu. • Yaada ijoo afee/dubbisaa dubbisuun afaaniin gabaasu. • Barreeffama keessatti sirna tuqaaleetti gargaaramu. • Hiika galumsa jechoota walfakkaatanii ibsu. • Himoota dacha ijaaru.	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Fkn- Araadinni maali? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni dubbisa/afee gabaabaa barattoonni dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu. Fkn- Tamboo xuuxuu **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan dalagu (afee/dubbisa walfakkaatu qopheessuu) Dhaggeeffataa deeggaruuf yaada haasawa isaanii keessa deebi'uu (miidhaa tamboo xuuxuu) **Dubbisuu duraa:** waa'ee mata duree gaaffii gaaffachuu. Fkn- waa'ee araadaa maal beektu? **Yeroo Dubbisuu:** Barattoonni afee/dubbisa dhiyaatee gahumsaan dubbisun afaaniin gabaasu. Barsiisaan gaaffii gaafata **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni gaaffiilee hubannoo dalagu. Hojjachuu (fakkiin barbaachisa) Sirna tuqaaleetti gargaaramuun barreessu. Hiika galumsa jechootaa walfaana deemanii kenna. Seera afaanichaa eeguun/fayyadamuun himoota dacha barreessu.	Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaate keessaa barattoota gaaffii gaafachuu. FknDhiibbaan araadaa maali? Barattoonni haasawa/dubbii isaanii akka qaqqajeelfatan taasisi. Waa'ee dhiibbaa araadaa barattoonni afaaniin akka gabaasan taasisi. Sirna tuqqaaleetti akkamitti akka gargaaraman taasisi. Jechoota waliin deemaniif hiika galumsaa akka ibsan barattoota gaafadhu. Himoota dachaa akka sirreessan barattoota kee gaafadhu.

Gahumsawwan/ogummaawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Afee/dubbisa dhaggeeffachuun barreeffama walfakkaatu qopheessu. • Dhaggeeffataa gargaaruuf yaada haasawa isaanii qajeelfatu. • Yaada ijoo afee/dubbisaa dubbisuun afaaniin gabaasu. • Barreeffama keessatti sirna tuqaaleetti gargaaramu. • Hiika galumsa jechoota walfakkaatanii ibsu. • Himoota dacha ijaaru.	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Fkn- Araadinni maali? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni dubbisa/afee gabaabaa barattoonni dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu. Fkn- Tamboo xuuxuu **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan dalagu (afee/dubbisa walfakkaatu qopheessuu) Dhaggeeffataa deeggaruuf yaada haasawa isaanii keessa deebi'uu (miidhaa tamboo xuuxuu) **Dubbisuu duraa:** waa'ee mata duree gaaffii gaaffachuu. Fkn- waa'ee araadaa maal beektu? **Yeroo Dubbisuu:** Barattoonni afee/dubbisa dhiyaatee gahumsaan dubbisun afaaniin gabaasu. Barsiisaan gaaffii gaafata **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni gaaffiilee hubannoo dalagu. Hojjachuu (fakkiin barbaachisa) Sirna tuqaaleetti gargaaramuun barreessu. Hiika galumsa jechootaa walfaana deemanii kenna. Seera afaanichaa eeguun/fayyadamuun himoota dacha barreessu.	Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaate keessaa barattoota gaaffii gaafachuu. FknDhiibbaan araadaa maali? Barattoonni haasawa/dubbii isaanii akka qaqqajeelfatan taasisi. Waa'ee dhiibbaa araadaa barattoonni afaaniin akka gabaasan taasisi. Sirna tuqqaaleetti akkamitti akka gargaaraman taasisi. Jechoota waliin deemaniif hiika galumsaa akka ibsan barattoota gaafadhu. Himoota dachaa akka sirreessan barattoota kee gaafadhu.

Boqonnaa Sagal: Jaalala Biyyaa (wayitii 12)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuun haala qabatama jireenya isaaniitiin walqabsiisu.
- Yaadrimee jaalala biyyaa ibsu.
- Dubbisa saffisaan/odeeffannoo murtaa'eef dubbisu.
- Gootota dinqisiifat.
- Hiika mataa isaanii ibsuufi wantoota muldhatanitti gargaaramu.

Gahumsawwan/ogum-maawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Afee/dubbisa dhiyaate dahggeeffachuun haala qabatama isaaniitiin walitti fidu. • Kanneen biro wajjiin qabiyyee kenname tokkorratti waliif galu. • Yaada murtaa'aa ta'e argachuun muldhisu. • Ergaa fakkiiwwanii barreessu. • Jechoota baramoo hin taaneef hiika galumsaa kennu. • Himoota xaxamoo barreessu.	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Fkn-Jaalalli biyyaa maali? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni dubbisa/afee gabaabaa barattoonni dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu. Fkn- Injifanno Adwaa **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan walfakkaatu dalagu (afee/dubbisa walfakkaatu qopheessuu) Waa'ee jaalala biyyaa ilaalchisuun mata-duree tokkorratti marii'achuufi waliigalteerra gahuu. **Dubbisuu duraa:** waa'ee mata duree gaaffii gaaffachuu. Fkn- Waa'ee jaalala biyyaa maal beekta? **Yeroo Dubbisuu:** Barattoonni afee/dubbisa dhiyaatee hundaahuun odeeffannoo mrtaa'e dubbisu. Barsiisaan gaaffii gaafata. **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni gaaffiilee hubannoo dalagu. Hojjachuu (fakkiin barbaachisa) Injifannoo Adwaa ilaalchisee waa'ee fakkii ilaalanii barreessun dhiyeessu. Ibsa fakkii barreessanii hiriyoota waliin walii sirreessu. Hiika jechoota baratamoo hin taanee galumsarra kennu. Seera afaaniitti gargaaramuun himoota xaxamoo ijaaru.	Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaate keessaa barattoota gaaffii gaafachuu. Fkn- Barbaachisummaan jaalala biyyaa maali? Waa'ee jaalala biyyaa irratti akka waliigalan barattoota gaafachuu. Fkn- Injifannoo Adwaa. Barattoonni dubbisa jaalala biyyaa jedhu saffisaan akka dubbisan gochuu. Ibsa waa'ee jaalala biyyaa barreessisiisuu. Hiika jechootaa baratamoo hintaanee galumsa irraa akka ibsan barattoota gaafachuu. Barattoonni himoota xaxamaa ijaaran akka waliif sirreessan taasisuu.

Boqonnaa Kudhan : Af -Wolaloo (wayitii 12)

Qabiyyee kanaan booda barattoonni:

- Afee/dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun hiikkatu.
- Yaadrimee Af-walaloo ibsu.
- Gosoota Af walaloo addeessu.
- Walaloo ibsa sirriidhaan dubbisu.

Gahumsawwan/ogum-maawwan	Qabiyyeewwan	Tarsiimolee barachuufii meeshaalee	Madaallii
Barattoonni barnoota kanaan booda • Afee/dubbisa dhiyaate dahggeeffachuun ergaa isaa hiiku. • Af walaloo walfakkaatu himu. • Walaloo ibsa sirriidhaan dubbisu. • Af walaloo walfakkaatu barreessu • Jechoota malleen dubbii ibsu • Walqabsiistota barreeffama keessatti gargaaramu •	**Dhaggeeffachu:** **Dubbachuu:** **Dubbisuu:** **Barreessuu:** **Fayyadama jechootaa :** **Seerluga:**	**Dhaggeeffachuun duraa:** Gaaffiilee gaaffachuun hubannoo beekumsa duraanii barattootaa kakaasi. Fkn- Af-walaloon maali? **Yeroo dhaggeeffachuu:** Barsiisaan/barattoonni dubbisa/ afee gabaabaa barattoonni dhaggeeffatanii yaadannoo qabatu. Fkn- Walaloo gabaabaa **Dhaggeeffachuu Boodaa:** Gochaalee afee dhaggeeffachuu keessaa bahan walfakkaatu dalagu (afee/dubbisa walfakkaatu qopheessuu) Dhaggeeffachuudhaan af-walaloo walfakkaatu dhiyeessu. **Dubbisuu duraa:** waa'ee mata duree gaaffii gaaffachuu. Fkn- Waa'ee af-walaloo maal beekta? Yeroo Dubbisuu: Walaloo ibsa sirriin dubbisuun .Barsiisaan barattoota fuuldura dhaabbachuun gaaffilee dhiyeessaaf **Dubbisuu Boodaa:** Barattoonni gaaffiilee hubannoo dalagu. Hojjachuu (Af-walaloowwan dubbisuuf barbaachisu) Af-walaloowwan walfakkaatan barreessu. Hiriyyota wajjiin waa'ee af-walaloo yaada waljijjiiru. Jechoota malleen/qola dubbii qaban addeessu/ibsu. Walqabsiistotatti gargaaramanii himoota dachaa ijaaru.	Afee/dubbisa dhaggeeffachuu dhiyaate keessaa barattoota gaaffii gaafachuu. Fkn- Ergaan af-walaloo dhiyaatee maali? Af-walaloowwan walfakkaatan akka himan gaafachuu. Barattoonni af-walaloo barreessaan a akka dubbisan gaafachuu. Barattoonni af-walaloo akka baaa gaafachuu Barattoonni jechoota/ qola dubbii qaban akka ibsan gaafachuu. Dubbisa/afee keessaa walqabsiistota akka addaan baasan gaafachuu.